
# Maanuwaalii Leenjii

## Ijaarsa Nageenyaa



## Itiyoophiyaa

Dizzaayinii kitaabichaa: Taaddasaa Dinquu

## Seensa

Maanuwaaliin leenjii ijaarsa nageenyaa kun maxxansa Mala Barnoota Jijjiirama Ijaarsa Nageenyaa Dhaabbata Barnootaa, Saayinsiifi Aadaa Mootummoota Gamtoomaniitti, Inistiitiyuutii Idl-Addunyaa Ijaarsa Dandeettii Afrikaa (IICBA) bara 2009/2017 maxxansamee ture irraa madaqfamee kan qophaa'eedha. Kunis, Pirojeektii waloo qaama deeggarsa bulchiinsa hammataafi hoggansa to'annaa waldhabdee Sagantaa Misooma Mootummoota Gamtoomanii (UNDP), Dhaabbata Dhimma Godaansaa Idl-Addunyaa (IOM)fi Dhaabbata Dubartootaa Mootummoota Gamtoomanii gidduutti gaggeeffamu ta'ee, deeggarsa maallaqaa Ijaarsa Nageenyaa Motummoota Gamtoomaniin utubamudha.

Maanuwaaliin bara 2009/2017 qophaa'eefi qaama Pirojeektii UNESCO IICB'-tti "Maanuwaalii Leenjii Barsiisotaafi Guddina Ijaarsa Nageenyaa Biyyoota Gaanfa Afirikaafi Naannoo Ishee" jedhuun moggaafame kun, Mootummaa Jaappaaniin deeggaramaa ture. Haaluma kanaan, barsiisota 6,500 (kuma jahaafi dhibba Shan) biyyoota akka: Ertiraa, Itoophiyaa, Keeniyaa, Somaaliyaa, Sudaan Kibbaafi Ugaandaa keessatti ittiin leenjisuun danda'amee jira. Itoophiyaa keessatti, kolleejjiiwwan barnootaa barsiisotaa 31 keessatti barsiisota ittiin leenjisuun dada'amee jira.

Jijjiirama jiru waliin akka walsimuu danda'utti, maanuwaalii kana haala qabatamaa naannoleetti irra deebi'uun fooyyessuufi madaqsuun gara afaan naannoleetti jijjiiruun faayidaa akka qabus hubatameera.

Maanuwaaliin bara 2009/2017 qophaa'ee hojiirra ture kun, dandeettii barsiisotaa ijaaruuf qofa kan yaadame yommuu ta'u, jildiin madaqfameefi fooyya'e kun ammoo, kaayyoo isaa bal'isuun akkaataa barnoota nageenyaa babal'isuu danda'an irratti dandeettii dhimmamtoota cimsuuf kan yaadameedha.

Maanuwaaliin fooyya'e kun, Itiyoophiyaa keessatti xiinxala waldhabdee hiikuu nidhiyeessa. Akkasumas, shoora sirni safuufi dubartoonni nageenyaafi tasgabbii keessatti qaban niqorata; yaadrimee mala baruu-barsiisuu jijjiirama ijaarsa nageenyaa jedhu kaa'uufi maloota iyyaafannoo qabatamaa hubannoo dandeettiiwwan beekumsa ijaarsa nageenyaa dhiyeessa. Kana malees, hirmaattonniifi fayyadamtoonni maanuwaalichaa gulantaa garaagaraa keessa jiran, gochaalee hirmaachisoo daree keessaafi alatti ga'umsa ijaarsa nageenyaa akka gabbifatan gargaaruuf kan bocameedha. Kanaafuu, hirmaattonni umrii kamiyyuu keessa jiran ga'umsa gadi-fageenyaan yaaduufi kalaqummaa akka horataniif gumaachi taasisu olaanaadha.

Kaayyoon maanuwaalii leenjii kanaa, fayyadamtootni haala mijeessitoota amala gaariin ofkennanii, beekumsa, dandeettiifi dhimmamummaa olaanaan namoonni biroonis humna guutuu argatanii ijaarsa nageenyaa keessatti gahee isaanii akka bahatan dandeessisuudha.

# Galata

Maanuwaalii leenjii kana maanuwaalii leenjii Mala Barnoota Jijjiirama Ijaarsa Nageenyaa Afaan Ingiliziin qophaa'ee fooyyessuun kan qopheessan yunivarsiitii Finfineetti qindeessituu instiitiyuutii qorannoo nageenyaafi tasgabbii Tigisti Yeshiwaas Engidaaw (PhD) galanni keenya guddaadha. Maanuwaaliicha glaaluun kan sirreessan, gorsituun UNESCO-IICBA, Aadde Beth Roseman deeggarsa teekinikaa taasisaniif galata qabu.  Qophii kana keessatti, deeggarsiifi hordoffii Daayireekteerri UNESCO-IICBA, Yumiko Yokozeki (PhD), olaanaa ture. Bifa walfakaatuun, milkaa'ina qophii kanaatiif gumaacha qondaaltuun Piroojektii UNESCO-IICBA, Aadde Iy-yesrusaalem Azmeraawufi waahillan isaanii guddaa waan ta'eef galata qabu.

Kana malees, qophii maanuwaalii kanaaf duubdeebii barbaachisaa kennuun gabbisuufi akka milkaa'u gochuu keessatti Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa, Biiroolee Barnootaa Naannoolee: Oromiyaa, Sumaalee, Sabootaafi uummatoota Kibbaa hirmaannaa olaanaa waan qabaniif galata guddaa qabu.

Bifa walfakkaatuun, maanuwaalicha dhamaatii guddaadhaan gabbisuufi madaqsuun Afaan Oromootti kan hiikuun maxxansaaf kan dhaqabsiisan:

Obbo Darajjee Mokonnin Dheeressaa (BBO), Obbo Baqqalaa Qana'aa (BBO)fi

Dr. Fiqaaduu Qana'aa (Yuunivarsiistii Arsii) galata dachaa qabu. Kana malees, saxaxaafi giraaf-iksii isaa kan hojjete ogeessi giraafiksii Obbo Taaddasaa Dinquu (KBB Asallaa) galata qaba.

## Baafata Qanbiyyeewwanii


Seensa ... ii

Galata ... iii

**BOQONNAA 1: Waldhabdee ... 5**

1.1 Maalummaa Waldhabdee ... 5

1.2 Haala Waldhabdee ... 5

1.3 Xiinxala Waldhabdee ... 5

1.4 Waldhabdee Maappiidhaan Agarsiisuu ... 6

1.5. Lola kaallattii, Lola Caaseffamaafi Lola Aadawaa ... 8

1.6. Amala Jijjiiramaa Waldhabdee ... 10

1.7 Tooftaalee Waldhabdee Ittiin Furan ... 12

1.8. Wadhabdee Ittisuufi Hiikuu Keessatti Gahee Qaamolee Garaagaraa ... 13

**BOQONNAA 2: Ijaarsa Nageenyaa ... 18**

2.1 Ijaarsa Nageenyaafi Barnoota Nageenyaa Walitti Fiduu ... 18

2.2 Qajeeltoowwaniifi Hammattoowwan Ijaarsa Nageenyaa ... 18

2.3 Ijaarsa Aadaa Nageenyaa ... 20

2.4 Eenyummaa, Garaagarummaafi Ijaarsa Nageenyaa ... 21

**BOQONNAA 3: Amaloota Gaarii Jajjabeessuu ... 25**

3.1 Barnoota Nageenyaafi Naamusaa ... 25

3.2 Dhiyeessa Barnoota Nageenyaa Mirga Namoomaa Bu'uureffate ... 26

3.3. Barnoota Nageenyaan Naamusa Gaarii Jajjabeessuu ... 28

**BOQONNAA 4: Ga'umsa Qaamolee Nageenya Ijaaranii Cimsuu ... 30**

4.1 Of beekuu ... 30

4.2 Dandeettiiwwan waliin dubbii ... 31

4.3 Dandeettiiwwan Dhaggeeffachuu ... 31

4.4 Dandeettii Walta'insa Aad-daneessummaa Itoophiyaa ... 33

4.5 Fakkeenyummaa Uumamni Ijaarsa Nageenyaaf Qabu ... 34

4.6. Dandeettii gadi fageenyaan yaaduu ... 35

4.7. Ogummaa Jaarsummaa ... 38

4.8 Dandeettiiwwan Mareen Waliigaluu ... 39

4.9 . Garaagarummaa Hubachuufi Keessummeessuu ... 40

4.10. Duudhaalee Ijaarsa Nageenyaa Cimsan ... 41

4.11. Waltumsuufi walii hojjechuu ... 43

**BOQONNAA 5: Dubartoota, Nageenyaafi Tasgabbii ... 44**

5.1. Seensa ... 44

5.2 Idileesa Koornayaa ... 46

5.4 Buqqaatii Biyya Keessaa Dubartootaafi Daa'immanii (IDPs) ... 54

**BOQONNAA 6: Maloota Baruu-Barsiisuu Ijoo Barnoota Ijaarsa Nageenyaa ... 57**

6.1: Mala Baruu-barsiisuu Jijjiirama Amalaa Fidu ... 57

6.2 Haala Naannoo Hubachuufi Deebii Kennuu ..... 58
6.3 Haala Naannoo Barnootaa Mijataa ..... 58
6.4 Adeemsa Barnootaa Hirmaannaafi Walgargaarsa Mirkaneessu ..... 60
6.6 Mala Hunda Galeessummaa ..... 65
BOQONNAA 7: Barnoota Ijaarsa Hojiirra Oolchuu ..... Error! Bookmark not defined.
7.1 Qaama Jijjiiramaa Ta'uu ..... 67
7.2. Dhiyaannaa Barnoota Nageenyaa Hundagaleessa ..... 68
7.3 Sadarkaalee Hirmaannaa ..... 69
7.4. Tartiiba Qabatamaa Barsiisonni ittiin Pirojeektota Fedhii Barattootaa Xiyyeeffatan Deeggaran ..... 71
7.5 Ijaarsa Nageenyaa Keessatti Gahee Dargaggootaa ..... 72
7.6 Hubannaa Uumuu karaa Ayyaaneffannaafi Agarsiisaa ..... 73
7.6. Hoji Uumtummaa Dargaggootaan Durfamu ..... 73
BOQONNAA 8: Madaallii Beekumsaafi Dandeettiwwan Ijaarsa Nageenyaa ..... 75
8.1 Madaalliin Maaliif Barbaachise? ..... 75
8.2 Karaalee Barnoonni Nageenyaa Ittiin Baratamu ..... 75
8.3 Faayidaa Iyyaafannoo ..... 76
8.4 Madaalliin Yeroo Akkamii Geeggaffama ..... 77
8.5 Qabxiilee Ijoo Beekumsiifi Dandeettiiwwan Barnoota Ijaarsa Nagayaa Ittiin Sakatta'amu ..... 78
BOQONNAA 9: Gochoota ..... 78

## Jechibsoo

**Waldhabdee:** waldhabdeen amala qabatamaa yookiin fedhii namoonni dhuunfaafi gareen fedhii ofii guuttachuuf warraaqan irraa madda. Amala hunda-galeessummaa qabu tahee kan haala naannoo, ilaalcha, amalafi dhiibbaa garaagaraan keessa seenamudha (Galtung, 1969).

**Xiinxala Waldhabdee:** xiinxalli waldhabdee gocha ittiin qaamota dura deemtota waldhabdee adda baasaniifi sadarkeessan, hundee dubbii, giddu-galeessummaa haala naannoo, dhimmota, hariirowwan bulchiinsaa, caasaaleefi tuqattoota isaa ittiin addaan baasanidha.

**Waldhabdee To'achuu***:* Jaarsummaan babal'inafi dhiibbaa waldhabdee geessisu to'achuuf jaarsummaan murteessaadha. Keessumattuu Lola, waldhabee geeggaffamaa jiru qab-baneessuuf tattaaffiin taasifamu hojii ariitii yookiin adeemsa qindaa'aa gaafata (Miller, 2005, p. 23).

**Waldabdee Ittisuu:** Waldhabdee akka tasaa uumame tokko akka gara jeequmsaafi hookkaraatti hin babal'isneef dhorkuudha. Dabalataanis, waldhabdichi dogoggoraan uume irra deebiin uumamee jeequmsa akka hin babal'isneefi rakkoo biraa akka hin uumneef sirreessuu, dursanii itti yaaduudha. Jechi 'waldhabdee ittisuu' jedhu dogoggora hubatamuu danda'a. Sababni isaa yaadiddamni ittiin rakkoon hiikamu tooftaalee olitti ibsaman caalu hinjiru eaan taheef. Kana irra, kaayyoon isaa yeroo hunda battalatti waldhabdee hiikuu yookiin caalaatti immoo waldhabdeen yookiin jeequmsi akka hin babal'anne ittisuudha (Miller, 2005, f. 24).

**Waldhabdee Hiikuu***:* Yaaxinoota yaada ijaarsaa garaagaraa rakkoolee furuu xiyyeeffataniifi karaa bulchiinsaafi waldhabdeerratti jijjiirama amalaa fidan baayyeetu jira. "Waldhabdee hiikuun adeemsa, bu'aaleefi gosa barnootaa addaan hinbaane fakkaata. Garuu, kan namni dhuufaa hanga hawaasaatti osoo maqaa isaa hindhawiin guyyuun keessatti qooda fudhataa ooluudha" (Miller, 2005, f. 25).

**Haala Waldhabdee Jijjiiruu:** waldhabdee jijjiiruuf, jijjiiramni nama dhuunfaafi hundaa, waliin tahuun murteessaadha. Haala waliigalaa yookiin haalota caasessuu, miira morkii gaarii, dhimmoota gaabbii fidan, adeemsaafi tarkaanfilee ittiin haala ulfaataa hogganan jijjiiruun murteessaadha; yookiin caasaalee wantoota armaan olii irratti dhiibbaa uuman qaamonni keessatti hirmaatan maloota haaraa haalota ittiin fooyyessan hojiitti hiikuuf imaammata isaanii duraanii walitti bu'iinsa ittiin furan yookiin achi ofirraa qolatan jijjiiruu barbaachisa" (Miller, 2005, ff. 26-27).

**Waldhabdee Moodeleessuu:** Agarsiistuun waldhabdee tooftaa ittiin waldhabdee yaadaafi fakkiin bakka buusuun agarsiisuutti (UNESCO IICBA, 2017).

**Barsiisa Ijaarsaa:** Akka amantaa mala kanaatti, barachuun hirmaannaa ho'aa barattootaarraa madda. Callisanii odeeffannoo fudhachuu irra barattoonni odeeffannoo argatanitti hiika kennaa beekumsa ijaarrataa deemu (UNESCO IICBA, 2017).

**Aadaa Nageenyaa:** Aadaan nageenyaa "…duudhaalee, ilaalchotaafi amaloota walitti-dhufeenya gaarii hawaasaa calaqqisiisani. Akkasumas, imaammatawwan bilisummaa, haqummaa, dimokiraasiifi mirgoota namummaa keessaa: waldanda'uu, hafuura tokkummaa horachuu, adeemsa waliin dubbiitiin jeequmsa ittisuu, hundee waldhabdee adda baasuun furuufaati. Haala waliigalaan adeemsa guddina hawaasaa keessatti kabaja mirgoota namoomaaf wabii ta'u ofkeessaa kan qabudha" (United Nations General Assembly, 1998, f.1).

**Naamusa:** Naamusni damee falaasamaa isa ijooti. Naamusni kan duudhaaleefi sonaalee namaa yookiin garee qo'atudha. Dabalataanis, yaadota dogoggoraafi sirrii tahan, gaariifi badaa, xiinxaluuf itti gaafatamummaa qaba. Naamusni, amantii, yaadolee, yaadiddamootafi gaaffilee murteessoof duubdeebii kennuuf yoomessa kan mijeessudha (Arigatou International, 2008).

**Koornayaa:** Koornayaan itti gaafatamummaa dhiiraafi dubartiin maatii, uummatafi aadaa keenya keessatti qaban ilaallata. Dabalataanis, yaanni koornayaa jedhu amala, ilaalchafi qorqalbii dhiirriifi dubartiirraa eegamudha (dhiirummaafi dubartummaa) ilaalta (UNESCO, 2003).

**Idileessa Koornayaa:…**" tooftaa addunyaawaa ittiin walqixxummaa dubartootaa mirkaneessaniifi aanjessaniidha" (United Nations Economic and Social Council, 2010, p. 1). Akka UN Women (2019) ibsutti, qabiyyee murtaa'aa, mala sirnaawaa akkasumas, adeemsafi tooftaa kaayyoo sana galmaan gahuuf madaqfamudha. Walqixxummaan dubartootaa xiyyeeffannoon isaa, dhaabbatawwan loogiin daangeffaman jijjiiruu, seerota, safuuwwan aadaafi barsiifataalee hawaasaa, kanneen dubartoota sochiwwan aadda addaarraa daangessaniifi fuuldura hawaasaatti akka hinbaaneef dhiiban jijjiiruudha.

**Dhiyaannaa Mirga Namoomaa Bu'uureffate:** Dhiyaannaan mirga namoomaa bu'uureffate, dayeessa (conceptual framework) idilaawaafi ulaagaa mirga namoomaa addunyaa xiyyeeffatudha. Mirgaafi namoomaa kan beeksisuufi tiksudha (OHCHR, 2017). Kaayyoon dhiyaatina mirga namoomaa bu'uureffate kanaa, barnoota keessatti daa'imman mirga barnoota qulqullina qabu argachuu gabbisuufi eenyummaa isaanii akka shaakalaniif sagalee kan tahudha (UNESCO/UNICEF, 2007). Erga labsiin mirga namoomaa addunyaa bara 1948 madaqfamee kaasee, mirgi barachuu haala idilee taheen kan hubatamedha. Dhaabbanni The United Nations Convention on the Rights of the Child (1989) jedhamu yaada miga barachuu jedhu kana daran jabeessuufi babal'isuu danda'eera.

Aadaa waliinii: Aadaan waliinii gareewwan aadaa qaban gidduutti walitti dhufeenya godhamudha. UNESCO (2006) akka hiika itti kennutti 'jiraachuu walitti dhufeenya walqixaa

aadaa garaa garaa keessattii fi adeemsa walin dubbii fi wal kabajuu keessa carraa aadaa waliinii uummachuuti' (fuula 17).

**Aad-Daneessa:** Jechi aadaa hedduu, uumama hawaasa aadaadhaan garaagara ta'e kan ibsudha. Wantoota aadaa naamusaa yookiin biyyoolessaa qofa ibsa miti; garaagarummaa afaanii, amantiifi aad-hawaasummaas of keessatti qabata (UNESCO IICBA, 2017).

**Ijaarsa Nageenyaa:** Ijaarsi nageenyaa shaakalaafi adeemsa walitti dhufeenya haaraa ijaaruu yookiin ijaarsa jiru cimsuu yookiin isa jiru irraa gara isa gaariitti jijjiiruuti. Adeemsi haaraa ijaaruu yookiin isa jiru cimsuu kun dhimmoota haqummaafi mirgoota namoomaa haalaan lafa kaa'a (UNESCO IICBA, 2017).

**Barnoota Nageenyaa:** Barnoonni nageenyaa adeemsaafi gochaalee/shaakaloota ittiin ogummaawwan hookar-maleessa ittiin gabbifannudha. Dabalataanis, tooftaa ittiin ilaalchawwan qajeeloo gabbifannu, rakkoolee nageenya gaaga'an ittiin barannudha (UNESCO IICBA, 2017).

**Araara:** "Adeemsa waan ulfaataa tokko jijjiiruu yookiin qaamota garaagaraa waldhabdeen wal lolan walitti fiduun tokko gochuu yookiin walitti bu'iinsa hiikuun gochaa gaarii hin taane kanaan duraa akka waliif dhiisuun araaraman gochuuti" (Miller, 2003, fuula 66).

**Haqa deebisuu:** Adabbii sirrii miidhaa raawwatame suphuu, madaa miidhamaa fayyisuu, waan miidhamaan barbaadu gochuufi, himatamaa gocha isaaf/isheef to'achuu irratti xiyyeeffatee taasifamudha. Mala madaalamaa ittiin hariiroowwan gaarii diinotaa duraan turetti deebisaniifi dogoggora darbe irraa barnoota ittiin argatanidha. Yaadrimee murtee kennuu irraa gargari. Haqa deebisuun hariiroowwan ijaaruufi jijjiiruu irratti xiyyeeffata, murtee kennuun garuu yakka itti muruun adabuu irratti xiyyeeffata (UNESCO IICBA, 2017).

**Mala Barsiisa Jijjiirama Amalaa Fidu:** Malli jijjiirama amalaa fudu kun, dhiyeessa barnootaa ammayyaa'aa tahee, barattoonni akka haala naannoo, amantaa, duudhaalee, sonaalee, beekumsaafi ilaalcha isaanii gadi-fageenyaan xiinxalan ga'oomsuudha. Barattoonni akka of ibsan, garaagarummaa dinqisiifatanifi gadi-fageenyaan yaaduu horataniif carraa kenna. Malli kun, barnoonni sammuutti guuruu irra darbee gochaafi qalbii walitti hidhuu, beekumsa, ilaalchaafi dandeettiiwwan jijjiiruuf bu'aa qaba.

**Dhiyaannaa Hunda-galeessa:** Dhiyaannaa hunda-galeessa kan jennu wantoota barattoonni, hojjettoonni mana barumsichaa fi hawaasni bal'aan barbaadu lafa kaa'a, kunis imaammata barnootaa keesatti qofa utuu hin taane guutummaa mana barumsaa keessaafi dirreewwan barnootaa irraati. Innis gocha walitti dabalamiinsaaniifi gamtaan mana barumsaa kessattiifi hawaasa mana barnootaa gidduutti barnoota, amalaafi nageenya barataa cimsuuf taasifamudha (UNESCO-IBE, 2017).

**Lola:** Kallattiidhaan gaafa ilaallu, finxaalessummaan ilaalcha “amantaafi yaada namoonni sirri-idha yookiin amansiisaadha jedhan irraa baay’ee fagaateetti akka amanan dirqisiisuu jechuudha”. Kanaafuu, ilaalchotaafi amaloota badaa duudhaan ala ta’an argisiisa. Hiikni jechaa bu’uuraa kun haala wal dhaalmaa uumamaan jechootni qaban, qaama duudhaaf hiika kennuufi maaltu fudhatama akka qabuufi hinqabne murteessu sana irratti hundaa’uun hiika garaagaraa ifoomsa (UNESCO, 2017 irraa fooyya’e).

# Seensa

**Haala Qabatamaa Jiru Fudhatanii Waliin Jiraachuu Barachuu**

Bara 2010 irraa eegalee Itoophiyaa keessatti warraaqsa ummataan jijjiiramni mootummaa yoo dhufellee, qormaatileefi rakkoolee ciccimoo, waldhabdeefi jeequmsi babal'achaa dhufee jira.

Dhabiinsa qabeenya uumamaa muraasa, kanneen akka: lafa qotiinsaa, lafa qonnaa itti dhimma hinbahamiin yookiin lafa margaafi obaa bishaanii faana walqabatee waldhabdeen ni'uumama. Kaan ammoo, miira jibbiinsaafi komiiwwan walqixa tajaajila argachuu dhabuurraan maddu. Lolli tarii eenyummaa, cafaqanii tokkoomsuu yaaluu ofirraa dhiibuurraa madduu danda'a. Dabalataanis, yaadotni eenyummaa qofa leellisuufi biyyaalessummaa qofa fiixee lamaaniin akka malee leellisuun akka malee yoo cimu, walitti dhiyaatanii walhubachuuf carraaqqiin taasifamu laafuu iraas madduu danda'a. Dabalataan, dinagdee, hawaasummaa, siyaasafi miidiyaalee hawaasummaa rakkoolee waldhabdee babal'isan isaan ijoodha. Itoophiyaa keessatti sababni ijoon waldhabdee kanaaf nama saxilu iyyummaadha.

Hiyyummaa, waldhabiinsafi ajjeechaa jalaa ba'uuf, lammiileen Itiyoophiyaa koolu galtummaafi godaansaan daangaalee ce'anii jiru; akkasumas biyyuma isaanii keessatti iddoo jireenya isaanii irraa buqqa'anii jiru. Kanneen biyyuma isaanii keessatti iddoo jireenyaa irraa buqqa'anii jiran guutuu biyyaa keessa jiru. Garuu, irra caalaatti naannolee afran Sabaafi sab-lammoota Kibbaa, Oromiyaa, Amaaraafi Sumaalee keessatti baay'atu. Akka haala qabatamaa Itiyoophiyaa keessa jiru irraa arguun danda'amutti, hunduu haala isaaf mijatu uummachuuf, seeraan geeggaffamuu dhabuufi fedhii aangoof bololuu irraa kan ka'e, naannoolee gidduutti diddaaleefi walitti bu'iinsi jabaatee jira.

Tooftaan filatamaa ittiin maraammartoo waldhabdee naanna'ee deddeebi'u kana keessaa bahamu, uummanni haala ittiin waliin jiraachuun danda'amurratti barnoota fudhachuufi adda addummaafi garaagarummaan miidhagina akka tahe hubachuu feesisa. Egaa bakka kanatti barnoonni ijaarsa nageenyaa kan barbaachiseef. Kunis waldhabiinsa walitti-fufiinsaan furuuf ciicata gaarii taha. Karaa barnoota ijaarsa nageenyaa kan baratamu: hubannoo dhuunfaa cimsuu, walitti-dhufeenya, walqixxummaa koornayaa, mirga namootaa kabajuu, waliin-dubbii, waldhageeffachuu, araara buusuufi waliigalteerra gahuu gabbifachuu dandeessisa. Waliin jireenya biyya keenyaaf isaan kunniin qabiyyee ijoodha.

**Ijaarsa Nageenya Keessatti Gahee Barnoota Nageenyaa**

Barnoonni nageenyaa adeemsaafi shaakala ittiin beekumsa, dandeettiiwwan, ilaalchawwan gaariifi hubannoo ittiin rakkoo hiiknu karaa tasgabbii qabuun ittiin horannudha. Handhuura/Ijoo ijaarsa nageenyaati.

Yaada kana irratti, *Fountain (1999) akka barreessetti, barnoonni nageenyaa adeemsa ittiin beekumsa, dandeettiiwwan, ilaalchaafi duudhaalee jijjiirama amalaa daa'imman, dargaggootaafi gaheessota irratti ittiin fiduun danda'amuufi waldhabdee, lola ka'uu malan ittiin to'achuuf gargaaru horatanidha. Dabalataanis, dandii ittiin waldhabdee laaffisuun nageenya waaraa, namoota dhunfaa, garee, naannoofi sadarkaa biy-yaalessaatti akka bu'u ittiin taasisuuf kennamudha"jedha.*

Mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu barnoota ijaarsa nageenyaa keessatti dhimma bahuuf, gaheen barsiisotaa irra deebi'amee ilaalamuu feesisa. Barattoota gadi-fageenyaan yaadaniifi xiinxaltoota horachuuf, barsiisonni beekumsa, dandeettiiwwanfi ofkennanii ho-jjechuutti saaxilamuu qabu. Barsiisonni garaagarummaa barattootaa, eenyummaa, qomoo, amantii, koornayaafi garee hawaasa biroo kabajuun dhimma murteessaadha. Kana beekuufi hojiirra oolchuun ammoo, dhiibbaa karaa eenyummaa isaaniitiin walitti-dhufeenya barattootaa daangessan hir'isuuf gargaara.

Maanuwaaliin kun, Itoophiyaa keessatti walitti-dhufeenyi namootaa sadarkaa gandaarraa hanga biyyaalessaatti akka cimuuf barnoota ijaarsa nageenyaa kennuurratti xiyyeeffata. Kunis kan inni hojiirra oolu:

- Gareewwan adda addaa gidduutti waliin hasawaa jajjabeessuun ofiifis ta'ee qaamni kan biraa human qaama biraa irratti fayyadamuu dhiisuu fi dhoorkuu, gara walitti bu'iinsaa akka hin deemne hubannoo waldhabdee hiikuu cimsuu, dargaggoonni akka gadi-fageenyaan waa hubatanii xiinxalan taasisuun

- Ayyaaneffannaa garaagarummaa, nageenya waliin jiraachuu fi jijjiirrama hawaasum-maa jajjabeessuun.

Nagaa buusuun, waliin dubbachuun dhiisuu yookiin waantoota faallaa nagaa tahan irraa fagaa-chuu qofaan miti. Nagaa buusuun, adeemsaafi haala nagaaf mijatan uumuu, akkasumas hundee jeequmsaa gogsuufi nagaaf hojjechuu dabalata. Kunis kan mul'isu, gaarummaa amananii fud-hachuu, jireenya hawaasummaa haqa qabeessa jirachuu, waldhabdee keessatti walqixummaafi kabaja mirga namoomaa irratti xiyyeeffachuun hojjechuudha. Wantoota (miira, qaamaan, xi-insammuufi caasaan) oofaman xiqqeessuudha.

Nageenyi addunyaa sammuu keessa kan jiru, kan namootni itti bohaaraniifi ofitti ama-namummaafi abdii itti horataniidha. Innis gatii dhala namaa bakka haalota kabaja mirga dhala namaa, haqaafi qixxummaan itti mul'atan, bakka garaagarummaan jiraatu, akkasumas wald-habiinsawwan karaa jeequmsaan alattii fi dimokraatawaa ta'een itti hiikaman kan mul'isuu dha. Hiika nageenyaa kennuuf yaad-rimeewwan jaha ilaaluu feesisa:

1. nageenya amansiisaa hintaane (negative peace),
2. nageenya akka madaala humnoota sirna Idil-addunyaa keessaa,
3. nageenya akka nageenya eeyyentaa (lola caaseeffamaa kan hinqabne),
4. nageenya shamarranii, sadarkaalee bal'aafi xiqqaa saalawwan gidduu,
5. nageenya waliigalaa, nageenya uumamaafi naannoo waliinii,
6. nageenya waliigalaa keessoofi alaa sadarkaa namootaa dhuunfaatti.

Yaad-rimeewwan kanneen keessaa tokko yoo hir'ate, waa'ee nageenyaa hubachuun rakkisaa ta'a.

Kanaafuu, hojiin adeemsa ijaarsa nageenyaa walitti fufiinsa qabu rakkisaafi dadhabsiisaadha.

Barnoota nageenyaa jechuun ilaalcha, yaada sammuufi amala namootaa irratti jijjiirama eyyentaa fiduun iddoo jireenyaa mijataafi nagaa qabeessa ta'e uumuu jechuudha. Barnootni nageenyaa akaakuuwwan qorannaa adda addaa kan ofkeessatti qabatuufi tarkaanfiilee barnootaa kanneen akka hir'isa hidhannoo meeshaalee waraanaa, mirgoota namoomaa, hubannoo karoora, misoomaa, lammuummaa, sirna safuufi amalaa, seera addunyaalessaafi dhimmoota naannoo waliin kan ijaarameedha.

**Qajeeltoowwan Itti-fayadama Maanuwaalichaa**

Maanuwaaliin leenjii kun dhaabbata Idil-Addunyaa Ijaarsa Dandeettii Afriikaaf (UNESCO International Institute for Capacity Building in Africa's) IICBA maxxansa 2017 Transformative *pedagogy for peace-building: A guide for teachers* to the Ethiopian context for multiple audiences, both inside and outside the education system irraa fudhatamee kan madaqfamedha. Innis afaan biyya keessaa (afaan dhalootaa) adda addaatiin hiikamee akka armaan gadiitti karoorfamee jira:

- Beekumsaafi dandeettiiwwan haaromsuuf qabatamaan meeshaa ittiin abbaa dhimmootaa ijaarsa nageenyaa Itoophiyaaf leenjisnudha,
- Warra sirna barnootaa keessa jiraniif waa'ee isaa akkamiin akka barsiisaniifi yaad rimeewwan ijaarsa nageenyaa gosa barnoota hunda keessatti hammachiisuuf akka wabiitti gargaara,
- Warra sirna barnootatiin ala jiraniif wabii akkamiin yaad rimeewwan ijaarsa nageenyaa akkamiin maatiiwwan, hawaasa, manneen barnootaa, dhaabbilee, sagantaalee fi imaammatawwan keessatti akka beeksisan,
- Akka qabeenya guutuu gochaalee hirmaachisoo kutaa keessattifi kutaadhaan alatti ga'umsaafi xiinxala yaada burqisiisuu hirmaattota ijaarsa nageenyaa umurii hunda irra jiranii.

**Fayadamtoota Maanuwaalichaa**

Maanuwaaliin leenjii kun haala qabatamaa Itiyoophiyaatiin fooyya'ee kan qophaa'edha. Qooda fudhattoota hunda waa'ee hubannoo, irra caalaa nageenya beeksisuufi barnoota nageenyaa irratti akka fedhii qabaatan gargaarudhaaf jechadha. Maanuwaaliin leenjii bara 2009/**2017** barsiisota irratti xiyyeeffatu, leenjiin kun barsiisota malee barattoota/jamaa keessaafi sirna barnootaan ala jiran irratti xiyyeeffachuu kan dabalatudha. Garuu barsiistota, leenjistoota barsiistotaa, barsiistota yunivarsitiiwwan keessaa, hoggantoota hawaasaa, hoggantoota aadaafi amantaa, bakka bu'oota mootummaa irratti kan hin daangeffamneedha.

**Akkaataa Itti-fayadama maanuwaalichaa**

Maanuwaalii kana keessatti, jechi "barsiisaa" jedhu nama isa dubbisu kan bakka bu'u dha. Kana jechuunis, isaan sirna barnootaa keessaafi alatti argaman lamaanuu jechuudha. Yoo hundi isaanii akka barsiisaatti of hin iaalle, yeroo qajeelfani leenjii kun keessa deebi'amutti, itti fayyadamaan beekumsa, muuxannoofi meesshaalee ijaarsa nageenyaa Itiyoophiyaa keessatti ittiin barsiisan ni argatu.

Yeroo nuti boqonnaalee maanuwaalii leenjii kana keessa jiran hunda akka keessa deebi'aman jajjabeessinutti, boqonnaalee muraasa boqonnaa 6 ogbarsiisa ceesisaafi boqonnaa 8 madaallii kan jedhan gara isaan sirna barnootaa keessa jiraniitti kan deemanii dha.

Boqonnaan 1 hubannoo waldhabiinsaa, xiinxala irraa kaasee hanga gara daaynaamiksii isaatti walitti fiduufi tooftaalee hoggansa isaa kan qabaatedha. Boqonnaan 2 ibsa gabaabaa ijaarsa nageenyaa; Boqonnaan 3 Amaloota gaarii jajjabeessuu; Boqonnaan 4 ga'umsawwan qaamolee nageenya ijaaraniif barbaachisan cimsu; Boqonnaan 5 dubartoota, nageenyaafi tasgabbii, yaad rimeewwan kornayaafi barbaachisummaa dhimmoota nageenyaafi ittisaa; Boqonnaan 6 mala baruu barsiisuu jijjiirama amalaa fidu; Boqonnaan 7 sadarkaalee qabatamoo barsiistootni barattoota isaanii ittiin gargaaran kutaa yookin leenjidhaan alatti hawaasa naannoo isaanitiif muuxannoo ijaarsa nageenyaa isaanii cimsuuf kan ammateedha. Boqonnaan 8 qajeelfama bu'uraa madaallii barachuu, meeshaaleefi tooftaalee madaallii adda addaa barnoota keesaafi alatti kan tajaajiluudha. Boqonnaan 9 ammoo, gochaalee adda addaa dandeettiiwwan ijaarsa nageenyaa hirmaattota umurii hunda keessa jiranii kutaa barnootaa keessattiifi alatti xiinxalaafi itti yaadiinsa cimaa uumuu kan dhiyeessudha.

# BOQONNAA 1: Waldhabdee

## 1.1 Maalummaa Waldhabdee

Waldhabdeen waldiddaa yaadaa yookiin qabatamaa dhimma, kaayyoo yookiin galma tokko irratti qaamota lamaafi isaa ol gidduutti uumamuudha. Kunis, adeemsa hindhaabbanne kan keessatti ilaalchonni, amaloonni, haalonniifi caasaaleen qaama tokkoo fufinsaan jijjiiramaa kan-neen biroo irratti dhiibbaa dhaqabsiisaniidha.

## 1.2 Haala Waldhabdee

Biyyi keenya Itoophiyaan jeeqama amalli isaa walxaxaa ta'e keessa turteetti. Kunis, tasgabbii dhabuu siyaasaa, hawaasummaa, dinagdee, dhabiinsa dhaabbilee ciccimoo walcaalmaa dhimmoota walxaxoo kanneen akka malaammaltummaa, jijjiirrama qilleensaafi waldhabdee qa-beenyaan hammaataa deemu irraa kan madduudha.

Waldhabdeen siyaasaa sabummaa golgaa godhate bal'inaan muldhachaa dhufeera. Irra caalaan daangaan bulchiinsaa Itoophiyaa waan qabatamaa lafa irratti mul'atuun kan adda bahee beekamu miti. Namootni hedduun sababoota garaagaraa kanneen akka bishaaniifi marga bar-baaduu, walitti bu'insa baqachuufi jireenya fooyyeffachuuf jecha daangaa ce'anii kolugaltummaa barbaadu.

Haaluma walfakaatuun, kutaalee Itoophiyaa murtaa'an keessatti sosochiin daldala meeshaalee waraanaa seeran alaas mul'achaa jira. Gochaawwan qindaa'oo seeraan alaa idil-addunyaa kan-neen akka daddabarsa namootaa, butiinsa yookiin ukkaamsa daa'imannii, finxaalessummaan babal'achaa dhufee jira.


## 1.3 Xiinxala Waldhabdee

Xiinxala waldhabdee jechuun adeemsa qooda fudhattoota waldhabdee, ka'umsa bu'uuraa wald-habdee, haalawwan jijjiiramoo, hariiroo humnootaa, caasaalee waldhabdeefi waantota uumamuu malan (cenarious) ittiin adda baasan jechuudha. Tooftaalee xiinxalli waldhabdee ittiin gaggefamuu danda'an kessaa tokko Caasaa Waldhabdee (Confilict Tree) jedhama. Tooftaan kun haalota waldhabdee keessatti uumaman hubachuufi dhimmota jiran gareewwan saditti qooduun agarsiisa. Isaanis:

- sababoota bu'uuraa
- rakkoolee gurguddoofi
- dhiibbaa rakkoolee

Caasaan kun, dhimmoota kanneen addaan baasanii hubachuuf gargaara.

***Fakkii 1.1: Caasaa waldhabdee***




Adeemsa waldhabdee hiikuu kessatti dhimmoota armaan gadii irratti deebiifi yaadni kennamu garaa gara ta'uu danda'a:

- waldhabdeen maaliif akka uumamu; sababni bu'uuraa maal akka ta'e,
- ibsamoonni waldhabdee, waldhabdee maal fa'a akka ta'an,
- bu'aan waldhabdee maal akka ta'e,
- rakkkoon dursa furamuu qabu kam akka ta'e


Caasaan waldhabdee sababoota bu'uuraa kanneen akka loogummaa, hiyyummaafi dhiibama hawaasummaan ta'uu danda'u. Rakkooleen ijoon waldhabdee ammoo dhimmoota walxaxoo kanneen akka walgitinsa dhabuu hariiroo humnootaa yookiin hanqina lafaa ta'uu malu. Dhiibbaan waldhabdee ammoo, hidhaa, arrabsoo, reebicha gudeeddiifi ajjeechaa ta'uu danda'a.

Sababiiwwan bu'uraa waldhabdeef ka'umsa ta'an mul'achuu dhiisuu danda'u. Haata'u malee, dhiibbaan isaan dhaqabsiisan nimul'ata/hubatama.

## 1.4 Waldhabdee Maappiidhaan Agarsiisuu

Tooftaan wadhabdee maappiidhaan agarsisuu hariiroo taatota waldhabdee gidduu jiru, rakoolee qabatamaa waliin karaa ifa ta'een mala agarsiisuuf nugargaaruudha. Malli kun fakkii guutuu qooda fudhattota waldhabdeefi dhiibba waldhabdee keessatti mul'atu hariiroo walii isaanii ibsuuf kan nugargaaruudha.

*Fakkii1.2: Maappii waldhabdee matii tokkoo*




*Madda : (Fisher et al., 2000, F 24)*

Tooftaan maappiidhaan waldhabdee agarsiisuu tarkaanfii waldhabdee hiikuu dandeessisan qopheessuufi keessattuu tarkaanfii waldhabdee sadarkaa duraa kanneen akka duula hubannoo uumuufi akeekachiisuuf mala filatamaadha. Haala kanaan tooftaan waldhabdee maappiin agarsiisuu dhimmoota armaan gadiif faayidaa olaanaa qaba.

**1. Seenduubee Waldhabdee Addaan Baasuu**

- maappii bulchiinsaa yookiin siyaasaa naannichaa fayyadamuu,
- haala naannoo sanii irratti ibsa sirrii kennuu,
- seenaa waldhabdee naannoo sanaa tarreessuu,

**2. Qaamota waldhabaniifi rakkoolee irratti waldaban sirnaan adda baasuu**

- qooda fudatoota waldhabdee ijoo ta'an addaan baasuu,
- dhimmoota irratti waldhabdeen uumame addaan baasuu,
- hariiroo qaamota waldhaban gidduu jiru adda baasuu,
- akkaataa sababoonniifi amaloonni waldhabdee qaamolee waldhabaniin itti fudhataman/ilaalaman adda baasuu,
- amaloota ammee qaamota waldhabanii beekuu
- hoggantoota qaamolee waldhabanii addaan baafachuu.

**3. Haalota jiran sadarkaan xiinxaluun gurmeessuu**

- **Sadarkaa maatiitti**: Dhiibbaa hariiroon miseensota maatii gidduu jiru waldhabinsa sana irratti qabu maali?

- **Sadarkaa naannootti**: Dhiibbaa hariiroon hawaasa naannoo gidduu jiru waldhabiinsa sana irratti fide maali?
- **Sadarkaa biyyaatti**: Haalliifi amalli mootummaa gaaffii keessa galee jiraa?
- **Sadarkaa biyyoota ollaatti**: Dhiibbaa hariiroon biyyoota ollaa waldhabdee sana irratti qabu maali?
- **Sadarkaa addunyaatti**: Waldhabde sana keessa fedhiin siyaasaa biyyoota addunyaa (geopolitics) jiraa? Dhimmoonni alaa waldhabdicha hammeessan maal fa'i? Dhimmoota kanneen maaltu jijjiiruu danda'a?

## 1.5. Lola kaallattii, Lola Caaseffamaafi Lola Aadawaa

Jechi "lola" jedhu yeroo baay'ee jeequmsa waliin hiika tokko akka qanitti fudhatama. Lolliifi jeequmsi hiika walittidhiyaatu yoo qabaatanillee, ka'umsaafi amaloota isaaniin garagarummaa akka qaban irratti waliigalama.

Lolli bu'aa hariiroo uumamaafi aadaa ta'ee, dhimma itti yaadamee raawwatamuudha. Barreessitootni kanneen akka Berkowitz (1996), Andersonfi Bushman (2002), garaagarummaa kallattiiwwan ilaalcha amaloota jeequmsaa kanneen lameen gidduu jiran agarsiisanii jiru. Kallattiiwwan ilaalchaa kunneenis:


*(i) Kallattii ilaalchaa amala lola jibbibsa dimshaashaa badii raawwachuun ibsamuufi*
*(ii) Kallattii ilaalchaa lola itti yaadamee karorfameefi akka tooftaa fedhii dhuunfaa ofii galmaan ga'achuuf itti fayadamaniidha*. Kallattii ilaalchaa amala diinummaa dimshaashaa kan hinkaroorfamne, yeroo baay'ee miira irratti kan hundaa'eefi badii raawwachuu akka kaayyoo guddaatti qabatee kan raawwatamuudha.

Moodeelli waldhabdee rog-sadee '**ABC'** waldhabdee keessatti qaamota murteessoo ta'an sadii tilmaama isaanii waliin mul'isa. Qaamonni kunneenis:

A. Amala
B. Ilaalchaafi
C. Haala waldhabdee kanneen agarsiisaniidha.

Haala kanaan, waldhabdeen kamiyyuu fuula mul'atuufi dhokataa kan qabu yoommuu ta'u; fuulli waldhabdee inni mul'ataan amala waldhabdee beekamaan kan ibsamu ta'ee; fuulli waldhabdee inni dhokataan garuu ilaalchafi yaada waldiddaan kan hubatamuudha***. (Galtung, 1996; Engdaw, 2018).***

***Fakkii 1.3: Moodeela waldhabdee rog-sadee ABC***




*Madda: (Galtung, 1996).*

Caaccuuleen sadeen rog-sadee waldhabdee ABC keessatti agarsiifaman kallattii ilaalchaa sadiin: lola kallattii, lola caaseffamaafi lola aadawaa sirriitti hubachuuf nugargaaru.

**Lolli kallattii**- gocha qaamaa, xinsammuufi miiraa irratti raawwataman kanneen akka rukutuu, doorsisuu, sodaachisuu, doorsisuu, salphisuu, qooduufi tuffachuu ofkeessatti qabata. Haala qabatama naannootiin lolli kallattii sadarkaa maatii reebicha abbaan warraa haadha warraa irrati raawwatu yookiin galagaltoo kanaa, wal-abaarsa haadha warraafi abbaa warraa, reebicha daa'imanii maatiifi guddiftootaan raawwatamu fa'a qabata. Lolli akkasii manneen barnootaa keessatti reebichaafi arrabsoo barsiisonni barattoota irratti raawwatan ta'uu danda'a. Bifa walfakaatuun, lolli kallattii sadarkaa ollaatti walitti bu'insa sabootaafi gosoota ollaafi naannoo, akkasumsa walitti bu'insa sadarkaa idl-addunyaatti ta'uu mala.

**Lolli caaseffamaa-** akaakuu lolaa kan taatonni keessatti hinmul'anedha. Kana jechuun lola akkasii keessatti qaamni qaama biraa miidhu hinmul'atu jechuudha. Lolichi caaseffama sana keessatti biqilee guddachuun hariiroo humnaa walcaalu uumuun carraa sadarkaa jireenyaa walgate dhaqabsiisa (Galtung, 1969, f. 171).

Fakkeenyaaf haqa dhabuu facaatii qabeenyaa kanneen akka galii, tajaajila baarnootaafi fayyaa qaamolee hawaasaa murtaa'an fayadamaa taasisuun kanneen biroo lagatu; hirmaannaa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa sabummaa, sadarkaa hawaasummaa, amantaa, saalaafi haala fayyummaa qaamaa irratti hundaa'uun waldhabdeef sababa ta'u fa'a lola caaseffamaa bakka bu'u.


Lolli caaseffamaa dogongora nama yookiin qaama tokoon kan ibsamu osoo hintaane sababa sirnaawaa/caaseffamaa kan dhaqabudha. Itoophiyaa keessatti hiyyummaan akaakuu lola caaseffamaa keessaa isa guddaafi hangafadha. Lola caaseffamaa keessatti taatonni mul'atan kan hinjirre ta'ee, hiyyummaan hawaasa keessa hidda gadifageeffatee jiru, loogummaa hawasaa, siyaasaafi dinagdeedhaan kan mul'atudha.

**Lolli Aadawaa-** mala sababeessuu lola caaseffamaafi lola kallattii sabummaa, koornayaafi eenyumma irratti hundaa'ee gaggeeffamuudha. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa keessatti dubartootni sochiilee siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa irraa dhiibamaa turaniiru. Malli sababeessa dhimma kana immoo, akka aadaafi barsiifata dubartootaatti, dubartootni dhimma gaggeessummaa siyaasafi dinagdee keessatti qooda fudhachuun aad-malee akka ta'e kan ibsudha. Yaadamni dubartootaafi gareewwan murtaa'an gadantummaan akka ilaalama tasisu kunis bifa qoosaa, mammaaksa, afoolaafi kanneen kana fakkaataniin sagantaalee barnootaafi kitaabilee barnootaan gadi fagaatee akka utubamu ta'aa tureera.

## 1.6. Amala Jijjiiramaa Waldhabdee

Waldhabiinsi hamaan tokko waan xiqqaa tokko irraa jalqabee guddachuufi babal'achuu danda'a. Fakkeenyaaf, abbaan intalaa tokko intala isaa maatii warra duraan wal morkataniitti heerumsiisuuf murteessee osoo jiruu, akkayyaan intalaa waliigaltee gaa'ila kanaa mormuun akka malee dheekkaman haa jennu. Odeessi mormii kunis gara firoottaniifi warra intala gaa'ilaaf gaafatatanitti babal'ate. Mormiin babal'ate kun waldhabdee duraan ture akka malee hammeesse. Aariin kunis cimaa dhufee gara tarkaanfii jeequmsaatti ol guddate. Bifa kanaan, taateen xiqqoon tokko gara jeequmsa waliinii, naannoo yookiin biyyoolessaatti guddachuu mala.

***Fakkii 1.4: Fakkeenya mul'ataa amala jijjiirama waldhabdee.***



**Sadarkaalee Waldhabdee**

Akka Brahm (2003) jedhutti, waldhabdee gulantalee jahaan ibsama.

**Sadarkaa 1: Qoraan ibiddaa walitti qabuu/waldhabdee dhokataa**

Sadarkaa jalqabaa irratti wantoonni ibidda qabsiisuuf barbaachisan walitti qabamu. Wantoota walitti qabaman kanneen keessaa gariin isaanii salphaatti kan boba'an yoo ta'an illee, sadarkaa kanatti ibiddi hinmul'atu. Sadarkaan kun sadarkaa waldhabdeen riphuudhaan dhohinsaaf itti qophaa'udha.

**Sadarkaa 2: Ibidda boba'uu jalqabe /waldhabdee mul'ate.** Sadarkaa kana irratti, kibiriitiin ifee ibiddi boba'uu jalqaba. Yeroo baay'ee walitti bu'iinsi gareewwan gidduu kanneen akka hiriiraa, yookiin viiidiyoowwaniifi fakkiiwwaan miidiyaaalee hawaasummaa irratti gadhiifaman akka kibiriti-in qoraan ibiddaa gogaa gulantaa waldhabdee dhokataa keessatti walitti qabame battalalatti qabata.


**Sadarkaa 3: Ibidda akka malee cime/waldhabiinsa guddate.** Ibiddichi hamma saffisa sa-darkaa olaanaa irra gahee to'annaa ala ta'a. Sadarkaa kanatti, waldhabiinsi haala yaaddessaa ta'etti akkuma guddatu; waldhabiinsi uumamus wantoota akka qoraan ibiddaatti walitti qabamanii turan hunda nyaatee fixa.

**Sadarkaa 4: Miidhama guddaafi burjaaja'iinsa-** Qaamoleen waldhabiinsa keessatti qooda fudhatan hunduu akka malee miidhamamu; garuu waldhabiinsi ittuma fufee jira.

**Sadarkaa 5: Waldhabdeen qabanaa'uu/Araaraaf qophaa'uu-** sadarkaa ibiddichi dhaamee cileen isaa qofti boba'aa jiruudha. Waantoonni duraan ibidichaaf walitti qabamanii turan hedduu gubatanii dhumaniiru. Yeroo kanatti qaama sadaffaadhaan mareen araaraa jalqabama. Sa-darkaa kanatti waldhabdeen kun itti fufuu; yaaliin maree sirriin yoo gaggeefame ammoo, wald-habdeen karaa milkaa'ina qabuun raawwatee waliigaltee irra gahuun nidanda'ama.

**Sadarkaa 6: Ibiddi dhaamuu/Ijaarsi nageenyaa waldhabdeen boodaa jalqabamuu-** Yeroon kun yeroo ibiddichis ta'e cileen isaa qabbanaa'udha.Sadarkaan kun yeroo walitti dhufeenya irra deebi'anii ijaaraniifi araarriifi ijaarsi nageenyaa waldhabdee boodaa itti jalqabamuudha. Haata'u malee, adeemsi waldhabdee hiikuu kun sirnaan hinhogganamu taanaan, waldhabdeen kun deebi'uudhaaf carraa argata.

*Fakkii 1.5: Sadarkaalee waldhabiinsaa moodeelaan agarsiisuu*





*Madda: (Brahm, 2003).*

**Marsaa Waldhabdee**

Marsaan waldhabdee hubannoo dhabiinsa tasgabbii Itoophiyaa keessatti mul'atu cimsuuf gargaara. Waldhabdeewwan kanaan duraa sirriitti hubatamanii yoo deebii sirrii yoo hinarganne, jijjiiramni dhufu waan hinjirreef carraa irra deebiin mudachuu jiraachuu mala.

*Fakkii 1.6: Marsaa waldhabdee*




## 1.7 Tooftaalee Waldhabdee Ittiin Furan

Tooftaalee waldhabee ittiin hiikan afurtu jiru. Isaanis:

- **Waldhabdee Ittisuu-** akka waldhabdeen hin uumamne gochuuf kan kaayyeffamu
- **Waldhabdee To'achuu** - qaamota waldhabinsa keessatti qooda qaban irratti jijjiirama amalaa fiduun waldhabdee gara fuula duraa hambisuu/xiqqeessuuf irratti kan hojjetamu
- **Waldhabdee Hiikuu-** dhimmoota waldhabdeef **s**ababa ta'aniif furmaata sirrii kennuun hariiroo gaarii fufinsa qabu qaamota waldhabanii turan gidduutti ijaaruuf kan gargaarudha.

- **Madda Waldhabdee Hundeen Jijjiiruu-** Maddaoota waldhabdee dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa adda baasuun sirreeffama taasisuudhaan humna jijjiirama eyyentaa cimsuuf kan fayyadamnudha.

Itoophiyaa keessatti, tooftaalee waldhabdee ittiin qaban baay'eetu jiru. Kitaaba mata duree "Making Peace in Ethiopia, (2016)" jedhu keessatti dhimmoonniifi muuxannoowwan qabiinsa waldhabdee gaggaariin sagal dhiyaataniiru. Muuxannoowwan naannoolee saglan irraa fudhataman kanneen keessatti gahahee maanguddoonniifi abbootiin waldhabdee furuu keessatti qaban akka armaan gadiitti dhiyaateera.

- Kibba Itoophiyaa keessaa gahee abbootiifi jaarsolii biyyaa saba Walaayittaa,
- Oromiyaa keessaa gahee haadholii siinqee godina Arsii,
- Kaaba Walloo keessaa gahee Abbootii Abaagaar (Abbootii qulqullootaa)
- Fakkeenya Naannoo Sidaamaa,
- Fakkeenya godina Guraagee,
- Fakkeenya Naannoo Tigraay,
- Naannoo Amaaraa aanaa Ankobar irraa gahee jaarsummaafi
- Fakkeenya godina Kambaataafi Ogaadeen irraa fudhatamanidha.

Waliin jireenya keessatti saboonniifi sablammoonni Itoophiyaa rakkoolee isaan mudatu adda baafatanii malootaafi dhaabbilee aadawaa qabaniin furachuu irratti ogummaa guddaa akka qaban ragaaleen ni addeessu.

Kitaabni "The International Institute for Rural Reconstruction, Africa Regional Center's *Culture at Crossroads: Ethiopian Women in Peacebuilding* (2009)" jedhamu gahee dubartoonni ijaarsa nageenyaa keessatti qaban xiinxaluun ibsa. Kitaabichi ogummaafi dandeettii addaa dubartootni nageenya fiduufi waldhabdee furuu keessatti qaban bal'inaan ibsa.

Bifa walfakaatuun, haala qabatamaa ammee Itooyoophiyaa keessatti, namoota, hawaasaafi saboota gidduutti hariiroo gaarii fiduuf akkaataa ogummaafi dandeettii kanneenitti fayyadamuun danda'amu irratti ibsa bal'aa kenna. Gahee dubartoonni ijaarsa nageenyaa keessatti qaban Boqonnaa 5, mata duree Dubartoota, Nageenyafi Tasgabbii jedhu jalatti kan ibsamu ta'a.

## 1.8. Wadhabdee Ittisuufi Hiikuu Keessatti Gahee Qaamolee Garaagaraa

Waldhabdee ittisuufi hiikuu keessatti qaamoleen garagaraa kanneen akka miseensota maatii, gaggeessitoota hawaasaa, gaggeeessitoonni dhaabbileen amantaa, manneen barnootaa, miidiyaaleefi mootummaan hundi ijaarsa nageenyaa keessatti gahee qaban mala dursanii argamuutiin bahachuu qabu. Waldhabn erga uumameen booda waliin furuuf rakkachuu caalaa dursanii

ittisuutu filatamaadha. Adeemsa ijaarsa nageenyaa Itoophiyaa keessatti, gaheen barsiisota nageenya daran olaanaadha. Adeemsa barmaataa keessatti barsiisonni akka qabiyyee hunda beekaniifi barsiisanitti akka of ilaalan taasifamanii leenjifamu. Ilaalcha kanaan barsiisaa/tuun tokko waan hundaa akka beeku/tutti ilaalama/ti; barattootni immoo akka waan tokko iyyuu hin beeknetti fudhatamu (Freire, 1970, fuula 73). Haala kanaan barsiisuun akka gochaa qodaa duwwaa ta'e tokkotti waa guutuutti kan fudhatamuudha. Yeroo sanatti ilaalchi kun fudhatama waan argateef, malli barsiisuu qodaa bishaanii duwwaa guutuu jedhamu kun yaada sirri akka ta'etti kan fudhaatameedha.

Mala baruu barsiisuu barsiisaa giddugaleeffatee keessatti ilaalchi barsiisaan beekaa hundaa akka ta'eefi barataan immoo akka homaa hinbeekneetti fudhatu kun dhiibbaa hedduu dhaqabsiisa. Barattoonni bal'isanii akka qoratan, ofdanda'anii akka yaadan dandeessisuurra, akka yaada namoota biroon booji'amaniifi miira hirkattummaa guddifatan taasisuun saaxilamummaa isaanii guddisa. Kun ammoo, miirri walii obsuufi waldanda'uu akka qancaru gochuun ilaalchi finxaalessummaa akka babal'atu taasisuu danda'a.

Malli baruu-barsiisuu jijjiiramaa ijaarsa nageenyaa kan barataa gidduugaleeffatee yoo ta'u, faallaa mala baruu barsiisuu barsiisaa gidduugaleeffateen gaggeefamuudha.

Tooftaan barataa giddugaleeffate kun mala barachuu si'aawaafi kan hogganamu ta'ee, bal'isanii yaaduu, calaqqee, ofbeekuu, naamusaa tarkaanfii sirrii fudhachuu qabata. Bu'uura mala kanaan, barsiisuun akka qodaa bishaanii duwwaa guutuutti kan ilaalamu osoo hintaane, barattoonni ofii isaanii akka barachuu danda'an haala mijeessuutti kan ilaalamuudha. Malleen baruu-barsiisuu jijjiiramaa ijaarsa nageenyaa haala barattoonni garaagarummaa qaban waliin manneen barnotaan alatti karaa al-idilee ta'een waan baratan gadi fageenyaan xiinxalanii deebii akka itti kennuu danda'aniif gargaara. Barnoonni al-idilee barnoota maatii, hiriyaa, hawaasa, miidiyaalee, dhaabbilee: mootummaa, amantaafi kanneen biroo irraa karaa sirna qabeessafi qindoomina hinqabneen baratamuudha.

***Fakkii 1.7: Ilaalchota barsiisuu***



*Madda: (Wonderlane/Flicker & Patrick Standish and Creative Commo).*

Itoophiyaa keessatti gaheewwan maatiin, hawaasni, abbootii amantaafi dhaabbilee amantaawwan, manneen barnootaa, miidiyaaleefi mootummaan waldhabdee ittisuufi to'achuu keessatti qaban akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

**Maatii**

Maatiin ijoolleen isaanii abdii egeree ta'an nageenyaaf bakka olaanaa kennanii akka guddatan gochuu keessatti gahee bakka bu'insa hinqabne taphatu.  Muuxannoon to'annaa waldhabdee manaafi maatii irraa eegala. Walitti dhufeenyi naga qabeessi sadarkaa maatii kanneen akkamaree keesatti waldhaggeeffachuu, walkabajuufi ijoollee dhiiraafi dubaraa ija walfakkaatuun ilaaluufi kanneen kana fakkaatan jireenya hawaasa naga qabeessaaf akka dhagaa bu'uuraatti ilaalama.

Maatiifi gaheen maatummaan safuu, sona, amantaafi ilaalchota jibbiinsa dimshaashaa ijoollee keessatti akka hinbiqille qajeelchuuf shoora olaanaa taphata. Kunis, hawaasa irra caalaan sirna aadawaan jiraatu akka Itoophiyaa keessatti waldhabdee ittisuufi to'achuuf gaheen maatiin taphatu guddaa ta'uu agarsiisa.

**Hawaasa**

Itoophiyaa keessatti aadaan hawaasni waan qaban waliif qooduufi walkabajuu waldhabdee ittisuufi nageenya eeguuf barbaachisadha. Wayita waldhabiinsi mudatutti maatii hedduun walitti dhufanii marii gaggeessuun walittidhufeenya isaanii cimsatu. Marii akkasii keessatti hawaasni qaamolee/namoota kanaan dura waldhabdee qabaniifi diinummaan wal ilaalan walitti fiduu, kanneen waldhabdee sana keesatti miidhaman, maatiin adda face'eefi gargaarsa dhaban hirphuu danda'a. Dabalataanis, adeemsa ijaarsa nageenyaa keessatti hawaasni bu'uuraalee misoomaafi tajaajiloota hawaasaa kanneen akka: manneen barnootaa, manneen jireenyaafi dhaabbilee fayyaa jeequmsa ture keessatti manca'an deebisanii ijaaruu keessatti gahee guddaa taphata.

**Abbootii Amantaafi Dhaabbilee Amantaawanii**

Itoophiyaa keessatti, abbootiin amantaafi dhaabbileen amantaa safuufi sonaalee hawaasaa cimsuun carraawwan waldhabdeef sababa ta'an xiqqeessuufi  dhabmsiisuu keessatti gahee guddaa taphatu. Dabalataanis, abbootiin amantaafi dhaabbileen amantaa cabaafi miidhama hamilee waldhabdee keessatti mudatu karaa afuurawaa ta'een waldhaanuufi adeemsa dhiifamaafi araaraa jajjabeessuun shoora olaanaa qabu. Kana malees, qaamoleen kun bakka hawaasni waliin jiraachuu itti baratuufi egeree isaa itti ijaarratu mijeessuuf gargaaru. Haata'u malee, barsiisni dogoggoraa amantaan walqabsiifamee gaggeeffamu miira finxaalessummaa jajjabeessuun waldhabdeefi lolinsaaf ciicata guddaa ta'uu mala.

**Manneen Barnootaa**

Barnoota ijaarsa nageenyaa hojiirra oolchuun, manneen barnootaafi barsiistootni aadaafi sonaaleen nageenya manneen barnootaa keessaafi hawaasa naannoo  keessatti akka dagaagu gochuu danda'u. Barsiistootni dhimma nagenyaa irratti mariifi falmii nageenyaa fakkeenyummaa

qabu qopheessuu; aadaa waliin hojjechuu, walqixxummaa ijoollee dhiiraafi dubaraa akka mirkanaa'u jajjabeessuu qabu. Bifa walfakkaatuun, manneen barnootaa barattoonni kuufama dhiphinaafi miira qaban karaa aartii, diraamaa, walaloofi ispoortii ibsachuudhaan akka baafatan gochuu keessatti gahee guddaa taphatu. Dabalataan, manneen barnootaa ajandaa irratti hundaa'uun walgahii maatiin barattootaafi hawaasa manneen barnootaa qopheessuun ijaarsa hawaasaa cimsuu danda'u (Engdaw, 2018, f. 194-195).

**Miidiyaa**

Waldhabdeewwan ittisuu, to'achuufi hundeen jijjiiruu keessatti, miidiyaan gahee olaanaa qaba. Beekumsi misooma ogummaafi dandeettii miidiyaa hirmaannaa si'aawaa miidiyaalee gaafachuufi qorachuu irratti xiyyeeffata. Kunis bu'aalee ijoo armaan gadii argamsiisa;

1. hawaasa keessatti gahee miidiyaan waldhabdee ittisuu, to'achuufi furuu keessatti qabu hubachuu,
2. akkaataafi haalota miidiyaaleen hojii isaanii itti milkeessan dinqisiifachuu,
3. gahee hojii miidhiyaa keessatti qabiyyeewwan miidiyaa gadifageenyaan madaaluu,
4. yaada ofii ibsachuufi hirmannaa dimookiraatawaaf miidiyaa waliin hojjechuu,
5. qabiyyee maamiloonni barbaadan qopheessuuf tekinooloojii odeeffannoo qunnamtii dabalatee ogummaafi dandeettii jiru madaaluu fa'i.

**Caacculee ijoo beekumsa odeeffannoo miidiyaa**

- waldhabdee karaa nagaan hiikuu keessatti odeeffannoowwan barbaachisan sirnaan walitti qabuun gurmeessuu
- bakka odeeffannoo qorachuun adda baasuu
- odeeffannoo argame qorachuu
- odeeffannoo qoratame gurmeessuun qindeessuu
- odeeffannoo argame naamusa sirriin hojiirra oolchuu
- odeeffannoo argame irratti ibsa kennuu
- odeeffannoo argame irratti ibsa kennuufi sirnaan qabachuuf tekinooloojii odeeffannoo qunnamtiitti gargaaramuu.

Walumaagalatti, miidiyaan naamusa miidiyaa yoo cabse, madda waldhabdee ta'uu yoo danda'ellee, ijaarsa nageenyaatiif meeshaa humna qabeessa ta'ee kan tajaajiluudha. Teeleeviziyoona dabalatee raadiyooniin, maxxansaaleen adda addaa:

- oduufi odeeffannoowwan ijaarsa nageenyaa walitti dhufeenya hawaasaa cimsan tamsaasuuf,
- karaa idileefi al-idileen barnoota nageenyaa barsiisuuf,
- hubannoo hawaasni dhimmoota waldhabdee kaasaniifi hammeessuu danda'an irratti qabu guddisuufi,
- ogummaa waliin dubbii guddisuuf gargaaru.

**Mootummaa**

Mootummaan waldhabdee ittisuufi to'achuu keessatti gahee guddaa qaba. Mootummaan nageenya lammiilee tiksuufi olaantummaa seeraa kabajuufi kabachiisuuf dirqama dachaa qaba. Dabalataanis, mootummaan imaammattoota dinagdeefi hawaasummaa waldhabiinsa ittisuufi to'achuuf gargaaran qopheessuufi hojiirra oolchuufis gahee bakka bu'insa hinqabne qaba.

Adeemsi mootummaan waldhabdee ittisuu keessatti hordofuu qabu, haala uumamuu malu til-mamuun tooftaa dursanii argamuu kan hordofe ta'uu qaba.

Mootummaan sababiiwwan waldhabdee kanneen ijoo ta'aniif furmaata bu'uuraa: hubannoo, qorannoofi beekumsa guutuu irratti hundaa'e kennuu qaba. Adeemsaafi kallattii dogoggoraatiin rakkoo tokko hiikuuf yaaluun rakkoo sana daranuu hammeessa waan ta'eef ofeeggannoo go-chuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, muuxannoowwan qabatamoo jiran irraa mootummaan humna qofa fayyadamee waldhabdee hiikuuf yoo kan yaalu ta'e, rakkinicha furuu caalaa hammessuuyyuu mala. Haalli akkasii kun ammoo, walitti dhufeenya mootummaafi ummataas miidhuu danda'a. Adeemsa keessas, hawaasni mootummaa akka qaama tajaajila isaaf kennuufi mirga isaa kabachiisee, nageenya isaa tiksutti ilaaluu dhiisee gara ilaalcha diinummaa horachuutti ce'uu mala.

Kanaafuu, adeemsa waldhabdee ittisuufi hiikuu keessatti mootummaan gahee isaa yeroo baha-tu, madaala barbaachisu sirnaan eeguu qaba. Sababoonni waldhabdee hedduufi walxaxoo ak-kuma ta'an mootummaanis tarkaanfiilee sirreessaa fudhachuuf mala hundagaleessaafi qin-daawaa hordofuu qaba (Engdaw, 2018, f. 194).

# BOQONNAA 2: Ijaarsa Nageenyaa

## 2.1 Ijaarsa Nageenyaafi Barnoota Nageenyaa Walitti Fiduu

Ijaarsi nageenyaafi barnootni nageenyaa walitti hidhamiinsa cimaa qabu. Ijaarsi nageenyaa yaada adeemsaafi shaakala hariiroo duraan ture cimsuu, yookiin hariiroo haaraa uumuu, yookiin hariiroo duraan ture bu'uuraan jijjiiruun ibsama. Adeemsi hariiroo akkasii ijaaruu kunis haqummaafi mirgoota namummaa, fakkeenyaaf: qaamota lola qaban walitti araarsuu, tarkaafiilee haqaa deebisuu kanneen akka dhiifamaa, yookiin ijaarsa hawaasaafi jijjiirama siyasaa irratti ciminaan hojjechuu fa'a dabalata.

Hojiin ijaarsa nageenya waldhabdeefi jeequmsi hamaan osoo hinjalqabiin dura yookiin erga waldhabdeefi jeequmsi dhaabbateen booda raawwatamu mala.

Ijaarsi nageenyaa sababiiwwan bu'uuraa waldhabdee maqsuudhaan barbaachisummaa nagaan waliin jiraachuu jajjabeessa. Gabaabumatti, ijaarsi nageenyaa ijaarsa hawaasa nagaa qabeessaafi tasagabbii sadarkaalee gadii hanga oliitti gaggeeffamu irratti hundaa'a. Kunis, sadarkaa naannoofi biyyoolessaatti ijaarudhaan nimul'ata.

Gama biraatin, barnootni nageenyaa, adeemsaafi shaakalaa: a) rakkoolee dhabiinsa nageenyaaf sababa ta'an addaan baasuu, (b) ogummaawwan naga qabeessa waldhabdee ittisuu, to'achuufi hiikuuf gargaran gabbisuu, (c) ilaalchawwan nagaa qabeessa ta'an jajjabeessuu ofjalatti qabata. Dhimmoonni kunneenis karaa idileefi al-idileedhaan maatii, mana barnootaa, hiriyoota, hawaasaafi miidiyaalee irraa kanneen baratamaniidha.

Barnoonni nageenyaa akka lafee dugdaa ijaarsa nageenyaa ta'ee kan tajaajiluudha. Namni yookiin qaamni ijaarsa nageenyaa keessatti qooda fudhatu kamiyyuu ogummaa waliin dubbii naga qabeessa, safuufi safeeffannaa; namootaa, yaadaafi ilaalchota haarawaaf kabaja qabaachuu qaba. Ogummaafi muuxannoon kunniin ammoo hundee barnoota nageenyaa isaan ijoodha.

## 2.2 Qajeeltoowwaniifi Hammattoowwan Ijaarsa Nageenyaa

Qajeeltoowwaniifi hammattoowwan ijaarsa nageenyaa nama giddu-galeessa waa hundaa godhachuudhaan, walitti dhufeenya cimsuufi mala hirmaachisaa ta'een hogganamu. Qajeeltoowwaniifi hammattoowwan kunneen sababiiwwan waldhabdee bu'uuraa hiikuufi sona nagaan waliin jiraachuu jajjabeessuu irratti xiyyeeffatu. Akka Joan B. Kroc (2008) barreessetti, ijaarsi nageenyaa:

- safuu, kaayyoofi kutannoo kabaja mirgoota namummaaf barbaachisan kan qabatudha,

- kaayyoofi qabiyyeen isaa bal’aafi waldhabiinsa furuu qofaan kan madaalamu miti,
- lolaafi daba caaseffamaa gonkumaa dagachuu kan hinqabnedha,
- naamusa waltumsuufi walgargaarsa obbolummaa irratti kan hundaa’eefi waldhabdee kan hir’isuudha,
- ogummaawwan qabatamoo irratti kan hundaa’eedha,
- xiinxala haala aadaafi seenaa, sababoota waldhabdee bu’uraafi dhiphina dhaqabu ofkeessaa kan qabuudha,
- haala namoonni miira haarawaan walitti dhufanii yaada isaanii ibsatan aanjessuun, car-raa haarawaa itti muuxannoo waljijjiiraniifi waliin dubbatan kan babal’isuudha,
- cabiinsaafi dhiphina hamilee waldhabiinsa tureen dhaqabe dhidhiibuufi fayyisuun haqa mirkaneessuufi hariiroo ture bu’uuraan jijjiiruun irra deebiin ijaaruudha,
- sadarkaalee hundatti ijaarsa dandeettiifi walitti dhufeenyaa kan cimsuudha,
- adeemsa walxaxaafi qooda fudhattoota baay’ee kan qabuudha.

**Sanduuqa 2. 1: Habalaka (metaphor) qajeeltoowwaniifi hammattoowwan bu’uraa ijaarsa nageenyaa**

Guyyaa tokko dubartiin tokko bakka ijaarsaa tokko bira osoon darbaa jirtuu hojjettoota sadi dhagaa cabsaa jiran argite. Itti maquun maal hojjechaa akka jiran tokkoo tokkoo isaanii gaafatte. Hojjetaan inni jalqabaa “Ani dhagaa caccabsaan jira” jedhee deebiseef.

Hojjetaa inni lammataa gaaffii walfakkaatu gaafatameef, “Ani waantan ittiin jiraadhu argachuufan hojjedha” jedhee deebise.

Hojettuun isheen sadaffaan dhuma irratti gaaffii sana gaafatamte ammoo, “Ani hospitaala ijaaraan jira” jettee deebisteef.

**Waan irraa baratamu-** Yeroo baay’ee namoonni galma guddicha jiraataniif dhiisanii waanuma battalatti hojjetaa jiran sana; fakkeenyaf hojii humnaa kan akka dhagaa cabsuu qofa himatu. Yeroo tokko tokko ammoo, waanuma jireenya guyyaa guyyaa ittiin gaggeessan, fakkeenyaaf, galii ittiin jiraataniifi qabeenya horachuu irratti xiyyeeffatanii hojjetu; waan hojjetanis himatu.

Namoonni muraasni garuu hojii hojjetan qaama hojii mul’ataafi galma waloo kanneen akka ijaarsa hospitaalaa kan qaamonni hedduun keessatti qooda fudhataniifi waloon itti fayadaman akka ta’etti fudhachuun hojjetu, himatus.

## 2.3 Ijaarsa Aadaa Nageenyaa

Hubannoon barattoonni maalummaafi hiika aadaa irratti qabantu aadaa nageenya ijaaruu akka gabbifataniif isaan gargaara. Akka dhaabbanni UNESCO (2001) ibsutti, aadaan ibsituu meeshaalee qabatamoofi afuurawaa, currisaafi qaroomina jiruufi jireenyaa saba tokkoo yookiin garee hawaasa tokkoo kan bakka bu'uudha. Aadaan ibsituu eenyummaa kan baratamuufi ergifatamuu danda'uudha. Kunis, aartiifi ogbarruu, amala, duudhaalee, sirnoota barmaataa, sirna waaqeffannaafi amantii keessatti kan mul'atuudha.

Aadaan nageenyaa caaccuulee kanneen akka: duudhaalee, ilaalchotaafi amalootaa ofkeessatti kan qabatu yommuu ta'u; qajeeltoowwan aadaa nageenyaa kanneen ijoo ta'an ammoo, wala-bummaa, haqummaa, dimookraasii, mirgoota namoomaa, kabajaafi tumsa kan qabatudha. Aadaa nageenyaa gabbifachuun sababoota bu'uuraa waldhabdee dhabamsiisuufi waldhabdee mareen hiikuuf baay'ee barbaachisaadha.

**Aadaan nageenyaa kan baratamuu danda'uudha**

Barattootni garaagarummaa isaan gidduutti uumamu mareefi nagaan hiikkachuu yoo shaakalan gahumsa aadaa ijaarsa nageenyaa gabbifatu. Baarattoota mareefi araara garaagaraa keessatti hirmaacisuunis aadaa ijaarsa nageenyaa akka gabbifatan isaan gargaara. Barsiistootniifi leen-jistoonnis tarkaanfilee kanneen itti fufiinsaan kan jajjabeessan tanaan, barattoonni waan kana aadeffatanii qaama jireenya isaanii godhatu.

Yaad-rimeen aadaa nageenyaa duudhaalee, sirnoota amantiifi qulqullummaa of-keessatti qabata. Dabalataanis, beekusaafi teekinooloojiiwwan xabboo, barsiifataaleefi meeshaalee mi-idhaginaa aadaawaa ofkeessaa qaba.

Bakka mirgootni namummaafi hedduuminni aadaalee kabaja argatutti; bakka jaalalliifi tokkum-maan jirutti; bakka jibbiifi waldhabdeen fudhatama dhabeefi fedhiin hawaasa dimokraatawaa ta'e ijaaruu jiru hundatti, aadaan nageenyaa dagaagaa deema.

**Ubuuntuu**

Jechi Ubuuntuu jedhamu Afrikaa Kibbatti jecha warra saba Baantuu ta'ee, hiikkaan isaas "na-moota biroof ilaalcha namummaa qabaachuun aadaa Afrikaa isa xabboo hubachuuf iddoo olaa-naa kan qabuudha.

Ummattoonni biyya keenyaa, addatti ammoo, horsiisee bultoonni, jireenya waloofi qabenya wa-loon fayyadamu. Miirri jireenya waloo akkasii hawaasa keessa jiraachuun kun aadaan nageen-yaa hawaasa keessa jiru tattaaffii, fedhiifi bu'aa waloo isaanii ta'uu isaa hubachuun barbaachi-saadha.

**Sanduuqa 2.2: "Dhiifama malee egereen hinjiraatu" (Desmond Tutu,1999)**

Yaanni 'Ubuuntuu' jedhu yaada gadifageenya qabuufi afaanota birootti hiikuun baay'ee ulfaataadha. Ubuntuun falaasama, amalaafi eenyummaa namummaa isa bu'uuraa ibsudha. Haala kanaan, wayita nama jaallatan tokko galateeffachuu /faarsuu/jajuu, barbaadan "Yu, ubuntu", "hey, so-and-so has Ubuntu." jedhu. Kana jechuun, ati nama arjaa waan qabu namaaf qoodu, nama jaalalaa, nama obsaaafi naatoo qabeessa jechuudha. Kana jechuunis "jireenyi eenyummaafi namummaa kiyyaa jireenya eenyummaa kee irratti hundaa'a; Eyunyummaan nama tokkoo kan ibsamu namni biraan yoo jiraatee qofaadha; Eenyummaan keenyaa eenyummaa kanneen biroon ibsama jechuudha.
Bu'uura falaasama yaada kanaan yaanni fudhatama qabu ilaalcha "nama ta'ee beekamuun kiyya nama ta'uu kiyya waanatan beekuufi osoo hintaane, namoota biroo waliin waanan jiraadhuuf, waliin hirmaadhuufi waliin qooddadhuufi" kan jedhuudha.

Namni ilaalcha Ubuuntuu qabu, nama sammuu banaafi naatoo qabu, namatti dhiyaatu, namoota biroo kabajuufi gargaaru, hinaaffaafi sodaa irraa bilisa ta'eefi namoota biroo akka ofii isaatti ilaaluudha (fuula 31-32).


## 2.4 Eenyummaa, Garaagarummaafi Ijaarsa Nageenyaa

Eenyummaan tokkummaa hawaasaa /biyyaa cimsuus ta'e miidhuu danda'a. Wantoota waliin qabaniifi qooddatan irratti namoota walitti akkuma fiduu danda'u, garaagarummaa namoonni qabaniin ammoo, gargar fageessuu danda'a. Eenyummaan akkaataa namoonni ofii isaanii itti ilaalaniifi fudhatan; akkaataa namoonni biroon itti namoota kanniin ilaaluu qabu jedhanii yaadan; akkaataa namoonni biroon kunneen ittiin nufudhataniifi ilaalan jedhanii yaadan irratti hundaa'a.

Fakkeenyaaf, mucaan Sudaan Kibbaa irraa koolugaltummaan Itoophiyaa keessa jiraatu tokko, mataa isaa akka gosa Dinkaa jedhamu irraa dhalate, abbaafi haadha isaa irraa adda bahee, garuu ammoo akka barataa cimaa tokkotti of-ilaaluu danda'a. Namoonni biroon ammoo, nama qaama fayyaa qabu garuu ammoo, ba'aafi carraa dukkanaa'aa Sudaan Kibbaa keessa jiru waliin walqabsiisanii ilaalu. Mucaan garuu namoonni kunneen akka dargaggeessa qaxaleefi baqataa ta'etti nahubatu jedhee yaaduu mala.

Namni yookiin gareen tokko eenyummaa tokkoo ol qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee, guu-tummaa eenyummaa nama yookiin garee tokkoo karaa guutuu ta'een hubachuuf yaaluurra, eenyummaa hedduu kessaa tokkicha, keessattuu eenyummaa isa gaarii hinjedhamneen adda baasuufi enyummaa isaanii xiqqeessuun madda waldhabdee ta'uu danda'a.

***Fakkii 2.1: Caasaa eenyummaa***




Eenyummaan addummaa namni yookiin gareen tokko namoota yookiin gareewwan biroo waliin qabuufi walfakkeenya kanneen biroo hafan waliin qaban irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u; heddu-umminni ammoo, bal'ina garaagarummaafi addummaa kanneen akka gosummaa, sabummaa, koornayaa, sadarkaa hawaas-diinagdee, umurii, haala qaamaa, ilalcha amantaa, ilaalcha siyaa-saafi kan kana fakkaatan  irratti fuulleffata.

Haala qabatama Itoophiyaatiin hedduumminni, akka madda ciminaatti ilaalamuu qaba. Faallaa kanaan, garaagarummaa dimshaashaan sodaachuu, jibbuufi balleessuudhaaf yaaluun, madda waldhabinsaafi jeequmsaa ta'uu danda'a. Qajeelummaan yoo ilaalame garuu, hedduuminni wal-danda'uufi waltumsuu waan argamsiisuuf qabeenya guddaa ijaarsa nageenyaaf bu'uura cimaa ta'udha. Haala qabatamaa Itoophiyaa kan saboonniifi sablammoonni hedduun keessa jiraatanitti, eenyummaafi hedduuminni dhimmoota walitti hidhatanii jiraniidha. Walumaagalatti, saboonni afaan, amantaa, saalaafi haala jireenya garaagaraan yoo walitti dhufan hawaasa hedduumina qabu ijaaru.

Gareewwan eenyummaa adda addaa qaban kunneen: waliin hojjechuu, waliin jiraachuufi galma tokkoof tumsuu danda'uun, aadaa ijaarsa nageenyaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qabaata.

Seenaan muuxannoo milkaa'ina hawaasa Booranaafi Gabraa armaan gaditti dhiyaate, akkaataa gareewwan eenyummaa garaagaraa qaban qooda fudhattoota adda addaa hirmaachisuun wald-habdee ture furuun nageenya bu'uuraa ijaarratan mirkaneessa.

**Sanduuqa 2.3: Seenaa Milkaa'inaa Ijaarsa Nageenyaa**

**Fakkeenya A. Muuxannoo Milkaa'inaa Hawaasa Booranaafi Gabraa**

Adeemsi nageenyaa waggoota jahaaf gaggeessitoota hawaasaa aadawaan durfamuufi dubartoota nagaa labsan, dargaggoota horsiisee bulaafi mootummoota Itophiyaafi Keeniyaan deeggarame hawaasa horsiisee bulaa bal'aa Booranaafi Gabraa daangaa Itooyoophiyaafi Keeniyaatti waldhab-dee keessa turan bara 2001 walitti fiduun araara buusuu danda'ee jira (Scott-Villiers et al. 2011). Adeemsa araaraa kana keessatti, qabiyyeen araaraa kanneen akka dhiifama walii gochuu, warra waldhabdee keessatti miidhamaniifi haqi jalaa dhokateef haqa deebisuufi hirphuu; warra nannoo isaanii irraa buqqa'an deebisanii ijaaruu; yeroo hongeen mudatutti lafa dheedni jiru banaa gochuun waloon fayyadamuu fa'a qabata.

Waltajjiiwwan araaraa qaamota bebbeekamoo hirmaachisee gaggeeffamaa ture kana keessatti, mootummoonni Keeniyaafi Itoophiyaa imaammata loogii irraa bilisa ta'ee hordofuun rakkoon ture, mareefi waliigaltee gaggeessitoota aadawaafi mootummaa karaa hirmaachiseen akka hiikkatu deeggarsa guddaa godhanii jiru. Qabiyyeewwan milkaa'ina araara kanaaf barbaachisoo ta'an ilaalchisee jaarsoliin dhimmoota murteessoo armaan gadii afran:

1. Duudhaafi safuu,
2. Seera,
3. Waliin dubbii/maree fi
4. Hordoffiifi to'annoo lammiiwwaniifi poolisii xiyyeeffannoo guddaan kaasani jiru.

Dabalataanis, ka'umsi waldhabiinsaa hedduufi walxaxaa ta'uu akka danda'u, fakkeenyota kanneen akka tutuqqaa siyaasaa, dargaggootni magaalaa dagatamuufi hojidhabdummaan, keessattuu, magaalota akka Marsaabiitiifi Moyaalee keessatti sababa waldhabdee ta'anii akka turan jaarsoliin dhugaa bahaniiru.

Adeemsi ijaarsa nageenyaa kun aadaa ormaa irraa ergifatamee harka ormaan kan qajeelfame osoo hintaane, mala aadawaa fudhatama qabuufi xiinxala guutuu hawaasummaafi siyaasaa gaggeessitoota hawaasa Booranaafi Gabraan dabaalamee kan jalqabameefi raaw-watameedha.

Adeemsi ijaarsa nageenyaa Booranaafi Gabraa kun, rakkoolee bu'uuraa sadii (bulchiinsaa, siyaasa qoodinsaafi walitti dhufeenyi hawaasaa laafuu) hundeedhaan furuu irratti kan bu'uureffate ta'uun isaa yaaliiwwan ijaarsa nageenyaa biroo dhimmoota murtaa'an qofa irratti xiyyeeffatee raawwatamu irraa adda taasisa.

Madda: (Pavanello & Scott-Villiers, 2013)

**Fakkenya B: Muuxannoo Milkaa’inaa Maanguddoota Gaamoo**

Biyya keenya keessatti, muxannoon milkaa’inaa kan biraan dhiyeenya kana argame hojii maanguddoonni saba Gaamoo magaalaa Arbaaminci keessatti lola gareen muraasni dhaabbilee daldalaa Oromootaa kanneen akka: baankiifi suuqiiwwanii irratti tarkaanfii fudhachuuf qiyyaaffatee ture mala aadawaafi dudhaa boonsaa qabaniin dura dhaabbatanii badii dhaqabuuf ture hambisaniidha. Jeequmsi kun walitti bu’iinsa Fulbaana 2010/2018 humnoonni siyaasaa muraasni fedhii ofii galmaan gahuuf jecha magaalaa Buraayyuutti lola sabaa fakkeessuun jiraattota magaalattii Oromootaafi Saba Gaamoo walitti buusuun lubbuu namaa badeefi qabeenya barbadaa’e ka’umsa godhachuun badiin walfakaatu magaalaa Arbaamincittis akka babal’atu gochuuf kan yaalame ture.

Wayita dargaggoonni saba Gaamoo murtaa’an ijaaramanii dhaabbilee daldalaa Oromootaa Magaalaa Arbaaminci keessa jiran irratti tarkaanfii fudhachuuf miiraan socho’anitti, maanguddoonni Gaamoo ammoo, akka aadaa isaaniitti marga jiidhaa qabatanii, jilba dargaggoota sanaa irratti kufuun “qabeenya Oromootaatti hinbu’iinaa” jedhanii kadhachuun badii dhaqabuu malu hambisuu danda’anii jiru. Gochiifi ogummaan manguddoota Gaamoo kun eebbifamaafi baay’ee dinqisiifamaa seenaa muuxannoo milkaa’inaa guddaa tokko ta’ee fudhatama.

# BOQONNAA 3: Amaloota Gaarii Jajjabeessuu

## 3.1 Barnoota Nageenyaafi Naamusaa

Barnoonni nageenyaa barattoonni beekumsa, dandeettiifi ilaalcha gaarii akka gabbifataniif gahee olaanaa qaba. Hunda caalaa, waldhabdeen hawaasa gidduutti uumamu gara jeequmsaatti akka hinjijjiiramne ittisa. Hawaasa gidduutti waldhabdeen uumamu gara jeequmsaatti osoo hinjijjiiramiin waliin ta'uun yookiin tokkummaan furmaata akka argatu taasisa. Akkasumas, barnoonni nageenyaa barattoonni waa'ee mataa isaanii sirriitti akka beekaniifi walitti dhufeenya gaarii hawaasa waliin akka qabaatan taasisa.

Itoophiyaa keessa sabaafi sablammoota hedduu aadaa garaagaraa qabaniitu waliin jiraata. Namoota biroo wajjiin walitti dhufeenya nuti taasisnu hundi walamantaa hawaasa gidduuttii akka dagaaguuf gahee olaanaa qaba. Tokkoon tokkoon keenya walii walii keenyaaf itti gaafatamummaa nageenya keenya eegsisuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, dhimmoota kabaja namummaa ibsan kanneen akka namoota biroof birmachuu fa'a of keessatti hammata. Naamusni jireenya keenyaa walitti dhufeenya nuti namoota biroo waliin qabnuun ibsama. Innis, kabaja, itti gaafatamummaa, eegumsaa nuti waliif taasisnuufi ilaalcha ofittummaa kan of keessaa hin qabne kanneen biroof qabaachuu of jalatti qabata.

Itoophiyaa keessatti, safuufi naamusni cabuu, haqa-maleessummaafi jeequmsi babal'achaa dhufuun taatee mul'achaa jiruudha. Kana irraa kan ka'e lammiileen biyyattii burjaajjii keessa seenaa jira. Sababa tasgabbiin dhabamuufi jeequmsi baballataa dhufeen namoonni qe'ee isaanii irraa gara naannoo yookiin biyya birootti baqachaa jiru. Duudhaafi haalli jiruufi jireenyaa naannoo yookiin biyya isaan itti baqatan haaraa isaanitti ta'uun rakkoolee adda addaaf saaxilamu.

Namoonni gariin jeequmsaafi wal-qoqqoodinsa mullataa jiru arguurraan kan ka'e miirri homaa gochuu dadhabuu isaanitti dhaga'ama. Hiyyummaan baballachaa adeemuufi walqixxummaan dhala namaa dhabamuu irraan kan ka'e, namoonni muraasni immoo namoota biroo faana akka itti jiraataniifi yaada waliif qoodan dhabuun miidhaan isaan irra gahaa jira. Jiruufi jireenya hawaasa addunyaa kana keessatti, qormaatawwan naamusaa gaarii hin taane yeroon fiduun wallaansoo walqabaa jiraanna. Bifuma walfakkaatuun, qormaatawwan naannoo keenyaatti mullataniif naamusa gaarii hawaasa keessa jiruun furmaata yookiin deebii kennuuf sochiileen adda addaa taasifamaa jira.

Naamusni gaarii dhimmoota akka walitti dhufeenya hawaasaa, kabaja duudhaalee adda addaafi miira hawaasummaa ijaaruufi dagaagsuuf bu'uuradha. Akkasumas, naamusni gaariin dhimmoota

dagaaginaafi tasgabbiin jiraachuuf rakkoo ta'an irratti xiyyeeffata. Kana malees, dhimmoota haqa-maleessummaafi jeequmsa mudataniif ariitiin furmaata kennuu, walitti dhufeenyi gaarii addaan cite ture hawaasaa gidduutti akka haaromfamaniif gargaara.

Naamusni gaarii hawaasa keessa jiru dhimmoota gareen tokko sirriidha yookiin sirrii mitii jedhanii adda baasuu miti. Adeemsa jiruufi jireenya hawaasa keessatti ilaalchaafi gochaalee adda addaa walitti hidhaminsa hawaasaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'u irratti xiyyeeffatudha. Haaluma walfakkaatuun, mirga namummaa akka eegamuufi tikfamuu mirkaneessuuf gahee akka nama tokkootti bahuu qabnu raawwachuu kan akeekudha.

Naamusni gaariin handhuura barnoota nageenyaati. Haaluma kanaan, barnoonni nageenyaa fedhii uumamaan barattoonni qaban, amantiifi saala osoo giddugaleessa hin godhatiin namoota biroof ilaalcha gaariifi eegumsa mirga namoomaafi walitti dhufeenya kan dagaagsuudha. Barnoonni nageenyaa akka barattoonni murtoowwan dabarsuu danda'aniifi hubannoo gahaa argachuun qaramanii bahan taasisa. Barnoonni nageenyaa barattoonni garaagarummaa akka hubatan, kabajaniifi beekamtii kennaniif gochuudhaan hariiroo gaarii akka dagaagfatan isaan gargaara. Barnoonni nageenyaa duudhaalee naamusa gaarii irratti hundaa'un hawaasni akka waliin jiraataniif bu'uura ta'an keessaa isa tokkodha. Haqa-maleessummaafi wal qoqqoodinsa uumamuuf furmaata kennuuf hubannoo gahaafi gahumsa qabaachuu qabna. Bifuma walfakkaatuun, barnoonni nageenyaa kabaja mirgoota namoomaafi kabaja namummaa hawaasa hundaa akka eegamuuf gahee olaanaa qaba.Ta'uyyuu:

1. Jireenya waloo keessatti rakkoolee mudachaa jiran furuuf Itoophiyaa keesatti maaltu hojjetamaa jira?
2. Garaagarummaa kabajanii waliin jiraachuu akka danda'anitti barattoota keenya haala kamiin gargaaraa jirra?
3. Naamusaa, duudhaaleefi gahumsa gadi fageenyaan yaaduu barattootaa haala kamiin dagaagsuu dandeenya?

Barnoonni nageenyaa gaaffilee kanneeniif deebii gahaa kennuuf meeshaaleefi mala baruu barsiisuu qabatamaa karaa guutuu ta'een nuufdhiyeessa.

## 3.2 Dhiyeessa Barnoota Nageenyaa Mirga Namoomaa Bu'uureffate

Kaayyoon barnoota nageenyaa inni ijoon, kabaja namummaa nama hundaati. Dhiyeessi barnoota nageenyaa mirga namoomaa bu'uureffate, eegumsaafi hunda galeessummaa mirga namoomaa mirkaneessa.

**Sanduuqa 3.1: Dhiyeessiin mirga namoomaa irratti xiyyeeffate maali?**

Barnoonni nageenyaa yaadrimee mirgoota namoomaafi kabaja namummaa irratti kan hun-daa'edha. Yaadrimeen kabaja namummaa wiirtuu meeshaalee mirgoota namoomaa keessaa isa ijoodha. Kabajni uumama dhala namaa irraa adda bahuu kan hindandeenyedha. Innis, qaama na-moomaati. Kabajni namummaa namni bakka bu'aa kan hinqabne ta'uu mul'isa. Kabajni na-mummaa kan mulqamuu hindandeenyeefi namarraa fudhatamuu gonkumaa kan hindan-da'amnedha. Mirgoonni namoomaa nama hundaaf walqixa kan kennameefi garaagarummaa aadaa irratti osoo hinhundaa'iin dhalli namaa hunduu mirgoota bu'uuraa walqixa ta'e qabu. Kunis, gochaa-leen kabaja namummaa faallessan kan akka: rakkisuu/hiraarsuu, salphisuu, garbummaa, saamicha humna namaafi qoqqooddaan kanneen dhorkamaniidha.

Waliigalteen mirgoota daa'imanii (CRC)-n keeyyaata 29 dhiyeessa hammattoo mirga daa'imman barnoota qulqullina qabu argachuu akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

- Namummaa, dandeettiiwwan addaa, dandeettiiwwan sammuufi qaamaa daa'imaa hanga dandeettii isa dhumaatti guddisuu;
- Mirgoota namoomaafi yaada bilisa bu'uuraa qajeelfamoota Chaartera Mootummoota Gamtoomanii keessatti eeramaniin kabajaan guddisuu;
- Maatii daa'imaaf, eenyummaa aadaa, afaaniifi duudhaalee isaaf yookaan isheef, duudhaalee biyyaalessaa biyyi daa'imman keessa jiraatuu, biyya hidda dhalootaa daa'immaniifi qaroonnoo adda ta'aniif kabaja qaban guddisuu;
- Kabaja uumama naannoof qaban guddisuu.
- Hawaasa bilisa ta'e keessatti, walhubannaa, nageenya, waldandanda'uu, walqixxummaa saalaafi hiriyummaatiin, sabootaa, amantaaleefi namoota asilii (indigenous) tahan hun-da keessatti jireenya itti gaafatamummaa qabuuf daa'ima qopheessuu.

Duudhaaleen waliigaltee mirgoota daa'imnii kun, daa'imman hirmaannaa hiika qabeessa akka shaakalan taasisa. Adeemsi daa'imman namoota waliin dubbachuufi yaada waljijjiiruuf taasisan itti gaafatamummaa daa'immanii, duudhaa kabaja namaaf qaban gabbisuufi lammii dammaqaa horachuuf gargaara. Haaluma kanaan, barnootni nageenyaa daa'imman dandeettiifi gahumsa diimokiraasiin hubannoo akka gabbifataniif dhiibbaa taasisa. Sababa kanaaf, barnoonni nageen-yaa hawaasa naga-qabeessaafi waliinjireenya beeku uumuuf daa'immaan ogummaawwan bar-baachisoo ta'an akka: dandeettii, beekumsaafi ilaalcha gaarii horataniif gahee guddaa qaba. Dabalataanis, barnootichi barattoonni dandeetti olaanaafi miira tasgabbaa'aa akka horataniifis nigumaacha. Akkasumas, namoota waliin hariiroo gariifi yaadaan akka walhubataniif gahee olaanaa qaba.

**Sanduuqa 3.2. Waliigaltee Mirgoota Daa'immanii**

Chaarterarri waliigalteen mirgoota daa'imanii (CRC) keeyyaatni 12 keessatti, daa'immman mirgoota dubbachuufi dhagahamuu akka qaban ibsa. Haaluma kanaan, ''Daa'imman hawaasa keessatti jireenya fedhii isaanii iratti hundaa'een akka qaama hawaasa tokkootti mirga jiraachuu qabu. Dabalataanis, waliigalteen kun, nageenyaa, kabaja, waldanda'uu, bilisummaa, walqixxummaafi miira tokkummaa daa'immanii guddisuu ofkeessatti qabata.'' Kana jechuun daa'imman qaamolee murtoo adda addaa dabarsan keessatti hirmaachuuf mirga qabu. Isaanis, murtoowwan maatii, mana barnootaa, jiruufi jireenya isaaniif barbaachisoo ta'an keessatti hirmaachuun mirga dhiibbaa taasisuu argachuu qabaatu jechuudha.

## 3.3. Barnoota Nageenyaan Naamusa Gaarii Jajjabeessuu

1. Barattoonni ofii isaaniifi namoota biroof kabaja namummaa akka qabaatan, duudhaa hawaasaa akka dinqisiifataniifi ilaalcha gaarii horachuu akka danda'an akkamiin deggaruu dandenya?
2. Fedhiiwwan waloo namoomaaf akkamiin deebii kennuu dandeenya?

Barnoonni nageenyaa amalootaafi gochaaleen naamusa gaarii akka dagaaganiifi fedhii hawaasa hedduuf deebii kan kennuudha. Garaagarummaa aadaafi amantii irratti hubannoo gabbifachuu, naannoowwan barnoota daa'immanii tasgabbaa'aa akka ta'u taasisa. Barnoonni kun, eenyummaan daa'immaniifi namoota biroo kabaja akka argatu dhiibbaa taasisa. Akkasumas, daa'imman waan ta'uu barbaadan akka ta'aniif, namoota biroo waliin hariiroofi walitti dhufeenya gaarii akka horatan gargaara.

Kana malees, haala naannoo isaanii fooyyessuu keessatti gumaacha akka taasisaniif mijataa ta'u mirkaneessuuf gumaacha. Barattoonni walitti dhufeenyaa namoota biroo waliin taasisaniifi eenyummaa ofiifi kan namoota biroo irratti aadaa dinqisiifannaa akka guddifataniifi tasgabbiin akka jiraatu dhugoomsuuf barnootni nageenyaa gumaacha olaanaa taasisa.

Walta'insi hawaasaa gidduu jiraachuun, saboota adda addaaf kabaja kennuufi milkaa'ina barnootichaaf gumaacha. Walta'insi kun, ijoolleefi dargaggeeyyiin hawaasa keessatti eessa of kaa'uu akka barbaadan kan akeekuufi hubannoo walitti dhufeenya namoota biroo wajjin ummachuu qaban akka adda baasan taasisa. Akkasumas, ijoolleefi darggaggoonni akka qaama hawaasaatti gulantaa kam jalatti akka ramadaman adda baafachuufi gahee hawaasa keessatti qaban akka hubataniif isaan gargaara.


Walta'insi hawaasaa sababa uumama namummaafi itti gaafatamummaa nurraa eeggamu galmaan yoo geenye ijoollonniifi darggaggoonni dabaree isaanii eeggatanii miira itti gaafatummaafi jaalala hawaasaa akka horatan taasisa.

Walta'insi dhuudhaa ganamaan hawaasa gidduu jiru jecha "Ubuntu" jedhamuun akka itti aanuutti yoo ibsamu: "Ubuntuu" jechuunis "Eenyummaa kiyyaaf sababni, jiraachuu keeti (I'm because you are)" jechuudha. Ubuntuun falaasama yaada  namoomaa Afirikaa: Namni nama ta'uu qofaan kabaja maluuf kennuufi namummaan keenyaas jiraachuu namoota biraa irratti kan  hunda'uu ta'uu kan akeekudha. Ubuntuun xiyyeeffannaa walta'insa hawaasa gidduu sababa namoomaa qofaan   walii galteen jiraachuu, wal hubachuu, wal kabajuufi  namni nama kan jedhamu sababa namni biroon jiruuf ta'uu kan eerudha.

Yaadni ijoo falaasama Ubuntuu walta'insa hawaasaafi kabajni dhala namaa hundaaf taasifamu, bu'uura namoomaa qofaan ta'uu ibsa. Kabajni amantaalee, aadaalee, heduminaafi qaroomman garaagaraa addunyaa irra jiraniif taasifamu, giddu galeessi isaa kabajaafi fudhatama duudhaaleen keenya hawaasa biroo  biratti ittiin ilaalamuu qabu nuti barbaadnu sanadha. Kabajaafi walhubachuun itti gaafatummaa dhuunfaafi gareen nama irraa eegamu gochaan agarsiisuun araaraaf kan nama qopheessudha.

# BOQONNAA 4: Ga'umsa Qaamolee Nageenya Ijaaranii Cimsuu

*Fakkii 4.1. Ga'umsa Qaamolee Nageenya Ijaaruuf Barbaachisan*




*Madda: Arigatou International, bara 2008 irraa fudhatame*

## 4.1 Of beekuu

Walta'insi amansiisaa ta'e hawaasa gidduutti akka jiraatuuf hariiroon gaarii namoota gidduutti dagaaguu qaba. Kunis, galma ga'uu kan danda'u walitti dhufeenya keenyaa keessatti akkamiin akka deemuu qabnuufi eenyummaa keenya sirriitti yoo beekne qofa ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Namoonni baratan walitti dhufeenya namoota biroo waliin uuqaban irratti dhiibbaa geessisuu dannda'u. Ofbeekuun, eenyummaa keenya sirriitti akka hubannu, kaka'umsaafi fedhii keenya adda baasnee fooyyeffachuuf nugargaara. Barattoonni hubannoo cimsachuun , hanqinaa isaanii beekuun, fedhiifi deggarsa hawaasaa qaban beekuun murtoofi nageenya ijaaruu keessatti hirmaachuu qabu.

## 4.2 Dandeettiiwwan waliin dubbii

Dandeettiiwwan waliin dubbii jechootaafi sagale-maleeyyiin namoota lamaafi isaa ol gidduutti kan taasifamudha. Kunis, dandeettiiwwan waliin dubbii akaakuu adda addaa qabaachuu agarsiisa. Gammachuufi milkaa'inni namni dhuunfaa guyyaa guyyaan argatu/tu, walitti dhufeenya namoota biroo waliin qaban irratti hunda'a. Walitti dhufeenyi gaarii namoota gidduu ture, sababa adda addaan cituu danda'a. Haaluma walfakkaatuun, milka'aanni walitti-dhufeenyi hawaasni hollaa waliin qabu kan ittiin madaalamu dandeettii isaan namoota irratti dhiibbaa taasisuun gara faayada qabeessummaatti jijjiiruu danda'aniniidha. Dandeettiiwwan waliin dubbii akka dagaagu taasisuun bu'aa armaan gadii qaba. Isaanis:

**Barachuuf**: Dandeettiin waliin dubbii nuti qabnu waa'ee namoota biroo, naannoo keenyaafi ofii keenyaa beekuuf nu gargaara. Waa'ee keenya namoota biroo waliin dudubbachuun waan nutti dhagahamu, yaadaafi amaloota keenya irratti duub-deebii gatii qabu arganna. Dubbiifi duub-deebii sanaan immoo akkamitti ofii keenya namootatti akka dhiyeessinu: eenyutu nu jaallata, eenyutu nu jibba, maaliif? Kan jedhu adda baasuuf gargaara.

**Walitti dhufeenyaaf**:-Dandeettiin waliin dubbii nuti qabnu namoota birootti siquuf nu gargaara. Dandeettii waliin dubbii keenyaan jaalalaafi hiriyyumaa qooddanna; akkasumas, hiriyyummaafi jaalala namoota biroof qabnu ittiin dagaagsina.

**Dhiibbaa taasisuuf**: waliin dubbiin keenya walitti-dhufeenya namoota biroo waliin qabnu keessatti, amalootaafi ilaalchota namoota biroo irratti dhiibbaa taasisa.

**Taphoota adda addaaf**: Dandeettiin waliin dubbii nuti qabnu, dandeettii taphoota adda addaa gabbifachuuf nu gargaara. Fakkeenyaaf, hojiiwwan keenya tooraan/dabareen akka haasofnu, waa'ee ispoortii akka mariyannu, sheekkoofi oduu durii akka walitti himnuuf nugargaaruu danda'a.

**Ittiin gargaaramuuf**: Barsiisonni baratootta isaaniif qajeelcha kan kennan karaa waliin dubbiiti. Akkuma kana hiriyyaa keenya osoo kubbaa miilaa taphatuu miilli isaa cabe gargaaruuf yookiin miiltoowwan hojii keenya waa'ee dhiphuu hojii ittiin mariisisuuf gargaara. Gabaabumatti, dandeettiwwaniifi ga'umsi waliin dubbii nageenya hawaasaa ijaaruuf bu'uuradha.

## 4.3 Dandeettiiwwan Dhaggeeffachuu

**Nageenya ijaaruu keessatti dhaggeeffachuun maaliif barbaachise?**

Waliin dubbiin bu'a qabeessi waldhaggeeffachuu irraa jalqaba. Addunyaa naannoo keenya jiru hubachuuf, nageenya buusuu keessatti hiree qabaachuuf, maatii keenya keessatti dhageettii

horachuuf, dandeettii dhageeffachuu qabaachuun murteessaadha. Dandeettiin dhaggeeffachuu ergaa qofa fudhachuu osoo hintaane, wanta dubbatame sirriitti caqasuun, waan dubbatame sirri-tii hiikuun, walhubachuu dadhabuun akka hin uumamne dhorkuudha. Dhaggeeffachuun hariiroo namootaa keessatti lafee dugdaati; furtuu ittiin namoota biroo faana yaada waljijjiirrudha.

**Akkamitti akka dhaggeeffannu barachuu dandeenyaa?**

Akkuma ga'umsa biroo barrannee hubannoo argachuu dandeenyu, dandeettii dhaggeeffachuus barumsaan argachuu nidandeenya. Dhaggeefachuun namoota hubachuuf, kabajuufi fudhatama qabachuuf tarkaanfii isa jalqabaati. Dhaggeeffachuun: nageenyaa buusuuf, nageenya ijaaruuf, walitti dhufeenya gaarii namootaa wajjin qabaachuuf nugargaara.

Dhaggeeffachuun barsiisotaaf murteessaadha. Sababiin isaas, dhaggeeffachuun: barattoota barsiisuuf, rakkoowwan naannoo isaanii jiran hubachuufi ilaalcha haawaasaa duraan jiru jijjiruuf nugargaara. Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti, barsiisonni barattoota isaanii sirriitti hubachuuf, nageenya buusuuf, akkasumas hawaasa gidduutti jijjiirama amalaa fiduuf yaada isaanii dhaggeffachuun barbaachisaadha. Dandeettii dhaggeeffannaa gaarii horachuun salphaa miti. Shaakala yeroo dheeraafi obsa barbaada! Dandeettiiwwan dhaggeefachuu gabbifachuuf qabxiiwwan shaakalaa kurnan armaan gadii gareen raawwachuun faayidaa qaba.

**Sanduuqa 4.1. Tooftaalee dandeettii dhaggeeffachuu gabbisan**

1. Nama haasawaa jiru irratti xiyyeeffachuufi wantota haasawa isaa/ishee jeequu danda'an dhabamsiisuu.
2. Dhaggeeffachuun yeroo waan fudhatuuf, obsa qabaachuu feesisa
3. Miira hunda hirmaachisuu: dhaggeeffachuun xiyyeeffannaa sammuu, agartuu, qor-qalbii barbaada.
4. Qalbiin caqasuu: Dhaggeeffachuun walhubachuu, kabajuufi fudhatama qabachuuf fur-tuudha.
5. Nama dubbataa jiru sirriitti hordofuufi miira isaa/shee hubachuu
6. Mallattoolee adda addaa (mataa raasuu, nyaaraan tuquu, fuula tolu mul'isuufi kkf) agarsi-isuun akka dhaggeeffataafi hubataa jirtu agarsiisuu
7. Akka walhubachuu dhabuun hinjiraanneef, gaaffilee siif hingalle gaafachuun hubannoo doggoggoraa hambisuu
8. Dhimma dubbatamaa jiru qajeelloon hubachuuf, waanta dubbatmaa ture bifa calaqqeen cuunfanii mirkaneessuu
9. Gudunfuuf hin ariifatiin: akka siif ibsamu waan barbaaddu sana gaafadhu; wanti ati hubatte sirrii ta'uu isaa mirkaneessuuf, akka irra siif deebi'amu taasisi. ubachuu jechuun dirqama waanta dubbatame faana walii galuu jechuu miti.

   Garaagarummaa aadaa, koorniyaa,amantaa, yaadaafi tilmaamaa jiraachuu hubachuu

## 4.4 Dandeettii Walta'insa Aad-daneessummaa Itoophiyaa

Dandeettiin walta'iinsa aad-daneessummaa Itiyoophiyaa keessa akka jiraatuuf sababoota hed-duutu jira. Kanneen keessaa afur (nageenya, dinagdeefi teekinooloojii, ofbeekuufi naamusa gaarii) akka armaan gaditti ibsamanii jiru.

### 1. Nageenya

Dhimmi ijoon as jalatti ka'uu malu: garaagarummaa saalaa, umurii, sanyii, qooqaafi amantii qab-nuun waliin jiraachuu nidandeenyaa? Kan jedhu dha. Yeroo durii irraa kaasee hariiroon aadaa garaa garaa keessa ture, haala waliin jireenya keenya har'aa irratti dhiibbaa qaqqabsiiseera. Nageenyi osoo hinjiraatiin walitti dhufeenya egeree yaaduun hinjiraatu. Walta'iinsiifi hariiroon aad-daneessummaa bu'uura nagaafi tasgabbii biyyoota gaanfa Afrikaaf faladha/furmaatadha.

### 2. Dinagdeefi teekinooloojii

Dandeettiin walta'iinsa aad-daneessummaa, jijjiirama hariiroo idil-addunyaa keessatti dhimma murteessaa tahaa dhufeera.  Dargaggootni karoora hojii idile-adduunyaa keessatti qooda fudhachuuf dandeettii waliin dubbiifi walitii dhufeenya namoota waliin qaban dagaagfachuu qabu. Dhaabbata dinagdee adda addaa yoo oomisha isaanii gabaa addunyaafi biyyaa keessa jiru keessatti gabaaf dhiyeesuu barbaadan, hojjattoota aadaafi muxannoo adda addaa qaban hirmaachisuun qacaruutu irraa eegama.

Dhaabbattoonni kunniin, gaggeessitoota afaanotaafi aadaalee naannoo adda addaafi biyyoota ollaa beekaniifi muxannoo adda addaa qaban fayyadamuun barbaachisaadha. Barri nuti amma keessa jirru kun, yeroo itti namootni, aadaa, hojiifi yaadaan walitti hidhamee jirudha. Dandeettiin waliin dubbii aadaafi duudhaa naannoo addaa addaa Itiyoophiyaa keesa jiran qabaachuun murteeessaa dha. Keessumaa immoo dhaloota booriif baayyee barbaachisaadha. Kanaafuu, barattoota naannoolee biyyittii adda addaa keessa jiran, waktii boqonnaatti walitti fiduun aadaa walii akka walirraa baratan jajjabeessuu feesisa.

**Ofbeekuu**

Beekumsi aadaalee, aadaa keenya gadifageenyaan akka beeknuuf nu gargaara. Qo'annoon waa'ee aadaa saba biraa adeemsa nuti aadaa kan biraa beekuudhaaf yaalluun jalqaba; dhumni isaas immoo eenyummaaa keenyaafi aadaa keenya akka beeknuuf nu gargaara. Nuti yoo aadaa namoota biroo kabajne isaanis immoo deebisanii aadaa keenya kabaju. Haala kanaan aadaa walii kabjuunifi dinqisiifachuun nageenya ijaaruu keessatti bu'ura guddaa taha.

**Naamusa**

Addunyaa sabdaneessaa, kan uummattoonni seenduubee aadaalee garaagaraa  qaban keessa jraataniifi waliin hojjetan keessatti, rakkoleen alnaamusummaafi dandeettii walta'iinsa aaddaneessummaatiin furamuu danda'an uumamuu mala. Naamusini sirna qajeeltoowwan amala namoota dhuunfaafi garee qoratudha.  Qajeeltowwan naamusaa kunniinis, ilaalcha hawaasni toko waan gaariifi gadhee jedhee yaadurraa madda. Dandeettii walta'iinsa aad-daneessummaa dagaagsuuf, waa'ee ofiirratti calaqqee sirrii qabaachuufi nama biro dhagahuufi haqummaa hwaasummaa guddifachuun barbaachisaadha.

## 4.5 Fakkeenyummaa Uumamni Ijaarsa Nageenyaaf Qabu

Aadaa nageenya ijaaruufi gabbisuun walitti dhufeenya namootaa haala jireenyaafi aadaa adda adda keessa jiran irratti hundaa'a. Walitti dhufeenyi gaariin aadaalee adda adda nageenya ijaaruufi hiyyummaa hir'isuuf ga'ee guddaa qabaata.

**Sanduuqa 4.2. Mukaafi dameewwan isaa akka fakkeenya nageenyaatti**

Mukti Odaa akka fakkeenya nageenyaatti fakkeeffama. Akkuma kanas immoo siinqee dubartootni Oromoo qabatan aangoo isaan hawaasa gidduutti qabaniif fakkeenya nageenyaa ta'uun tajajila. Waangarii Maataayi beektuun biyya Keeniyaa, kan Badhaasa Noobeel bara 1996/2004 mo'atte, akkamitti akka mukti mallattoo nageenyaafi walitti bu'insaa furuuf gagaaru qorattee ibsite. Jaarsoliin dame mukaa namoota yookiin gareewwan wal lolan gidduu yoommuu buusan akka namootni sun walitti araaramuu qaban agarsiisa (Maataayi, 2004). Knis, fakkoommii uumama mukaa gargaaramuun Itiyoophiyaafi biyyoota ollaa keessatti dadeettii walitti dhufeenyaa cimsuufi nageenya buusuuf tajiijiluuf kan danda'u ta'uusaa mirkaneessa.

## 4.6. Dandeettii gadi fageenyaan yaaduu

Dandeettiin gadi fageenyaan yaaduu jechuun eenyummaafi ejjennoo ofiitti cichaa, yaadawwaniifi gaaffiiwwan garaagaraaf sammuu ofii banaa gochuun, ilaalchaafi yaadawwan namoota addaa adaa hubachuu danda'auu jechuudha. Dandeettii gadi fageenyaan yaaduun nageenya ijaaruu keessatti haala qabatama jiru baruu gaafata. Kunis, sababoota walitti bu'insaa gadi-fageenyaan qorachuu, tokkummaafi garaagarummaa yaadaa gareewwan addaa addaa gidduu jiru gadi-fageenyaan beekuu, amalli keenyaafi yaadni keenya jiruufi jireenya guyyuu keenya akkamiin akka qajeelchu beekuuf kan nufayyadudha. Gadi fageenyaan yaaduun adeemsa hedduu kan of keessaa qabuufi dandeettiifi ilaalchota adda addaa keessa kan darbudha. Innis, dhimmoota asii gadii irratti xiyeeffata:

- Sadarkaa yaadaafi ejjennoo waliigalaa namoota biroo adda baasuu
- Kallattiiwwan garaagaraan ilaaluun ragaa dhiyaate madaaluu
- Yaadota walfalmisiisoo dhiyaatan xiinxaluun sadarkeessuu
- Karaa loogiirraa bilisa taheen ragaarratti hundaa'uun xiinxaluun dhugummaa tilmaamota turanii mirkaneessuu
- Ragaa qindaa'aa irratti hundaa'uun karaa qindoomina qabuun dhimmoota turan irratti calaqqee kennuu
- Ragaa qabatama ta'e irratti hundaa'uun, yaadotaafi tilmaamota sirrii tahan cuunfuun goolabuu
- Yaada qinda'aa, ifaafi ragaan deggaramee namoota biroo akka salphatti amansiisu dhiyeessuu.

**Amaloota gurgurdoo dandeettii gadi-fageenyaan yaaduu**

Dandeettiin gadi-fageenyaan yaaduun sirrummaa waanta tokkoo mirkaneessuuf ofkennanii deebii barbaaduu ilaala. Innis, amaloota gurguddoo armaan gadii hammata. Isaanis:

- Falmii hiika-qabeessaafi waliin dubbiidhaaf bakka kennuu
- Adeemsaafi ijoo dubbii adda baasuu:Innis adeemsaafi odeeffannoo sirrii ta'e walitti qabachuufi odeeffannoo walitti qabame seeraan qindeessuu ilaallata.
- Haqiifi yaadonni milqanii akka hinhafne dhimma tokkoo irratti irra deddeebiin sakka-ta'iinsa taasisuu.

**Akkaataa dandeettiin gadi fageenyaan yaaduu itti gabbatu**

Leenjistoonniifi barsiisonni gochaalee armaan gadii raawwachuun dandeettii gadi-fageenyaan yaaduu akka gabbatu jajjabeessuu danda'u. Yaadi walfalmisiisaafi walittidhufeenyi ijaarsa irratti bu'uureffate akka jiraatuuf haala mijeessuu,

- Yaadotaafi gaaffiilee falmisiisoofi ciccimoo fayyadamuun falmii bu'a qabeessa ta'e gaggeessuu,
- Barattoonni sodaa tokko malee bilisa ta'anii akka gaafataniifi deebii akka kennanan ja-jjabeessuu,
- Meeshaaleefi tooftaalee baruu barsiisuu jiruufi jireenya barataa waliin walqabatanitti fay-yadamuu,
- Ilaalchota adda addaa ka'aniif kabaja kennu; ragaa tokko kallattii adda addaan xiinxaluu,
- Fedhii, amantiifi dhimmoota dhuunfaa biroo irraa karaa bilisa ta'een gadi fageenyaan yaaduufi hubachuu,
- Rakkoolee uumamuufi bu'aalee argamuu danda'an ilaalcha keessa galchu: waanti yeroo gababaaf gaarii fakkaatu gara fulduraatti rakkoo fiduu akka danda'u hubaachuu fa'a.

**Sadarkaalee jahaan dandeettii gadi fageenyaan yaaduu**

Dandeettiin gadi fageenyaan yaaduun sadarkaalee jahan akka qabu barreessitootni addaa ad-daa ni ibsu. Fakkeenyaaf, FAO (1990)-n sadarkaalee jahan gadi fageenyaan yaaduu akka ar-maan gadiitti kaa'eera:

1. Haalota jiran sirnaan caqasuu,
2. Rakkoo adda baasuu,
3. Yaada furmaataa dhiyeessu,
4. Yaada furmaataa dhiyaate madaaluu

5. Yaada furmaataa filatama ta'e dhiyeessuufi

6. Tarkaanfii fudhachuu kanneen jedhamaniidha.

Sadarkaaleen jahan gadi fageenyaan yaaduu/ barachuu bal'inaan fudhatama argatee jiru amoo, kanneen doomeenota Taaksoonoomii Biluum (Bloom's Taxonomy of Learning Domains) (1956) keessatti ibsaman yommuu ta'an isaanis kanneen armaan gadii qabatu.


1. **Beekumsa/knowladge:** hiikuu (define), tareessu, addeessuu, agarsiisuu, eeruu,
2. **Hubannaa/comprehension:** ibsuu (explain), gudunfuu, adda baasuu,
3. **Hojiirra oolchuu/application :** agarsiisuu, odeeffanoo fayyadamuu, hojii irra oolchu, rakkoo furuu, ramaduu, argachuu
4. **Xiinxaluu/analysis:** caccabsuu addaan babaasuu, duraa duuban tartiibessuun beekamtii kennuun ramaduu, qoqqooduu
5. **Gurmeessuu/synthesis:** walitti fiduu, fooyyessuu, irra deebiin qindeessuu, bakka buusuu, saxaxuufi walitti fiduu
6. **Madaaluu/evaluation:** murteessuu, sadarkaa kennuu, qoruu, safaruu, goolabuu,

***Fakkii 4.2: Sadarkaalee barachuu (Bloom Taxonomy of Learning)***




Adeemsi murtee kennuu qabiyyeewwan Bluum Taaksoonoomii fakkii armaan oliirratti ibsamaniifi ilaalchaawwan kanneen biroo ofkeessatti qabata. Murtee kennuun rakkoowwaniif hiika kennuuf dhimma sana xiinxaluu, filannoowwan qopheessuu, filannoowwan jiran madaaluufi rakkoo sa-naaf filannoowwan furmaataa dhiyaatan keessaa kan fooyyee qabu fudhachuun hojiitti hiikuufi raawwii saa hordofuufi deeggaruu gaafata. Murtoo sirrii ta'e tokko kennuuf dandeettiin gadi fageenyaan yaaduu murteessaadha.

*Fakkii 4.3: Adeemsa murtoo kennuu*




*Madda: Covey, 2013 irraa kan fudhatame*

## 4.7. Ogummaa Jaarsummaa

Jaarsummaan tooftaa aadawaa jallina madaalli hariiroo hawaasa gidduutti uumamu hir'isuufi bakkatti deebisuun walitti dhufeenya hawaasaa fooyyessuuf kan gaggeefamuudh. Akkasumas, hawaasa gidduutti waldhabdeen yoo uumame walitti fiduun furmaata kennuuf mala ijoodha. Ku-nis, qaamolee waldhaban  gidduu akka nama saddaffaa ta'un gara tokkotti osoo hinjallisiin araara buusuu irratti xiyyeeffata. Qaamni sadaffaan kun galma irratti waliigalamu tokko irra karaa tasgabbii qabuun akka waliigalamu taasisa.

Qaamni sadaffaan kun, jalqaba rakkoolee qorachuun erga adddaan baafatee booda qaamota yookiin gareewwan kanatti yaada furmaataa lamaan isaanii biratti fudhatama qabu fudhatee kopha kophaatti itti dhiyaata.

Jaarsummaan waldhabdee mootummoota gidduu, dhaabbilee gidduu, hawaasaafi namoota dhuunfaa gidduutti uumamuu qaamolee waldhaban walitti fiduun araara buusuufi gahee guddaa qaba.

**Sanduuqa 4.3: Amaloota ijoo dandeettiiwwan jaarsummaa**

1. Jaarsummaan tooftaalee waldhabdee nagaan ittiin hiikaman keessaa isa tokko ta'uu,
2. Jaarsummaan qaama sadaffaan kan gaggeeffamu ta'uu; Qaamoleen dhuunfaa, gareen, yookiin dhaabbatni duudhaalee mataa isaanii qabu. Qaamolee qabeenyaafi fedhii mataa isaanii qaban gidduutti waldhabdeen yommuu uumamu, qaamni sadaffaan jaarsummaan gidduu seenuun araarsuu ilaallata,
3. Jaarsummaan humnaan miti; jeequmsa hinqabu; dirqisiisaa miti,
4. Jaarsoliin araaraaf jecha waldhabdicha hiikuufi furuuf hama ta'een dhiibbaa uumuuf keessa seenuu,
5. Jaarsoliin waa'ee qaamota waldhabanii irratti yaada, ilaalcha, beekumsa, qabeenyaafi fedhii mataa isaanii qabatanii dhiyaachuu danda'u. Jaarsoliin ajandaa namoota waldhabanii irratti tilmaama ofii isaanii qabatanii dhiyaachuu danda'uu,
6. Jaarsummaan tooftaa waldhabdee hiikuu fedhii irratti hundaa'e ta'uu; qaamoleen waldhaban yaada araaraa jaarsoliin dhiyaatan hunda ilaaluun mirga fudhachuu yookiin dhiisuu qabaachuu,
7. Jaarsummaan yeroo barbaachisetti qofa kan gaggeeffamu ta'uu,

## 4.8 Dandeettiiwwan Mareen Waliigaluu

Mari'atanii waliigaluun, tooftaafi adeemsa walxaxaa qaamonni waldhaban qaama sadaffaa osoo hinbarbaadiin waldhabdee isaan gidduutti uumame elaafi elaameedhaan hiikkatan jechuudha. Milkaa'ina adeemsa maree waligaluuf taasifamu keessatti qaamoleen waldhabdee keessa jiran hundinuu dhimmoota armaan gadii irratti murteessuu qabu.

1. Waliigaluuf mari'achuun, mari'achuu dhiisuurra akka wayyu,
2. Waliigaluun waliigaluu dhiisuurra akka wayyu,
3. Waan waliigalan hojiirra oolchuun, hojiirra oolchuu dhiisuurra akka wayyu,

Itiyoophiyaa keessatti, jaarsummaafi mareen waliigaluun waldhabdee hiikuufi hir'isuuf keessatti tooftaa filatamoodha. Mareen waldhabdee hiikuu ilaalchisee naannoo ummattoota kibbaa muuxannoon dubartoota saba Arii akka fakkeenya gaarii tokkotti fudhatameera. Akka muuxannoon kun agarsiisutti, dubartoonni saba Arii uffata aadaawaa dheeraafi baala mukaa irraa tolfamu uffatu. Dubartoonni saba Arii uffata kana sirna nageenyaa buusuu irratti uffatanii sirbu. Dabaalataanis, dubartootni kun maraa jirbii lafa irratti afuun namootni wal-lolan akka araramaniif kadhatu. Kana malees, marxoo isaanii lafarra afuun, namootni walitti bu'insa qaban akka araaraman kadhatu (IRR, 2009, fuula 7-8).

**Murtoo Araaraa Qaama Sadaffaa (Arbitration)**

Tooftaan Araaraa qaama sadaffaan murtaa'u kun, adeemsa mana murtiin alatti karaalee walitti bu'insi ittiin furamu keessa isa tokkoodha. Tooftaan araaraa akkasii adeemsa namootni/qaamolee/gareewwan waldhaban, fedhiifi filannoo isaaniin qaama sadaffaa bilisa ta'e filachuun, dhimma isaanii sirnaan qoratee murtoo xumuraa qaamnui sadaffaan kun kennu fudhachuun waldhabdee isaan gidduu jiru itti hiikkatan jechuu. Qaamni sadaffaan kunis, dhimma waldhabdee gidduu qaamota waldhabanii gidduu jiru sirriitti qorachuufi qaamolee kanneen walqixxa dhaggeeffachuun murtoo haqa qabeessa kennu (Professional Warranty Service Corporation, 2016).

Araarri aadaa kabajamaa walitti bu'insa furuuf namoonni baldhinaan ittifayyadamaniidha. Kunis immoo fedhii namoota araara barbaadaniin osoo gara seeratti hin dhiyatiin kan rawwatamuudha.

Adeemsa araaraa qaama sadaffaan murtaa'u keessatti, namootni walitti bu'an iyyannoo isaanii qaama sadaffaa bilisa jedhanii filatanitti dhiyeeffatu; dhuma irrattis qaamni sadaffaan kun gidduu seenuun murtoo madaalawaa, kan xumuraafi keessa deebii hinqabne dabarsa jedhamee amanama.

## 4.9. Garaagarummaa Hubachuufi Keessummeessuu

Garaagarummaa koornayaa, amantaa, aadaa, afaanii, sabummaa, dandeettiifi ilaalchaa fudhachuufi keessummeessuun kabaja walqoodinsa uumamuu malu hambisuun walta'insi akka guddatu taasisa. Guddinni dandeettiin garaagarumma fudhatanii keessummeessuu, loogiifi oogii hir'isuufi maraamartoo qoodinsaa, loogiifi oogii hir'isuu waliin walqabata.

Garaagarummaa hubachuufi keessummeessuuf haalota qabatamaa fedhiiwwan jiruufi jireenya namootaa irratti dhiibbaa geesisan beekuun barbaachisaadha.

Namoonni garaagarummaa jiru hubachuun loogiifi oogiin adda addaa yoo mudatu furmaata sirrii ta'e kennuu qabu. Namni kamiyyuu yaadaafi ilaalcha mataa ofii kan yaadaafi ilaalcha namoota biroo miidhuu danda'u qabaachuu mala.

Godhaaleen maanuwaalii leenjii kana keessa jiran baay'een, akkaataa ilaalchafi amantaan keenyaa namoota biroo irratti dhiibbaa fidan akka hubannu kanneen jajjabeessaniidha. Gochaaleen kunniin barsiistonnis ta'e barattootni ilaalcha garaagaraa qabachuu isaanii hubachuun akkamitti akka itti of-ilaalaniifi hubatan akka keessa deebi'anii akka xiinxalan jajjabeessa.

Malleen baruu barsiisuu ibsaman gochaafi bu'aa qabatamaa irratti kan xiyyeeffataniidha.Tooftaaleen baruu barsiisuu bu'a qabeessa ta'an kunis, dagaagina walhubannoofi xiyyeeffannoo dhimmoota loogii addunyaara jiruu hir'isuuf gargaaru. Galmi isaa barsiisotaafi barattoota waan dogongoraa akka hinbaranneefi hariiroo madallii loogii qabuu akka lagatanfi dhugaa qabatamaa jiru akka hubatan taasisuudha.

Barsiifatni bifa mammaaksaa yookiin jechamoota hiika badaa qaban fayyadamuun, madaallii jal’aafi sirrii hintaane akka tooftaa baruu barsiisutti fayyadamnu loogiifi tuffii namoota biroof qabnu kan calaqisiisuudha. Loogiifi tuffiin akkanaa kunis, hawaasa naannoo manneen barnootaa keessatti baballachuun jeequmsaafi shakkii uummata gidduutti babal’isuu danda’a. Kanaafuu, barsiisonni madaalliin jallinaa mammaaksotaafi jechamoota barmaataa akka tooftaa barsiisuutti fudhatamu waan hinmalleen wal’abaaruu namatti maxxansuun loogii adda addaa dhaqabsiisuu waan maluuf ofeeggannaa gochuun barbaachisaadha. Haala kanaan barsiisonni:

- madaalliin fayadaman jallinaafi loogii irraa bilisa akka ta’u gochuu qabu,
- mallatoolee doorsisaa, loogiifi jeequmsaa daree keessaafi alatti mul’ataniif duub-deebii sirrii kennuufi xiyyeeffannoon ilaaluu qabu.
- barattootoonni marii qabatamaa irratti akka hirmaataniif aangessuu qabu; barattoonni akka dhaggeeffataniifi yaada isaanii kennan, garaagarummaa jiru irratti hubannoo akka gabbifatan, garaagarummaa amananii goichuuf hojjechuu qabu.

## 4.10. Duudhaalee Ijaarsa Nageenyaa Cimsan

**Barnoonni nageenyaa duudhaalee kabaja, walhubannaa, itti-gaafatamummaa, araaraafi dhiifamaa akka cimsu gochuun maliif barbaachise?**

Duudhaaleen kabajaa, walhubannaa, itti-gaafatamummaa, araaraafi dhiifamaa hawaasa gidduutti walitti dhufeenyi gaariin akka jiraatu waan taasisaniif lafee dugdaa hariiroo hawaasati.

Sadarkaa manneen barnootaattis, duudhaaleen kunneen, barattootni adeemsa keessa wal hubannoo sirrii ta’e gabbiffachuufi aadaa dinqisiifannaa gonfachiisuun, aadaa garaagarummaa kabajuufi keessummeessuu ijaaruuf bu’uura. Barsiisonnis duudhaalee kanneen jajjabeessuufi gabbisuu qabu. Barattoonni maaltu akka naamusa gaarii ta’e adda baafachuufi duudhaalee kanas karaa sirrii ta’een gabbisuun nama kamiifuu ulfina akka qabaatan taasisa.

**Duudhaaleen kunneenis akka armaangadiitti ibsamaniiru**

1. **Kabaja**

Walkabajuun bakka hinjirretti nageenyi hinjiraatu. Kabajni ulfinaafi mirgoota namootaaf duudhaa isa ijoodha. Kabajini ga’umsa bu’uuraa hariiroowwan naannoo keenyaa ijaaruuf gahee olaa qaba. Garaagarummaa jiru hubatanii fudhachuufi galateeffachuun namoota biroo kabajuutiin ibsama.

Kabaja jechuun gaarummaafi ulfina namootaafi ibsamoota eenyummaa isaanii: aadaa, afaan amantiifi ilaalchaafi yaada isaaniif qabnu jechuudha. Qabiyyee kabajaa hubachuuf barsiisonni haala qabatamaa biyyaafi ummattoota biyyaa irratti hubannoo qabachuufi barattoonni kabaja namaaf malu akka horatan taasisuun irratti xiyyeeffachuu qabu.

**Sanduuqa 4.4: Gochaalee kabajaafi ajaja ittiin adda baasinu**

Boontuun barattuu umriin waggaa 14 kutaa 8 baratti. Haati Boontuu akka isheen gabaa deemtee muduraafi kuduraa irbaataaf ta'u akka bittu itti himte. Boontuun akkuma yeroo kaanii hiriyoota ishee ollaa waliin taphachaa turte. Maatiin ishee mana barumsaatii deebitee sa'a lama qofaaf hiriyyoota ishee waliin akka taphattu eeyyamaniifii turan. Sa'aatiin tapha ishee waan hinxumuramneef, daqiiqaa 20 akka qabdu haadha ishaatti himuun, sa'aattii tapha eeyyamameef ergaan fixxee boodan deema jettee haadha isheetti himte. Haati ishee ammoo kuduraafi muduraa sana bilcheessuun yeroo waan fudhatuuff deebii Boontuutti baay'ee dheekkamte. Boontuunis, rifattee boo'uun ammayyuu daqiiqaa 20tu na hafa, yeroo tapha kiyyaa xumurteen deemee bita jettee hadhaa isheetti himte.

Boontuun duudhaa kabajaa hinqabdu jechuu dandeenyaa?

### 2. Bakka Namoota Biroo Of-buusuun Haala Isaanii Hubachuu

Dudhaan walhubannoo akkasii jahaallummaa dhugaan namoonniifi qaamoleen biroo haala akkamii keessa akka jira hubachuu kan agarsiisuudha. Walhubannaan akkasii, yaada laphee keenyaafi sammuu keenya dhaggeeffachuu irraa eegala.

Kunis, akka mataa keenyaatti jaalala namootaa biroof qabnu agarsiisa. Gara laaffummaan dandeettii haalaafi bakka nama biraa ofii ka'aanii haalaafi dhugaa jiru ilaaluufi madaaluu danda'uu jechuudha. Haalli akkasii namoota nama miidhanillee, miira dhugaafi namummaa isa sirrii isaan keessa jiru arguufi hubachuu dandeessisa.

### 3. Ittigaafatamummaa

Adda baanee jiraachuu hindandeenyu; wanti raawwannu yookiin osoo raawwachuu qabnuu raawwachuu dhiisnu goonu, naannoofi addunyaa keessa jiraannu irratti dhiibbaa dhaqabsiisa. Ittigaafatamummaan duudhaa dhuunfaafi waloon hawaasaa keenyaafi naannoo keenyaaf kunuunsa gochuudha. Ittigaafatamummaan dandeettii ittiin duudhaa hawaasaafi eenyummaa namummaa keenya dhaabbataafi walitti hidhamiinsa keessoo keenyaaf deebii kennuudha.

### 4. Dhiifama

Dubbiifi mufii garaa keessaa waliif dhiisuu yoo dadhabne akkamiin nageenya ijaaruu dandeenya?

Dhiifamni karaa tokkicha miidhaa namootni nurraan geessisaniif bekamtii kennuun, kanneen miidhaa dhaqabsiisanis yoo dhiifama gaafatan, carraa fuuladuraa ilaaluun, haloofi mufii ofkeessaa baasnee namoota numiidhaniif dhiifama goonee keessoo keenyaan fayyinuudha.

Dhiifamni adeemsa karaa tokkooti; “namni biraan yoo naaf dhiisuu didellee, ani dhiisuufi nan danda'a” yaada jedhu kanqabuudha.

**5. Araara**

Araarri waliin dubbii kan barbaaduufi fedhii hariiroo cabe tokko dhidhiibuun haalota ulfaataa sana sirreessuun ofii keenyaafi hariiroowwan keenya itti jijjiirrudha. Araarri, hawaasa sababa waldhabdeen gargar ba'an gidduutti riqicha nageenyaa amansiisaa ta'e ijaaruuf duudhaa kabajamaadha. Araarri, duudhaa jireenyaa garaagarummaafi waldhabdee furuufi hammataafi naga qabeessa ijaaruuf murteessaa ta'eedha.

Araarri adeemsa karaa lamaanitti– walitti dhufuu qaamolee waldhabdee keessa jiranii brbaada.

## 4.11. Waltumsuufi walii hojjechuu

Waltumsuufi waliin hojjechuun dudhaa namoonni dhuunfaan walitti dhufanii galma tokkoof waliin hojjetan jechuudha. Milkaa'ina ijaarsa nageenya hawaasaa keessatti waltumsuufi waliin hojjechuun bakka guddaa qaba. Barattootni duudhaa kana akka gabbifataniif barsiisonni jajjabeessuu qabu. Ijaarsi nageenya jechuun karaa guutuu ta'een yommuu ilaalamu, hariiroo yookiin walitti dhufeenya ijaaruu jechuudha. Kunis, waltumsuufi galma tokkoof bira gahuuf waliin hojjechuun ibsama.

Gochaaleen walta'insaafi galma tokkoof waliin hojjetaman taphootaa ispoortii waloon fakkeeffama. Fakkeenyi taphootni ispoortii waloo barattoonni hojii kennameef tokko waliin raawwachuun galma tokko akka bira akka ga'an isaan gargaara. Haata'u malee, gochaalefi hojiilee gareef kennamu keessatti miseensonni garee hindi bifa walfakkaatuun yoo hirmaachuu baatan, galma waloo sana milkeessuu hindanda'an. Taphoonni ispoortiin waloo barsiisonniifi barattoonni waliinii hojjetan keessatti, garaagarummaafi tokkummaa dhimma tokko irratti qaban qaban akka hubatan taasisa.

Taphootaafi hojiiwwan garee keesatti barsiisonni mo'attootaafi mo'atamtoota ibsuu caalaa, miseensota garee hundaaf naannoo hojii mijeessuu qabu. Dabalataanis, milkaa'ina walta'insaafi hojii garee akka ga'umsa ijaarsa nageenyaa ijoo tokkotti xiyyeeffatanii hojjechuu qabu.

# BOQONNAA 5: Dubartoota, Nageenyaafi Tasgabbii

## 5.1. Seensa

Akka UNESCO (2003) hiikutti, koornayaan ga'eefi gaheefi itti-gaafatamummaa barsiifataan dhiirotniifi dubartootni maatiifi hawaasaa keessatti qaban kan agarsiisudha. Yaadrimeen koornayaa ilaalchota dhiirotaafi dubartootaa (feeminiizimiifi maaskuuliniitii) dabalata.

Duudhaalee, ilaalchotniifi tilmaamni ga'ee dhiirotaafi dubartootaa kun haala jireenya dhuunfaafi garee irratti dhiibbaa gochuun hariiroon dhiirotaafi dubartoota gidduu jiraachuu malu madaala isaa akka gadhiisu gochuu danda'a. Kun ammoo, guddina misoomaa, siyaasaafi hawaasummaa biyya tokkoo irratti miidhaa dhaqabsiisa.

Dur irraa kaasee dhiironniifi dubartootni carraa walfakkaatuufi walgitu argachaa akka hinturre biyya keenya dabalatee ragaan sadarkaa idil-addunyaa nimirkaneesa. Yeroo ammaa kana garuu, seenaa keessatti dhiibbaa dubartoota irra ture irratti tarkaanfiilee sirreeffamaa fudhachuudhaan hirmaannaafi fayadamummaan dubartootaa kallatti hundaan dabalaa dhufeera.

Akka biyya keenyaattis carraa barnootaa babal'isuu irraa kaasee hanga hoggansa dubartootaatti hirmaannaan jiru daran guddachaa jira. Haata'u malee, hirmaannaa, murteessummaafi fayadamummaa dubartootaa gama hundaan kan dhiirotaa walii ilaalamu har'as olaantummaan ilaalcha dhiirotaa har'as guddaadha.

Wal-qixxummaan koornayaa mirga namummaa bu'uuraa sadarkaa idl-addunyaatti beekamtii argatee jiruudha.


*Walqixxummaa koornayaa jechuun dhiironniifi dubartoonni mirgoota namummaa isaanii dhugoomsuufi guddina dinagdee, haawasaa, aadaafi siyaasaa keessatti hirmaachuufi irraa fayyadamuuf mirga qixa qabu jechuudha (UNESCO, 2003).*

Haaluma kanaan, kaayyoon galma 5ffaan guddina ittifufaa Mootummoota Gamtoomanii "dubartootniifi shamarran dhiirotaan qixa carraa barnootaa, eegumsa fayyaa, hojii, hirmaannaafi adeemsa murtoo siyaasaafi dinagdee fayyadamummaa hawaasaafi namoomaa" irratti xiyyeeffatee jira (United Nations, 2019).

Walqixxummaan koornayaa haqummaa koornayaa waliin adda adda. Haqummaa koornayaa jechuun adeemsaafi ilaalcha madaalawaafi qixa ta'e dhiirotaafi dubartootaaf qabachuufi beekamtii kennuu jechuudha.

Haqummaan koorniyaa seenaa keessatti gufuuwwaniifi barmaatilee dubartootni dhiirotaan qixa fayyadamoo akka hintaane taasisaa turan adda baasuun tarkaanfiilee sirreessaa fudhachuun dubartootni gama kanaan deeggarsa addaa akka argatan taasisuu dabalata (UNESCO, 2003).

***Fakkiin 5.1: Walqixxumaafi Haqummaa***



*Madda: Angus Maguire*

Ilaalcha walqixxummaa fayyadamuun mucaa, dargaggeessaafi namni guddaan tokko sanduuqa wal qixa ta'e irra dhaabatanii dallaa irraan tapha ispoortii daawwachuu yaalaa jiru. Sanduuqichi walqixa kennameef; garuu mucaa xiqqaan sun dallaa irraan taphicha daawwachuu hindandeenye. Mucaan sunis carraa daawwannaa sana akka argatu gochuuf, ilaalcha haqum-maa fayyadamuun; mucaadhaaf sanduuqa lama walirra kaa'uu, dargaggeessichaa ammoo sanduuqa tokkoofi namni guddaan sun ammo lafa dhaabbatee sadeenuu qixa daawwachuu ak-ka danda'an tasifame. Tooftaa haqummaa dhugoomsuu fedhiifi dheerina namootaa kannniin irratti hundaa'uun hojjetame kunis, namoonni sadeenuu walqixa taphicha akka daawwatan taasiseera.

## 5.2 Idileesa Koornayaa

Manni Maree Dinagdeefi Hawaasummaa Mootummoota Gamtoomanii, idileessi koornayaa, walqixxummaa koornayaa mirkaneessuufi dubartoota aaggessuuf tarsiimoo idl-addunyaa ta'ee fudhatamuu isaa addeessa. (UN Women (1992/2010, f.1) .

Akka ibsa kanaatti, idileessi koornayaa, "mala murtaa'aa, qindaawaa, tarsiimoowaafi adeemsa teekinikaawaafi caaseffamaa walqixxumaa koornayaa mirkaneessuuf qophaa'eedha; Loogii qindaawaa hawaassummaa, seerawaa, aadawaafi barsiifata gochaalee hawaasaa, kanneen akka mirga qabeenyaa horachuu dubartootaa daangessaniifi waltajjiilee hawaasaa irratti akka beekamne ittisan jijjiiruu irratti xiyyeeffata".

Idileessi koornayaa adeemsa dhiironniifi dubartoonni mirga carraa qabeenya horachufi bulchuu, misooma irraa qixa fayyadamuufi walqixa murtee dabarsuu qooda qabaachuu kan mirkaneessuudha. Idileessi koornayaa, karoora, hojiirra oolmaafi madaallii seerotaa, imaammatootaafi sagantaalee misoomaa hunda keessatti, tarsiimoo muuxannoofedhiifi dhiirotaafi dubartootaa karaa haqa qabeessa ta'een akka keessummeeffamu kan taasisuudha. Kunis dirree siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa hunda keessatti dhiironniifi dubartoonni walqixa akka hirmaataniifi fayyadaman gochuun walcaalmaan akka hin itti hinfufne kan godhuudha.

Yaadrimeen koornayaa idileesuu yeroo jalqabaaf kan beeksifame Konfiraansii Idil-addunyaa 3ffaa Mootumaata Gamtoomanii bara 1978/1985 biyya Keeniyaa magaalaa Naayiroobitti ta'ullee, gabbatee kan dhiyaate waggoota kudhaniin booda bara 1988/1995 ture.

Konfiraansii idl-addunyaa Mootumoota Gamtoomanii 4ffaa dhimma dubartootaa irratti adeemsifame bara 1988/1995 taa'amee ture, labsii Beejiingi jedhamu fooyyessuufi haala raawwii isaa irratti kallattii kaa'uun isaa akka tarkaanfii jabaa mirga dubartootaa kabachiisuuf karoorfametti ilaalama.

Labsiin konfiraansii Beejiingi; mootummoonniifi qaamonni biroon imaammattootaafi sagantaalee misoomaa hunda keessatti murtee kamiyyuu dabarsuun dura mul'ata koornayaa idileesuu hammachiisuun xiinxalli dhiibbaa dubartootaafi dhiirotaa gaggeessuu akka qaban ibsa (fuula 46).

**Ragamtaalee Idileessa Koornayaa (Gender Mainstreaming Myths)**

Ilaalchi idileessa koornayaa mormitoota mataa isaa qaba. Ka'umsi mormii mormitoota ilaalcha idileessa inni guddaan ragamtaalee hawaasa keessa jiran irraa madda.

Ragamtaalee koornayaa idileessa koornayaa kanneen keessaa gurguddoon akka armaa gadiitti dhiyaataniiru.

1. **Dhiirotarra dubartootaaf looga**: Koornayaa idileessuun waa'ee dubartootaa qofa miti, dhiirotaas nidabalata. Koornayaa idileessuun faayidaa dhiirotaafi dubartootaa mirkan-eessuun imaammattoonniifi sagantaaleen isaas koornayaa lamaaniifuu walqixa kan tajaajiluudha. Yeroo baay'ee, dubartoonnni carraa dursaa argatu, sababni isaa, kanaan dura miidhaawwaniifi dhiibbaa garaa garaa jala waan turaniifiidha. Sababoonni dhiironni idileesa koornayaa keessatti akka hammataman godhanis jiru. Fakkeenyaa, biyyoota muraasa Afiri-kaa Kibbaa akka Leeseettoo keessatti sagantaan maatiin  ijoollee isaanii dhiiraa akka mana barumsaatti ergan kakaasu; sababni isaa biyyattii keessatti dhiironni isaanii guyyaa guyyaa horii tiksaa waan oolaniif carraa barnootaa hinargatan. Dhiibbaan dhiirota irratti ga'u, dubar-toota irrattis dhaqabuu waan danda'uuf, idileessa koornayaan lamaan isaaniiyyuu walqixa ilaalamuu danda'uu qabu.

2. **Walqixxummaan dhiirotaafi dhugoomeera-** Hawaasa hedduu keessatti dubartoonni mi-idhaa yeroo dheeraa keessa darbanii as gahanii jiru. Bifu walfakkaatuun, dubartoonni taajaajiloota akka fayyaa, barnootaa; carraa hojiifi hirmaannaa siyaasaa keessatti dhiirotaan sadarkaa walfakkaaturra hinturre/hinjiran.

3. **Idileessi koornayaa imaammataa dubartootaafi dhimma qofa ilala -**Gidduugaleessi idi-leessa koornayaa fedhiifi dhimmoota dubartootaa qaama imammatootaafi sagantaalee misoomaa hunda keessatti akka hammataman gochuu ilaallata. Tarsiimoon idileesa koorna-yaa karaa fufi'iinsa qabuun dubartoota geessisuu irratti kan xiyyeeffatudha; dubartoota ad-datti qooduun gama hawaasummaa, dinagdeefi  siyaasaa akka miidhaaf saaxiluu miti.

**Bakkeewwan tarsiimo'aa tarkaanfiilee idileessa koornayaa**

Karaaleen koornayaa idileessuun ittiin raawwatamuu danda'u hedduutu jira. Baankiin addunyaa, bakkeewwan hojiin idileessa koornayaa itti seenamuu danda'an sadarkaa  beekamoo sadiin lafa kaa'a. Isaanis: sadarkaa jaarmiyaa, sadarkaa imaammataafi sadarkaa sagantaalee misoomaatti jedhamuun.

**Sanduuqa 5.1: Qajeeltoowwan ijoo idileessa koornayaa**

- Afaan dubbiifi barreeffamaa madaala walqixxummaa koornayaa eege fayyadamuu,
- Odeeffannoowwan ragaa dhimma koornayaa ilaalu addatti walitti qabuun xiinxaluu,
- Dhaqabamummaafi haqa qabeessummaa fayadama tajaajiloota
- Dhiironniifi dabartoonni adeemsa murtee kennuu keessatti hirmaannaa qixa ta'e qabaachuu,
- Adeemsa keessa dhiironniifi dubartoonni haala walfakkaatuun keessummeeffamuu (equal treatment)

Sadarkaa jaarmiyaatti koornayaa idileessuun mul'ata bira gahuun ulfaatu garuu ammoo, murteessaa ta'eedha. Sadarkaa kanatti koornayaan yoo idilaa'e, jaarmiyaalee kunneen dhimma koornayaa imaammattootaafi sagantaaleen misoomaa isaanii keessatti idileessuun hojiirra oolchuufis haala mijataan uumama. Gama idileessa koornayaatiin jaarmiyaa jijjiiruun baay'ee ulfaataadha. Haata'u malee, gaggeesitootni jarmiyaalee kutannoon yoo qabaatan, imaammattoonni sirriin kana raawwachiisuu danda'an yoo jiraataniifi qabeenyi namaafi maallaqaa dhimma kanaaf barbaachisu yoo jiraate, sadarkaa jaarnayaatti koornayaa idileessuun nidanda'ama.

Sadarkaa imaammataa bakka filatamaa isa lammataa dileessi koornayaa itti seenamu itti seenamuudha. Sababni isaas, sagantaaleen adda addaa raawwii imaammatichaaf bahan imammaticha keessaa waan maddaniif, kallattiidhaan dhimma koornayaa ofkeessatti fudhatanii qophaa'u waan ta'eefi.

Sadarkaa sagantaalee misoomaa sadarkaa baay'ee beekamaafi salphaa itti seensafi hojiirra oolmaa idileessa koornayaa jedhamee beekama. keessatti makuun akka salphaatti hojii irra oolchuun nidanda'aama.

**Wixineen karoora sagantaa koornayaa idileessuu:**

- Mareefi xiinxala wixineessa projeektii irratti dubartootaafi dhiirota walqixa hirmaachisuun,
- Xiinxala senduubee wixinee pirojeektii irratti ragaa koornayaan qaacceffame fayyadamuu,
- Kaayyoowwan dhimmoota koornayaaf qopheessuu,

Piroojektii koornayaa idileessuu filannoofi qaxarrii human namaafi bakka bu'insa caasaa jaarmiyaa irratti madaala koornayaa tiksuu irratti xiyyeeffata. Kanaanis, walqixxummaa hirmaannaafi fayyadamummaan dhiirotaafi dubartootaa akka dhugoomu taasisa. Kana malees, qorannoon dhiibbaa walqixxummaa koornayaa ofkeessatti ammata.

## 5.3. Dubartoota, Nageenyaafi Tasgabbii

Dubartoonni nageenyaafi tasgabbiin akka baballatuuf gahee olaanaa qabu waan ta'eef:

- Dubartoonni maaliif akka nageenya keessatti hirmaatan hubachuun,
- Dubartoonni akkamiin tasgabbiin akka jiraatu gochuu akka danda'an ilaaluu,
- Akka addunyaatti maloota dubartootni nageenyaafi tasgabbii ittiin buusan irratti hubannoo uumuun barbaachisaadha.

Loliinsaafi waldhabee keessatti dubartoonni dhiirota caalaa miidhaaf saaxilamoodha. Dubartoonni yeroo baay'ee nageenyaafi araara faarsu, lallabu. Kana gochuunis, araarriifi tasgabbiin akka jiraatu gochuu keessatti hirmaachuun dhiibbaaa uumu. Araarri, ijaarsi waldhabdeen boodaafi bulchiinsi yoo dubartoonni keessati hirmaatan caalmaatti carraa itti fufuu argata. Dabalataanis, nageenya fufiinsa qabu hariiroo koornayaa haqa qabeessa ta'e dabalatee hariiroo humnaa ture fooyyessuu gaafata.

Yeroon waldhabdee boodaafi ce'umsi dimookiraatawaa, dubartoonni mareewwan gaggeeffaman irratti argamuun imammattoonni walqixxummaa koornayaa mirkaneessuu danda'an akka bahaniifi bakka bu'iinsa sirrii argachuuf dhiibbaa geessisuuf carraa banaaf.

***"Subartoota karaa tarsiimo'aa ta'een mareewwan waliigalteefi qaamota waliigalticha hojiitti hiikan keessatti akka hinhirmaanne dhiibbaa gochuun, sababoota ijoo kufaatii waliigaltee kanneeniifi biyyoonni hedduu deebi'anii waldhabdeetti akka seenan taasisuudha keessaa tokko."***

- ***Don Steinberg, USAID***

**Sanduuqa 5.2: Fiilmii "*Pray the Devil Back to Hell*"**

Dookumantariin fiilmii bara 2008 *Pray the Devil Back to Hell* akkamitti dubartootni Musiliimaafi Kiristaanaa Laayibeeriyaa keessatti walitti dhufuun waliin warana biyyattii morman seenessa. Gochi isaanii sun nageenya fiduuf deeggarsa godheera. Fakkeenya guddaa ta'ee fakkeenya dubartoonni waldhabdee furuu keessatti taphatan argisiisa.

Fiilmichi, fiilmii fakkeenyummaa guddaa qabu, kan bara 2011 Badhaasa Noobelii argateedha.

Waa'ee fiilmii kanaa caalmaatti baruuf marsariitii arman gadii irraa argachuun nidanda'ama. https://www.forkfilms.com/pray-the-devil-back-to-hell/.





Madda:Suuraa fiilmii dubartoota Laayibeeriyaa hiriira ba'an irraa fudhatame.

Dubartoota hirmaachisuu jechuun dhimmoota hawaasa bal’aa fayaduu danda’an kanneen akka: haqa sarbamaa turee sirreessuun bakkatti deebisuu, kanneen miidhaan xiinsammuufi qaamaa irra gahaa ture dhidhiibuufi hirphuun fayyisuu, carraa barnootaa akka argatan gochuu, kanneen jireenya isaaniirraa buqqa’an deebisanii ijaaruu fa’a ofjalatti qabata.

Dubartoonni gareewwan araaraa Gamta Afirikaafi dhaabbilee kan biroo keessatti hirmaannaan isaanii dabalaa dhufeera. Fakkeenyaaf dubartiin Giraashaa Mikaa’e jedhamtu garee araaraa hgganuun jeequmsa biyya Keeniyaa keessa tureef furmaata kennuuf bara 2000/2008 dhaabbata mootummoota gamtoomaniitti dhiyaatanii beekamtii argatanii tajaajilani jiru. Bifa walfakaatuun, dubartii Bineettaa Daayop jedhamtu bara 2006/2014 gamtaa Afrikaatti ergamtuu addaa dhimmoota dubartootaa, nageenyaafi tasgabbii ta’uudhaan muudamuun tajaajilaniiru.

***Fakkii 5.2: Gahee Dubartoonni ijaarsa nageenyaa keessatti qaban***




*Madda: IPSS/AAU, 2017*

Fakkeenyi gabatee 12 armaan gadii barreeffama mata duree “Aadaa daandii qaxxaamuraarra jiru: Gahee dubartoonni Itoophiyaa ijaarsa irratti qaban” jedhu keessaa kan fudhatameefi gahee dubartoonni biyya keenyaa ijaaruu nageenya keessatti qaban agarsiisa. Fakkeenyi kun seenessa barmaataa waldhabdee keessatti dubartoota miidhamtoota qofa taasisuun dhiyeessu xiqqeessuun, dubartoonni waldhabdee hikuu keessattis gahee guddaa akka qaban agarsiisa.

**Gabatee 5.3: Aadaa daandii qaxxaamuraarra jiru: Ijaarsa nageenyaa keessatti gahee Dubar-toota Itiyoophiyaa**

Akkuma dubarttoota biyyoota biroo dubartoonni biyya keenyaa, nageenya ijaaruu keessatti gahee olaanaa qabu. Dubartoonni hawaasa keessatti iddoo olaanaa qabu. Itiyoophiyaa keessatti nageenyi hiika bal'aa qaba. Kaaba Itiyoophiyaatti nageenyi 'Selaam' jedhama; kana jechuun "yaada bilsaa nageenyaan hojjechuu qabaachuu" jechuudha.

Gama biroon, uummanni Oromoo nageenyaa bifa adda ta'een ibsa. Innis: ''Nagaan Nageenya'' jedha. Kana jechuun, Nageenyi jiruufi jireenya Oromoo keessatti bakka ol aanaa qaba jechuudha. Haaluma walfakkaatuun, jiruufi jireenya Oromoo keessatti sirni gadaa nageenya labsaa har'a ga'ee jira. Innis, duudhaafi aadaa Oromoo eeguun nageenyi akka amansiisaa ta'uf gahee olaanaa qaba.

Akkasumas, hawaasni horsiisee bulaa Hamar jedhamuufi ollaa Booranaa, jiraatu, nageenyi bakka itti walii wajjin jireenyi hawaasa tokkoo calaqqisuudha jedhanii ibsu. Dabalataanis, nageenyi haala jaarsoliin umrii dheeraa gammadanii jiraatan, ijoolleen gammadanii itti taphataniifi beeyiladoonni nagaan dheedanii galan jechuun ibsu.

Kibba Itoophiyaatti horsiisee bultootni godina Daassenech, nageenya Shimiit jedhanii waamu. Hiikaan isaas, madda tasgabbii, qawween akka ulee tika beeyiladaaf oolutti fudhatanii xiyyeef-fannoon gara misooma hawaasaatti deebi'uu jechuudha. Horsiisee bultootni Niyaangaaatom im-moo, nageenyaa Eksiil jedhanii waamu. Hiikaan isaas, "qabeenya, fayyaa, roobaafi gammachuu" jechuudha.

Naannoo somaalii keessatti immoo, somaalonni nageenya Nabaadgaliyoo jedhanii beeku, jechuunis "nageenya" jechuudha. Naannoo Gambeellaa keessatti ammoo sabni Anyu'aak nageenya "Biit miir" jedhu; hiikaan isaas "jaalalaan jiraachuu" jechuudha. Sabni Nuweer ammoo, "Maal" jedhanii waamu. Kunis, "guutummaa/waliigala kan hammatu ta'uu" ibsa.

Isaan kun fakkeenyota muraasa hiika nageenyaa Itiyoophiyaa keessa jiraniidha. Nageenyi yaadrimee bal'aafi hiika hawaasni bakkaa bakkatti kennuun garaagarummaa qabaachuu argisiisu. Hiikni kun bakka jireenyaa, rakkoo naannoo mudatu, saalaafi amantaa irratti hundaa'uun bifa garaagaraan ibsamuu danda'a. (IIRR, 2009, fuula 4-6).


Nageenya ijaaruu keessatti, Siinqeen mallattoo aangoo dubartoota Oromooti. Faayidaan Siinqee baay'eedha. Fakkeenyaaf yeroo waldhabdeeen garee lama gidduutti uumamu qaamota waldhaban haati siinqee siinqee qabattee gidduu seenuun walitti araarsiti.

Haaluma wal fakkaatuun, dubartootni Sidaamaas ulee Siiquwaa jedhamu qabu. Ulichi ulfina intalaa kabajuuf gargaara. Siiquwaan garee waldaa dubartootaa Yaakkaa jedhamu ijaaruufi waldhabdee dubartoota gidduutti uumamu furuuf isaan gargaara (IIRR, 2009, fuula 12-13).

Madda: IIRR, 2009 irraa cite kan fudhatame

Dhiibbaa gaheewwan dhiirummaafi dubartummaa hawaasummaan ijaarameen, Itiyoophiyaa keessatti, dubartoonni olaantummaa dhiirota fudhatanii akka faarsan gochuun miirri olaantummaa dhiirota keessatti akka dagaagu godhee jira . Akkasumas, walaloowwan, sirbootaafi walleewwanii olaantummaa dhiirotaa jajjabeessaniin, garaagarummaa gahee taphachuu dhiirotaafi dubartoota gidduutti akka lafa qabatu tssaiseera.

Odeeffannoo dabalataaf maxxansaa IIRR's 2001/2009 '*Culture at Crossroads: Ethiopian women in peace building'* jedhu irraa dubbisuun danda'ama.




**Waliigaltee Farra Sarbama Mirga Dubartootaa Hambisuuf Baheefi Kallattiiwwan Kaa'ama**

Bara 1979-tti waliigalteen sarbama mirga dubartoota ittisuu (CEDAW) Yaa'ii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniitiin ragga'e. Sanadni kunis, wixinee mirgoota dubartootaa Idil-addunyaa jedhamee waamama. waliigaltichi, sababa dubartummaa isaaniin dhiibbaa dubartoota irra gahu ittisuu irratti xiyyeeffata. Kunis, dhiibbaa gama siyaasaan, hawaasumma, dinagdeefi jireenya haala qabatamaa yookiin aadaa hawaasaa irratti hunda'uun, dhiibbaa dubartoota irra ga'u ittisuu irratti fuulleffata.

Murtoowwan waliigaltee kanaa qaama seeraafi imaammattoota biyya keenyaa keessatti akka hammataman ta'e jira. Biyyoonni CEDAW mallatteessan waliigalticha hojiirra oolchuuf dirqama seeraa qabu.

Waliigalticha biyyi keenya mallatteessitu illee, biyyoonni hinraggaasifatiinis jiru. Biyyoonni 50 ol keyyaattoota sanadichaa murtaa'an irrati yaadaafi ejjennoo rincicaa qabachuun raggaasifatanii jiru. Rakkoo inni biroo immoo mootummoonni Gamtoomanii yookiin CEDAW-n biyyoota miseensummaa cabsanii bahan seeratti seeratti dhiyeessuu anqachuun jiraachuudha.

**Gaaffilee Hubannoo**

- Itoophiyaan isaandardii waliigaltichaa (CEDAW) hojiirra oolchaa jirti jettee yaaddaa?
- Milkaa'inni ijoon maal fa'i?
- Dirqamoonni adda ba'an maal fa'i?
- Itoophiyaa keessatti rakkoolee koorniyaa waliin walqabatanii jiran maal fa'i?
- Rakkooleen koorniyaa waliin walqabatanii naannoo keessan jiran maal fa'i? (kittaannaa shamarranii, butii, heeruma umrii malee, kkf)?

Yaadni murtoo (UNSCR lakkoofsa 1325) Manni Maree Mootummoota Gamtoomanii bara 1992/2000 dabarse, dhimma dubartootaa ajandaa nageenyaafi tasgabbii keessatti idi-leessuudha. Yaada murtii kanarrattis osoo walii hingalamiin hafame. Kunis dubartoonni, dhaabbi-lee biyyoolessaa, naannoofi idil-addunyaa keessatti maloota ittiin walitti bu'iinsa ittisan, hog-gananiifi furan kanneen akka: jaarsummaan, akka raayyaa ittisaafi poolisii, akka qaama ha-waasaafi bakka bu'oota olaanaa UN dabalatee, sadarkaalee murtoo kennuu hunda keessatti akka hirmaatan waamicha taasisaaf.

Haalota balaafi rakkoolee namoomaa kanneen akka: bakkeewwan baqattootaa keessatti dhiib-baan kamiyyuu dubartootarra akka hingeenye gochuuf hojiilee gaafatamummaafi olaantummaa seeraa mirkaneessuuf kallattiiwwan armaan gadii kaa'ee jira:

- Qaamota seera addunyaa cabsuun mirga namoomaa sarbuun yakka waraanaa, duguuggaa sanyii raawwatan seeratti dhiyeessuu
- Kaampii baqattootaa keessatti, mirgoota siiviiliifi namoomaa kabachiisuu
- Yakkoota gudeeddii kanneen dhiifamni hintaasifamneef gochuu
- Seerota biyyoolessaa keessatti mirgoonni dubartootaa bakka murteessaa akka argatan taasisuu
- Adeemsa waldhabdee hiikuu keessatti hirmaannaa dubartootaa cimsuu

Waliigalteen idil-addunyaa mirga dubartootaa kabachiisuuf bahe,(UNSCR 1325) irratti adeemsa ijaarsa nageenyaa hunda keessatti, koorniyaa idileessyuun barbaachisaa akka ta'e ibsamee jira.

Dabalataanis, manni maree nageenyaa mootummoota gamtoomanii, yaadolee murtii afur dhim-ma dubartootaa, nageenyaafi tasgabbii irratti dabrseera; isaanis:

- Yaadni murtii 1820 (2008) sarbamiinsa mirgootaa gudeeddiin walqabatan jiraachuu mirkaneessa
- Yaadni murtii 1888 (2009) hojiirra oolmaa yaada murtii 1820 jabeessa

- Yaadni murtii 1889 (2009) danqaalee hirmaannaa dubartoonni adeemsa ijaarsa nageenyaa furuuf dhiyaate
- Yaadni murtii 1960 (2010) hojiirra oolmaa yaadawwan murtii 1820fi 1888 keessatti gaafatamummaan akka jiraatu taasise.

Walumaa galatti, biyyoota waldhabdeen miidhaman keessatti haalawwan dubartootaa fooyyessuudhaaf, yaadonni furmaataa kunneen hammattoo murteessoodha. Iddoowwan hirmaannaafi walqixxummaan dubartootaa fooyya'ee jiru keessatti dubartoonni shoora cimaafi bu'a qabeessa ta'e taphatanii jiru. Hawaasa siiviilii, paartilee siyaasaa, bakka bu'oota uummataa dubartoonni  dhuunfaafi gamtaan hojjechuudhaan sochii ijaarsa nageenyaa keessatti gahee guddaa taphachuu akka danda'an hubatameera.

**Calaqqee**

- Dubartoonnii adeemsawwan nagaafi sochiilee  nageenya kabachiisuu keessatti Dirqama hammatamuu qaban kan taasisan sababoota hedduutu jiru, isaan keessaa inni xiqqaan adeemsaalee kunneen iddoo isaan keessa  hin jirretti yeroo baayyee waan gufataniifidha.
- Dinqisiifannaan bu'aalee dubartoota hammachuun qabuu guddachaa jiraatus,  dubartoonni ammallee moggaatti dhiibamaniiru.
- Waliigalteewwan, kan akka CEDAW, fi yaadonni furmaataa Mana Maree Nageenyaa UN, kan akka 1325, dubartoota hammachuu ni jajjabeessu. Ta'us taatota irra   caalaan hojiirra ooluuf ammallee ni hafa.
- Gartuuleen dubartootaa hojiirra oolmaa wantoota kanneeniifi ajandaawwan nagaafi nageenyaa keessatti hammatamuu dubartootaa jajjabeessuuf carraawwan hedduutu jiru.

## 5.4 Buqqaatii Biyya Keessaa Dubartootaafi Daa'immanii (IDPs)

Biyya keenyattis tahe,akka addunyaatti buqqa'iinsi daran dabalee jira. Waldhabdeen bifa jijjiirachuun mul'lataa jiru dubartoota, daa'immaniifi lammiilee nagaa irra miidhaa gurguddoo qaqabsiisaa jira. Waldhabdee kanneeniin, caalmaatti kan miidhamaa jiran lammiilee nagaafi siviloota. Isaan keessaa immoo harki caalaan dubartootaafi daa'immani.

Hawaasa tokko to'achuu, adabuuf, salphaatti buqqisuuf dubartootaafi daa'imman irratti xiyyeeffachuun sodaachisuufi hiraarsuun akka tooftaa waraanatti gargaaramuun mul'achaa jira.

Buqqaatii daa'immaniifi dubartootaa wiirtuu hojii ijaarsa nageenyaafi araaraa  gochuun barbaachisaadha. Jireenyi waloofi walittidhufeenyi hawaasaa akka cimu gochuuf sagaleen qaamota dhageettii argatee murtoo kamiyyuu keessatti waan isaaniif malu akka argatan gochuun barbaachisaadha.

Akka dhaabbanni buqqaatotaa idl-addunyaa (IOM, 2019)-n lafa kaa’utti, buqqaatota biyya keessaafi baqattoota qe’ee isaaniitti deebi’aniif furmaata waarawaa kennuun filannoowwan gurguddaa sadii hubannoo keessa galchuu qaba. Isaanis:

1. Fedhii isaanii irratti hundaa’uun qe’ee irraa buqaanitti deebi’uu,
2. Bakka faca’anii jiranitti hawaasa naannoo waliin walitti madaqsuun
3. walbaraniiakka waltumsan gochuu,
4. Bakka biraa barbaadanii qubsiisuu,

Rakkoo buqqa’isaa furuun ittigaafatamummaa waloo tarkaanfiilee tarsiimo’aafi qindaa’aa qaamolee bal’aa misooma namoomaa, tasgabbii, jiruufi jireenyaa, dandamannaa dinagdee, bulchiinsaafi hawaasummaa irratti hojjetanii gaafatuudha. Walfudhannaan hawaasaa furmaata rakkoo buqqaatii biyya keessaa furuu keessatti furmata isa ijoodha. Karaalee itti walfudhannaa hawaasaa cimsan sagantaaleen ispoortii adda addaa isa tokkodha.

Bu’uura kanaan dhaabbanni buqqaatotaa damee Itoophiyaa, karaa sagantaa isaa WASH jedhamuun dhaabbata Feekaat Serkees jedhamu waliin ta’uun, godinoota Gujii Lixaafi Geedi’oo keessatti, agarsiisa ispoortii adda addaa gaggeessaa tureera. Akarsiisni kunis, tiyaatira, akroobaatiifi dhimma qulqullina naanoofi dhuunfaa irratti miseensota hawaasaa waliin mareewwan garaagaraa adeemsisuu of-jalatti hammata (IOM, 2019).

***Fakkii 5.3: Agarsiisa ispoortii akiroobaatii Serkeesii godinoota Gujii Lixaafi Geediyoo***




*Madda: IOM Itiyoophiyaa*

### Gaaffilee Hubannoo

- Naannoo keessanitti jijjiiramni waldhibdee haala kamiin mul'ata?
- Jijjiiramni akkasii kun dubartootaafi daa'imman irratti dhiibbaa akkamii qabaata?

# BOQONNAA 6: Maloota Baruu-Barsiisuu Ijoo Barnoota Ijaarsa Nageenyaa

## 6.1: Mala Baruu-barsiisuu Jijjiirama Amalaa Fidu

Malli baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu, dhiyeessa amayyaa'aa kan yeroo barnootni qabiy-yee dabalataafi sammuun bal'ataa oldeeman, yaadaafi qalbii isaanii walitti sassaabuun gochaalee dhiyeessudha. Haala kanaan, beekumsa, ilaalchafi dandeettiiwwan adda addaa ittiin dabarsani. Keessumattuu haala qabatamaa barnoota nageenyaa keessatti, barnootni jijjiiramaa akka galma gahuuf, dhiyeessa barnootaa hunda galeessa faana walitti hidhuun murteessaadha. Adeemsi dhiyeessa barnootaa kun, yeroo carraan barnootaa haala walitti-dhufeenya gaarii, dimokiraasummaa, yaada ofii bilisaan ibsachuu, garaagarummaa kabajuufi waldhabdee tooftaa nagaa qabuun hiikuu gochuun ji'a keessaa sa'aatii muraasaaf barsiisuu qofa miti. Hawaasaafi manneen barnootaa hunda kan ilaallatuufi gosa barnoota hunda keessatti kennamuu kanqab-udha.

Xiyyeeffannoon mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu, adeemsa barnootaa akkaataa bar-baachisummaa isaatti sadarkeessuun akkamitti akka barataniif dursa kenna. Beekumsaafi odeeffannoo akka yaadatan gochuurra, fedhiifi barnootaaf si'aa'uu barattootaaf xiyyeeffannoo kenna. Dhiyeessi kun irra caalaa gaaffiirratti bu'uure. Barataan dhuunfaan carraaqee beekumsa akka ijaarratu taasisa. Bu'uura yaadiddama barnootaa warra ijaarsaa (constructivist approach) xiyyeeffata. Kanaafuu, barataan/tuun kallattii mataa ofiin akka beekumsa ijaarattaniifi qindeef-fataa deeman taasisa. Barnoonni carraaqii ofii bu'uureffate ammoo, beekumsi muuxannoofi adeemsaan ijaaramaa akka deemuuf isaan affeera. Keessumattiyyuu, dhiyeessi qabiyyee bu'uureffate haala hawaasummaafi muuxannoo duraanii irraa beekumsa ijaaraa deemuuf gar-gaara. Dhiyeessi kun adeemsa baruu-barsiisuu keessatti hunda-galeessummaa kan qabuufi barattoota adeemsa barnootaa keessatti hirmaachisuun murtoo mataa ofii ofitti-amanamummaan akka kallattii qabsiisan taasisa.

Dhiyeessi barnootaa jijjiirama amalaa fidu, barattootaaf carraa qabatamaa saaqa. Innis, akka walitti-dhufuun yaada waljijjiiran, gahee qooddatan, eenyummaa walii akka baran, yaada nama biroo irratti akka yaada kennan, muuxannoo waljijjiiran, yaada nama biroo falman, cichanii akka gaafataniifi walitti-dhufeenyaafi garaagarummaa adda baasan taasisa. Walumaagalatti, dhiyeessi barnoota jijjiiramaa amalaa fidu kun, xiyyeeffannoon isaa barattoonni akka yaada walit-ti-fiduun kaayyoo waliigalaa tokko galmaan gahuuf waliin hirmaatan, cimina dhuunfaa gabbi-fataniifi garaagarummaa naannoo isaanii jiru dinqisiifatan taasisa.

## 6.2 Haala Naannoo Hubachuufi Deebii Kennuu

Itti fayyadamni dhiyeessa barnoota jijjiirama amalaa fidu kun kan bu'aa qabaatu, qabiyyeen barnootaa haala qabatama naannoo barattootaafi dhugaa hawaasa keessa jiru xiyyeeffachuun yoo qindaa'edha. Kanaafuu, leenji'aan haala qabatamaa Itoophiyaa beekuun nigorfama. Sagantaaleefi shaakaloonni akkasumas, gochaaleen haala qabatamaa naannoo barattootaa irraa madaqfamuu feesisa. Kana beekuun, wantoota barattoota irratti dhiibbaa geessisan kanneen akka: haala siyaasaa, hawaasummaa, haala daree barnootaafi hawaasa naannoo hubachuuf gargaara. Fakkeenyaaf, leenji'aan loogii gosaa, haala godaansaa, walitti-bu'iinsa qomoofi garaagarummaan maatii keessaa rakkoo inni naannoo irraan gahu hubachuun murteessaadha.

Haala hawaasa naannoo sanaa beekuu (fkn. jechootaafi gochootaa naannoo sanatti tuqamuu hinmalle)-f dhimmamuun kan inni barbaachiseef, gareewwan hawaasaa garaagaraaf haala nagaa uumuufi garaagarummaan namootaa miidhagina tahuu jajjabeessuuf gargaara. Haala naannoo beekuun kun bu'uura rakkooleefi ka'umsa isaanii addaan baasnee beekuu, waldhabdeefi dhugaa dhabuu hawaasaa furuuf fala taha. Rakkoolee waliin dubbiin hiikuufi walitti-dhufeenya namootaa gama koornayaa, amantii, gosaafi haala hawaasummaan hiikuufis nigargaara.

Itoophiyaa keessatti, haala hawaasa naannoo sanaa beekuu (fkn. jechootaafi gochootaa naannoo sanatti tuqamuu hinmalle) xiyyeeffannoo dhabuun (keessumattuu jeequmsa, miidhamaafi jeequmsa keessatti) namoota baratan akka qajeelfamaafi meeshaatti gargaaruun akka waan hamaa hinqaqqabne irratti hojjechuuf gargaaruu danda'a. Ulaagaaleen kun barnoota keessatti walitti-bu'iinsaafi rakkoolee uuman furuuf daran gargaara. Haalli kun haala qabatamaa Itoophiyaa keessatti kan yeroo darbe tureefi har'as ho'aa jiru furuuf gargaara.

Giddu seentummaan bu'aa qabu kamiyyuu, akkaataafi haala hiika jechootaafi dubbii afaaniffaan darbuun gara dabaatti duufuu mala. Kanaafuu, haala qabatamaa Itoophiyaa hubachuun walitti-bu'iinsaafi rakkoo sana boodaan dhufu faluuf gargaara.

## 6.3 Haala Naannoo Barnootaa Mijataa

Sochiin haala hawaasa naannoo sanaa beekuu (fkn. jechootaafi gochootaa naannoo sanatti tuqamuu hinmalle) irraa maddu, haala naannoo barnootaa mijataa barbaada. Kun ammoo, kaka'umsa, hirmaannaa ho'aa, walitti-dhufeenya gaarii barattootaafi namoota baratanii barbaada. Haalli mijataa naannoo barnootaa barattoonni akka ofta'aniifi yaada waliif hiran jajjabeessa. Beekumsa, dhageettii keessoo isaanii, yaadafi yaaddoo qaban akka waliif qoodan taasisa. Barattoonni akka bilisaan yaaduu danda'aniifi murtoo dhuunfaa mataa isaanii dhimma hawaasaafi kan ofiirratti ofitti-amanamummaan murteessan ga'oomsa.

Qabxiilee ijoo muraasa fedhii naannoo giddu-galeessaan tuqamuu hinmalle tumsan:

- Xiinxala hundagaleessa haala naannoo, dhimmoota aadaa hawaasaa, dinagdee, muuxannoo siyaasaafi dhimmoota waldhabdeef ka'umsa tahan adda baasuu
- Fedhiifi galma barattootaa murteessuu
- Karoora barnootaa yeroo qopheessinu, gochaalee daree keessaa kan gareen hunduu keessatti hirmaachuu danda'u taasisuu. Fakkeenyaaf: dargaggoota dhiibbaman, kanneen guddifachaa, kanneen koolu galtummaa keessa jiraniifi qaama miidhamtoota dhageeffachuun akka hirmaatan taasisuudha. Yaanni dhuunfaa hundaa akka dhaga'amuufi waliin qooddatan deeggaruuf daandii saaquun carraa kennuu
- Dhimma afaanii, walitti-dhufeenya hawaasa lakkoofsaa danuu taheefi xiqqaa tahe, humnafi aangoo jijjiirama fidu, koornayaa, umrii, aadaa, garaagarummaa gosaafi garaagarummaa amantii xiyyeeffachuu
- Meeshaaleen hunduu kan haala hawaasa naannoo sanaa beekuun (fkn. jechootaafi gochoota naannoo sanatti tuqamuu hinmalle) giddu-galeessa godhatan, afaaniinii dubbatamaniifi ijaan mul'achuu danda'an ta'anii qindaa'uu isaanii mirkaneessuu
- Garee tokko irratti yaada yookiin ilaalcha dogoggoraa akka hinqabaanne mirkaneessuu.
- Meeshaalee irra deebi'anii seecca'uun aadaa dogooggoraa walqoodinsaafi ilaalcha loogii qabutti nama geessu irraa bilisa akka ta'u taasisuu

Dhimmoonni naannoo barnootaa irratti keessaafi alaan dhiibbaa geessisan bakka leenjiin geeggafamutti keessaafi alaan to'achuun barbaachisaadha. Haala barnootaa mijataa tahe qopheessuuf, haala qabatamaa naannootti mul'atu, dhiibbaa naannoo, xiinsammuufi afuuraa xiyyeeffachuu dabalata. Dabalataanis, haala naannoo waldhabdeefi qoqqoodinsi jirutti barsiisonniifi namoonni baratan haala uumame qabanneessuufi tasgabbeessuuf haala hawaasa naannoo sanaa beekuu (fkn. jechootaafi gochootaa naannoo sanatti tuqamuu hinmallef) xiyyeeffannoo kennuun murteessaadha. Akkaataan barnootaafi shaakaloonni barnootaa tokko tokko miira barattootaa kan  kakaasaniifi onnachiisan jiraachuu malu. Isaan kunneen akkanaa fala  atattamaafi tasgabbii ol-aanaa daree barnootaafi naannoo barnootaa barbaadu.

Qajeelchi kun gadifageenyaan dhimma barnoota nageenyaa keessa hinseenu. Irra caalaa, haala mijaa'aa naannoo barnootaa uumuun, hirmaannaa daree barnootaafi naannoo leenjii cimsuudha. Akkasumas, barattoonni yaada bilisaan akka ibsatan taasisuudha. Haalli mijaa'aan akkanaa barsiisonni akka barattoonni isaanii haala hawaasa naannoo sanaa beekuu (fkn. jechootaafi gochootaa naannoo sanatti tuqamuu hinmalle)-irratti marii taasisaniifi qabiyyee haala naannoo keessatti walxaxoo ta'anii isaan marsanii jiran irratti hundaa'anii dhugaa qabatamaa haasawan taasisuu xiyyeeffata.

**Saanduqa 6.1: Danqaalee Haala Naannoo Barnootaa**

**Nageenya Qaamaa:** qisaasa humna daa'immanii, dhiibbaa koorniyaa (dirqisiisanii gudeeduu), faayidaa dhuunfaaf nama dararuu, godaansa daa'immanii, daa'imman humna waraanaaf geessuu, namoota humnaan butuu, adabbii qaama laalessufi gaa'ela umrii maleef daa'imman saaxiluu faa'a.

**Nageenya Qorqalbii:** arrabsoo/jechaan tuquu, qofummaa, walcaalchisuu (looguu), qoccolloo, goyyoomsuufi tokko leellisuufi kan kana fakkaatan rakkoo cimaa uumu

**Nageenya Naannoo:** Bakka leenjiitiif ijaarasi mijaawaa tahe jiraachuu dhabuu, garaagarummaa koornayaa keessummeessuu dhiisuun (bakki uffata miicuu, qaama dhiqachuu, bobbaa, meeshaaleen qulqullina dubartootaaf mijeessuu dhabuu), hanqinni mana kitaabaa, mana yaalii itti geeggassan, bakki bashannanaa, rukkuttaan qaamaa, waldiddaan, balaan uumamaa, naannowwan rakkoo qaban, hiyyummaafi walqixxee tahuu dhabuun danqaalee ijoo ta'u

**Nageenya Xiinsammuu:** Nyaata gahaa dhabuu, carraa barnoota walqixaa dhabuu,hunda-galeessummaa barnoota adda addaa dhabuu (aartii, ispoortii, diraamaafi dandeettiiwwan biroo) gabbisan dhibuun xiinsammuu barattootaafi haala naannoo barnootaa gaaga'a.

**Nageenya Hafuurawaa:** Bakkeewwan callisaafi yaada ofii irra deebi'anii tasgabbiin keessatti oflaalan dhibuu, filannoo biroof carraa kennuun dhabamuu, yaada ofii ibsuufi gaaffii gaafachuuf carraan dhibuu, aartii, uumamaafi ispoortii jajjabeessuuf dursi kennamuu dhibuu.

*Hub. Kana tarreessuun kan barbaachiseef hubannoo uumuuf malee danqaaleen hunduu kan walqabataniifi waltumsaa dhiibbaa fidanidha.*

## 6.4 Adeemsa Barnootaa Hirmaannaafi Walgargaarsa Mirkaneessu

Mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu keessatti xiyyeeffannaa guddaan, barachuun hirmaachisummaafi waliin hojjechuu yookiin walgargaaruun deeggarama. Haala kanaan, dhaloota mirgaafi dirqama isaa beeku (dimokiraatawaa), yaada bilisaan ibsachuu danda'u, garaagarummaa kabaju, tasgabbiifi waldhabdee hiiku horachuu dandeessisa. Giddu-galeessummaan mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu hirmaannaa barattootaa cimsuu waan taheef, moodelichi barnoota ijaarsa nageenyaa yaaliin deeggarame geeggassuuf nigargaara. Tooftaa barnootaa dimokiraatawaafi hirmaachisaa barbaada (Freire, 1970).

Yaanni mala baruu-barsiisuu kun barsiisonni akka waa'ee mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu, naamusaa, duudhaaleefi waan barattoonni hinbeekne beekuu akka qabaniif miti. as keessatti, barsiisonni oogganuuf osoo hintaane, irra caalaa qajeelchuufi adeemsa barumsaa akkasumas shaakalootafi gochaalee barataman qindeessuudha. Adeemsa nama kamiyyuu waliitti dhufeenya cimsu, beekumsa ofii akka ofgaafatan taasisu, ilaalchafi amala isaanii sirreessuuf gargaaru qindeessuudha. Gabaabumatti, amaloota ijoo hirmaannaa hiika qabeessa tahe beekuun murteessaadha. Kaayyoon ijoo barnoota ijaarsa nageenyaa beekumsa irraa gara dan-

deettiifi gahumsaalee akkasumas, kaka'umsaafi murtee fudhachuu hawaasa keessaatti ceesisuudha. Hirmaannaan dhuunfaadhaan osoo hintaane, gara yaada waliigalanii ijaaruutti barattoota ceesisuu jajjabeessa.

Wantoonni baratamuu qaban:


1. Barattoonni akka waltumsan si'aa'inaan jajjabeessuu
2. Ilaalchawwan adda addaa irratti akka mari'atan carraa banuu
3. Walitti-dhufeenya kabajni qabu akka gabbifatan jajjabeessuu
4. Xumuratti guddisuurra gara gareen rakkoolee furuutti jajjabeessuudha

Waltumsuuf carraa uumuun dirqama; namoota garee tokko keessa jiran qofaaf osoo hintaane, garee qofummaafi addummaan irraa mul'atu xiyyeeffachuun murteessaadha. Rakkoolee barnoota ijaarsa nageenyaa furuuf, malli baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidufi adeemsi baroontaa murtaa'aa tahe, leenjitootaaf carraa barachuu uuma. Daree barnootaa keessaaf beekumsa ittiin nageenya ijaaran horachiisuuf murteessaadha.

Adeemsi barnootaa murtaa'aan kun barattoonni beekumsa qofa horachuurra, dandeettiifi gahumsawwan ijaarsa nageenyaa hawaasa isaanii keessatti horachuu mirkaneessa. Gulantaaleen adeemsa barnootaa inni gooreen, barsiisonni akka barattoonni si'aa'inaan barnoota keessatti gahee bahatan jajjabeessuudha. Haalli kun hirmaattonni akka adeemsa daawwii, firiin isaa ammoo gara calaqqee haarawaafi barnoota walitti-fufaatti isaan geessu taasisa. Adeemsi barumsichaa akka moodela ittiin sagantaaleefi gochaalee, akkasumas barattoonni muuxannoo dhuunfaa barachuu isaanii hubatan taasisa.

Fakkiin armaan gadii mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu kan agarsiisudha (Arigatou International, 2008). Kan inni irraa eegalus, kaka'umsa barnootaa yookiin ibsaafi adeemsa inni keessa darbu, waliin dubbii, daawwii, calaqqeefi gochadha. Adeemsichi qajeelaa yookiin kallattiin miti. Argannoo irratti waan hundaa'uuf jijjiiramuu danda'a.

***Fakkii 6 1: Qabiyyeewwan Mala Baruu-Barsiisuu Jijjiirama Amalaa Fidu***




**Kaka'umsa:** Barattoonni maaliif akka dhimmamuufi hirmaachuun maaliif? Barsiisonni kaka'umsa keessoofi kan alaan barattootni isaanii akka hirmaataniifi mata-dureefi shaakalli murtaa'an tokko nageenya ijaaruu keessatti barbaachisaa akka tahe dhimamuun hubachuu feesisa. Gochaa-leen/shaakalonni fedhii barattootaa kakaasan, barattoonni akka xiyyeeffannoon fi hamilee guutu-un dhimma murtaa'aa tokko irratti beekumsa horatan taasisa.

**Iyyaafannoo:** Gulantaa kanatti, barsiisotni odeeffannoo muraasa ta'e waa'ee mata-duree tok-koorratti yookiin qajeelfama murtaa'a ta'e gochaalee qindaa'an irratti kennuun akka barattoonni mata-duricha ibsan taasisuudha.

**Waliin Dubbii:** Barsiisaan/tuun bakka waliin dubbiif mijataa ta'e uumuufi barattootni yaada isaanii akka waliif ibsan, yeroo kana immoo akka yaada namoota biroo dhaggeeffatan taasisuun murteessaadha. Gulantaan kun gadi-fageenyaan yaaduufi waa xiinxaluuf murteessaadha. Barsi-isonni waliin dubbii barattootaa babal'isuun gaaffilee adda a daa gaafachuu feesisa.

**Arganno**: Waliin dubbii bu'a-qabeessi, barattoonni tooftaalee ittiin yaaduun danda'amu kan biroo akka arganiifi waa'eema mataa isaanii illee waan haarawaa akka baran hubachiisa. Karaa bi-raatiin, fedhiifi yaadolee adda addaas nidhuunfatu. Kunis barattootni “A…haa” jechuun yeroo isaan itti hubannoo haaraafi quunnamtii haaraa argachuuf banaa tahanidha.

**Calaqqee:** Barsiisonni akka barattoonni muuxannoofi dhimma ijoo fudhatanii daree ala deemuun ibsan irratti qajeelfama ifaa kennu. Isa kana haala qabatamaa naannoo keenyaatti akkamiin madaqsina? Barnoota daree keessaa arganne kana akkamiin gocha nageenya hawaasa keen-yaaf oolchina? Gadi-fageenyaan yaaduu gabbifachuun adeemsa walitti-fufaa namni dhuunfaa

guddina keessa agarsiisaa deemu. Kaanfuu, adeemsa barnootaa keessatti calaqqeen xiyyeef-fannaa guddaan kan kennameef, dhimma ijoo barattoonni akka rakkoo ofiif murtee mataa ofii kennuu danda'uufi murteen kennan kan biro irratti dhiibbaa inni qabu hubachuuf gargaara.

**Gocha:** Gochi immoo, qabiyyee ijoo barnoota ijaarsa nageenyaati. Haala kamiin barattootni karaa si'ataa ta'een naannoo isaaniin ala, waliigala hawwaasa isaanii keessatti, dhuunfaafi sa-darkaa gareetti jajjabeessina?


*Madda: (Arigatou International, 2008)*

Malleen baruu-barsiisuu murtaa'oo tahan: kaka'umsa, yaada waljijjiiruu, walitti-dhufeenya, ar-gannoo, gadi-fageenyaan yaaduu, calaqqeefi gochaaf bakka kennu. Malleen kunniin adeemsa barnootaa namni dhuunfaan keessatti hirmaachuuf carraa qabaatuufi nama biroo faana walitti-dhufeenya qabaatuuf bakka kennu. Dandeettiiwwan gabbisuuf, beekumsa barattootaa cimsuuf, ilaalcha hawaasummaa horachuun jiruufi jireenya guyyuu hawaasaa keessatti akka qooda fudhatan jajjabeessa.

Mala baruu-barsiisuu garee adda addaa barattootaaf malu filachuun gahee barsiisotaati. Qajeelchichi boqonnaa isa dhumaa keessatti, yaadotaafi gochaalee/ shaakaloota adda addaafi maloota baruu-barsiisuu garaagaraa hammatee jira. Kunis, akkaataa haala qabatamaa biyyaafi umrii barattootaa/ hirmaattotaan itti dhimma bahuun murteessaadha. Yaanni dhiyaate kun yaada qofa waan taheef, barsiisonni bilisaan haala naannoo ofiitti madaqsanii dhimma itti bahuu dan-da'u.

Barnoonni dhuunfaan baratamuu danda'a. Garuu, barnoonni yoo daa'imman waliin tahuun ilaal-chawwan falmisiisoo tahan hubachuuf, yaadota haarawaa gabbifachuuf, yaada mataa isaanii yaadota namoota biroon gabbifataa yeroo waa'ee eenyummaa ofii waliif ibsan irra caalaa bar-noonni qabatamaa taha.

***Fakkii 6.2 : Barnoota Gochaan***



*Madda: (Arigatou International, 2014)*

Dargaggoonnifi daa'imman barnoonni waa'ee isaanii yoo tahe si'aayina keessoofi kaka'umsaan baratu. Barsiisota isaanii faana deemsa akkamii keessa darbuuf akka deeman beekuus fedhu. Yaada isaanii ibsachuuf bilisa tahuu, hirmaachuu, dhaabbatanii oflaaluu, yaaduu, mari'achuufi gaaffii gaafachuu qabu. Kaka'umsi keessoo kun jireenya keessatti waliin dubbii keessoofi alaa faana waan walqabatuuf, kaka'umsa keessoo barnootaaf akka qabaatan taasisa.

Gaheen barsiisotaa daa'immaniifi dargaggeeyyiin si'aa'inaan sagantaa kana keessatti akka hirmaatan taasisuu, yaadotaafi leeccalloowwan isaan itti gammadaniifi argachuu danda'an gargaaramuudha. Kanaafuu, barsiisonni kaayyoo ifa tahe baasuu, caasaa sagantichaa oogganuu, bu'aafi galteen adeemsa barnootichaa barattootaan gabbataa deemuu hordofuudha.

## 6.5 Fakkeenyummaa Gaarii

Fakkeenyummaan gaarii barnoota qabatamaa taasisa. Barsiisonni jireenya daa'immannii keessatti kanneen gahee olaanaa qabanidha. Beekumsa dabarsuu, ilaalchaafi sonaalee gaggaarii barsiisuuf gaheen barsiisotaa laayyoo miti. Dabalataanis, barattoota gammachiisuufi jireenya fuula duraa isaanii qajeelchuuf fakkeenyummaan barsiisotaa olaanaadha. Namni barsiisaa isaa tokko kan mana barnoota gara gadii irraanfatu jiraa laata?

Mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fidu gargaaramnee yeroo sagantaaleefi shaakaloota hojiitti hiiknu, fakkeenyummaa gaariin dhimma ijoo adeemsa barnootaati. Kanaafu, barsiisonni:

1. ilaalcha gaarii, amalootaafi gochaalee naamusaawaa tahe agarsiisuu

2. yaada walhubannaa qabu, kabajaafi waljajjabeessuu mul'isuu
3. garaagarummaa jiru hayaataan simachuu
4. gochaalee, amalootaafi walqabatiinsa jecoota adda addaa agarsiisuu
5. akkaataan amalafi dammaqiinsi keenya amalaafi ilaalcha barattoota keenyarratti fidu hubachuu

Barsiisonni yeroo hundaa amalli isaanii maal akka taheefi calaqqee maalii akka qaburratti akka haasa'an taasifamu. Akkuma kana barattoonnis akka taasisan hafeeruu feesisa. Kana hintaasisnu taanaan, akka nama barateetti fakkeenyummaa gaarii tahuu hanqachuufi tolaooltummaa bu'a-qabeessa hanqachuudha. Dogoggora uumuun akka qaama adeemsa barnootaa taheetti barattoota keenyatti agarsiisuu barbaachisaadha.

## 6.6 Mala Hunda Galeessummaa

Barnoonni dhimma nageenyaa dhiyaanna hunda-galeessummaa qabu barbaada. Dhiyaannaa walitti-dhufeenya barsiisotaafi barattootaa qofa irratti kan daanga'e miti. Matumaa, dhiyaannaan kun qaamolee mana barnootaa hundaa kanneen akka: hirmaannaa barattootaa, barsiisotaa, maatiifi bulchitoota manneen barnootaa waan gaafatuuf hunda-galeessummaa qaba. Malli mana barnoota hundaa jedhamu kun xiyyeeffannaan isaa: haala aadaa hawaasaa, caasaalee, tooftaalee naamusaa, oogganasaafi akkaataa waldhabdeen itti hiikamu qaamolee hawaasaa mana barnootichaa faana waan xiyyeefatuuf barattootaaf murteessaadha.

Malli hunda galeessummaa kun, wantoonni baratamuu qaban: kan hunda hammate, lammii dimokiraatawaa, yaada bilisaan ibsachuu, garaagarummaa kabajuufi waldhabdee tasgabbiin hiikuu barsiisa malee gosa barnootaa nageenyaa qofarratti hingogu. Matumaa, qajeeltoowwan ijaarsa nageenyaafi barnoonni nageenyaa qaama mala hunda-galeessummaafi hawaasa naannoo barnootaati. Kana jechuun, malli hunda-galeessummaa gosa barnoota hundaa, miseensota mana barnootaa hunda, barsiisotaa, barattootaafi dhimmoota mana barnoota hunda tuttuqa.

Malli huda-galeessummaa namni kamiyyuu naannoo barnootaatti akka bilisummaafi nageenyaan yaadu jajjabeessa. Dabalataan, ciminni qaamaafi qor-qalbii, afaan, qomoo, sabummaa, seenduubee aadaa, seenduubee amantaa, miira saalaa, koornayaa, saala, eenyummaafi umriin akka kabajaman jajjabeessa. Kana jechuun qabatamaan yoo ibsamu, manni barnootaa akka barattoonni nageenyaafi dimokiraasii shaakalaniif carraa kennuu jechuudha. Tarkaanfileen barattoota akka murtii fudhan, oogganuu shaakalanifi oogganasa manneen barnootaa guyyuu keessatti hirmaatan taasisuun hirmaannaa bu'a qabeessa akka taasisaniif dhimmoota murteessoodha. Gochaaleen akka: koree barattootaa, caasaa hawaasaa irra deebi'anii uumuufi gahumsa dimokiraatawaa horachuuf gargaaru.

Malli hunda-galeessummaa kun, gareewwan hawaasa mana barnootaa hunda kanneen akka: barattootaa, barsiisota, hojjettoota bulchiinsa mana barnootaa, ooggantoota mootummaa, dhaabbata maatiifi barsiisotaafi hawaasa biroo hirmaachisa. Sirna barnootaa keessatti waanta qindaa’e qofa miti; waa’ee guutummaa mana barnootaati. Barnoonni sirna barnootaa idilee qofa leellisuu  miti; muuxannoo barattootaa guyyuun mana barnootaafi bakkeetti taasisan gaafata. Manni barnootaa nageenya ijaaruuf, miseensota, barattoota, maatii yookiin guddistootafi hawaasa bal’aa fi qabiyyeewwan ijoo armaan gadii faana hariiroo gaarii uumuu barbaachisa. Isaanis:

- **Sirna Barnootaa**
- **Aadaafi Haala Naannoo:** qaama naannoo, naamumsa fi safuu akkasumas jirenyaaf, barumsaa fi hojiidhaaf haala mijataa uumuuf poolisiif ijaarsadha. Haala qabatamaa naannoo, naamusa, sonaaleefi imaammataafi caasaalee haala naannoo jireenyaaf, barnootaafi hojiif mijataa taasisuuf ijaaraman
- **Dhimmamtootaafi qooda fudhattoota faana walitti-dhufeenya uumuu:** dhimmamtoota keessaa maatii, minseensota mana barnootaafi barattoota, akkasumas dhimmamtoota alaa manneen barnootaa biroo faana, mootummaafi dhaabbilee mitmootummaa faana qabaachuu

Malli hunda-galeessummaa nageenya ijaaruu keessatti kan inni galama gahu,   barnoota nageenyaa keessatti dhimmaamtoonni hawaasaa yoo hirmaataniifi deeggarani. Dabalataanis, maatiin, bulchitoonni hawaasaa, ooggantoonni  mootummaa sadarkaa garaagaraafi barsiisonni gahee qabatamaafi firi qabeessa tahe yoo bahachuu danda’an malli kun bu’a qabeessa taha.

# BOQONNAA 7: Barnoota Ijaarsa Nageenyaa Hojiirra Oolchuu


## 7.1 Qaama Jijjiiramaa Ta'uu

Kaayyoon barnoota jijjiirama amalaa fidu kun, barsiisotaafi barattoota qaama jijjiirama nageenyaa taasisuudha. Dabalataanis, akka namoota gadi-fageenyaan yaadaniifi nageenya ijaaruuf adda durummaan qophii tahuun haala sonaalee hawaasaafi kabaja hawaasaatiin murtee fudhatan taasisuudha.

Namoonni/qaamonni qajeelcha kanaan leenji'an, leenjiirrattis tahe daree keessatti yaada ce'aadhaaf bu'uura tahuu danda'u. Barsiisota dhimmamtoota hawaasaa tahaniifi rakkoo hawaasaa keessatti furmaataaf hiriiran horachiisuuf gahumsa qaba. Barsiisonni akka barattoonni dhimmamtoota tahan faana bu'uu  qabu. Pirojeektota leenjii daree keessarra darbanii hawaasa naannoofi kanaa ol deeggaran maddisiisuu murteessaadha.

Barsiisonni gochaaleefi yaadota waltumsan akka maddisiisan barattoota gargaaruufi itti geessuu keessatti gahee olaanaa qabu. Hirmaannaa bu'a-qabeessa tahe, haala mijtataa uumuun gara amala jijjiiruutti geessuuf murteessoodha. Sababa kanaaf, mala baruu-barsiisuu jijjiirama amalaa fudurratti beekumsaafi gahumsa murteessaa horachuun dhimma ijooti. Kun immoo, akka barattoonni haala barnootaa mijataa tahe keessatti, hirmaannaa ho'aafi waliin dubbii bu'a qabeessa tahe, akka walgargaaruun barataniifi qofummaarra darbanii waliin murtee fudhatan taasisa.


***Fakkii  7.1: Dandeettiiwwan Yeroo Barattoonni dhimmamtoota tahan gabbatu***



## 7.2. Dhiyaannaa Barnoota Nageenyaa Hundagaleessa

Hammattoon mul'ata qabaachuu kun, qajeelcha qabatamaa barsiisotaa, akka barattoonni argannoofi gochaalee mataa isaanii gabbisaniif gargaarudha.

***Fakkiie 7.2: Namni mul'ata qabu qabxiilee ijoo kana qaba***




*Madda: Developed by ACCU-UNESCO Innovation Programme for Education for Sustainable Development*

**Hunda galeessummaa:** Hunda galeessummaan mala dhimmoota haala qabatamaa naannoo keessatti tuqamuu hinmalle ibsuuf gargaarudha..

**Abbummaa:** Kun pirojeektiin barattootaan oogganamuufi barattoonni itti gaafatamummaa fudhachuu mirkaneessa.

**Hirmaannaafi dhimmama:** Kun kan ibsu, shaakaloota hirmaachisoo guddisuufi dhiyeessuudha. Dhimmamuun immoo, walitti-dhufeenya barattootaa, mana barnootaafi hawaasaati.

**Aangessuu:** Aangessuun humna barattootaa beekumsaafi dandeettiin bulchiinsaan gabbisuudha.Hirmaannaafi abbummaan barattootaa, qabiyyee ijoo dhimmamtoonni pirojeektii sagantaa barnoota nageenyaa keessatti akka hirmaatan taasisudha.

Pirojeektota gabbisuufi abbummaa dagaagsuun, dhimmamtoota horachuun barattoota gara jijjiirama amalaatti fiduuf barsiisota gargaara. Dhimma isaan irratti dhiibbaa geessisu, hawaasa isaaniifi nageenyi akka hinbuuneef danqaalee jiranirratti calaqqee akka kennan taasisa.

## 7.3 Sadarkaalee Hirmaannaa


Barsiisonni hirmaannaan sadarkaalee garaagaraa akka qabu hubachuun barbaachisaadha. Yoo kana beekana hirmaannaa barattootaa gargaaranii akka hiika qabeessa tahu deeggaruuf tumsa. Pirojeektotaafi shaakaloota hirmaachisoo tahan qindeessuufis daran murteessaadha. Barsiisota dhimma hirmaannaa hubachiisuuf masilaala hayyuu Rooger Haartis yayyabe gargaaramuun bu'a-qabeessadha.

**Saanduqa 7.1: Hirmaannaan Bu'a qabeessi kan akkamiiti?**

Hojii kana keessatti, hirmaannaan daa'immanii: *The Theory and Practice of Involving Young Citizens in Community Development and Environmental Care*, Roger Hart (1997) yayyabame kun, yaadrimeefi qabiyyee daa'imman hirmaachisu hammate. Hayyuun kun meeshaalee murteessaa inni yayyabe "Masilaala hirmaannaa Daa'immanii" jedha. Daa'imman naannawa addunyaa maratti argaman hirmaannaa jajjabeessuuf fakkeenya masilaalaatiin gochaaleefi sagantaalee qindeessuuf gaarii akka tahe barreesse. Hirmaannaa hiika qabuufi himaannaa daa'immaniifi dargaggootaa cimsuuf meeshaan hayyuun kun tolche murteessaa akka tahe himama. Masilaalichi sadarkaalee hirmaannaa hedduu ofkeessaa qaba. Agarsiisuu, miidhagsuu, walqoodinsa hambisuu

kanneen akka hirmaannaatti hinlaalamne, garuu hirmaannaan barbaadan sadarkaalee hirmaannaa adda addaan hiikuudha. Qabxiileen akkanaa keessatti hirmaachuufi maanguddoota hirmaachisuun gabbataa deemu.

***Fakkii 5.3: Sadarkaalee Hirmaannaa***




*Madda: Haart, 1992*

**Dagalee 8: Gochaalee dargaggoota dadammaqsanfi gaheessota faana murti kennisiisan qooddachuu**

Haalli kun kan mul'atu, sagantaaleefi pirijeektonni yeroo dargaggoota dadammaqsuun gaheessota faana akka murtee kennuu danda'an taasisani. Pirojeektonni akkanaa dargaggoonni akka muuxannoorraa barataniifi gaheeessota faana hojjetan aangessa. Dagaleen masilaalaa kun dargaggootaafi gaheeyyiin akka walfaana michoomanii hojjetan taasisa.

**Dagalee 7: Dargaggoota Dadammaqsuufi Daandii Agarsiisuu**

Gulantaan kun, bakka itti dargaggoonni dammaqinaan pirojeektiifi sagantaa qajeelchani. Gaheeyyiin dargaggoorta gargaaruu qofaan hirmaatu. Dagaleen masilaalaa kun oogganummaa dargaggootaan bakka bu'a.

**Dagalee 6: Dadammaqina Ga'eeyyii, murtii fudhachuuf dargaggoota faana qooddachuu**

Bakka kanatti, sagantaaleefi pirojeektonni dammaqina ga'eeyyiin uumamu. Garuu, murtii fudhachuun dargaggoota faana taha. Dagaleen masilaalaa 6ffaan kun, oogganummaa qorannoon gochaatiin bakka bu'a.

**Dagalee 5: Hubannoofi Odeefannoo kan qaban**

Haalli kun kan uumamu, yeroo dargaggoonni pirojeektotaafi sagantaalee qindeessuufi ga'eessotaan hojiitti hiikamuudha. Murtee gaheessonni fudhatan keessatti ciicatni dargaggoonni kennan hagam akka dhimma baasetu itti himama. Dagaleen 5ffaa kun, dargaggootaafi koree gorsitootaan bakka bu'ama.

**Dagalee 4: Kan ramadamaniifi hubannoo qaban**

Bakki kun bakka dargaggoonni hojii murtaa'aa tokko keessatti qooda fudhatan tahee, hubannoo akkamitti fi maaliif akka hirmaatanis quba qabaataniidha.

**Dagalee 3: Walqoodinsa Hambisuu**

Bakki kun yeroo dargaggootaaf bakki kennamu, garuu maal akka hojjetaniifi akkamitti akka hirmaatanirratti hubannoo xiqqaa qabanidha.

**Dagalee 2: Miidhagsuu**

Kun yeroo dargaggoonni wantoota ka'e alkallattiin jabeessuuf oolchani. Ta'uyyuu, gaheeyyiin ka'umsi dubbichaa dargaggootaan tahuu akka hinoolle quba qabu.

**Dagalee 1: Faayidaa Dhuunfaaf Nama Biroo Dhiibuu**

Haalli kun kan uumamu, yeroo ga'eeyyiin akka dargaggoonni ka'umsa dubbii deeggaran taasisanniifi dargaggoonni dubbicha babal'isanidha.

## 7.4. Tartiiba Qabatamaa Barsiisonni ittiin Pirojeektota Fedhii Barattootaa Xiyyeeffatan Deeggaran




Isaan kunniin tartiibawwan qabatamoo barsiisonni barattoota faana sadarkaa galtee, qindeessaafi shaakalawwaniifi pirojeektota dargaggoota hirmaachisan faana hojjetanidha.

**Sadarkaa 1: Pirojeektii Adda Baasuu**

Barattoonni rakkoo murtaa'aa tahe tokko akka adda baafataniif carraa kenni. Akkas gochuuf, haala isaan jijjiiruu fedhaniif bakka kennuudha. Gareen yookiin dhuunfaan akka dhimmicha/rakkoo addaan baasani irratti mari'ataniif haala mijeessuufi gorsa barbaachisu kennuun murteessaadha.

**Sadarkaa 2: Karoorsuu**

Adeemsa karoorsuu waliigalaa keessatti barattoota gorsi. Waa'ee pirojeektii isaanii gadifageenyaan yaadanii akka saxaxan, yaada bal'inaan akka maddisiisan, kaayyoo galmaan gahuu qaban akka adda baasan, gochaalee murtaa'oo raawwachuu qaban irratti akka yaadaniif yeroo gahaa kenniifi. Qaamota biroo mana barnootaan alaa isaan barbaachisaa? Barattoonni akka kutaa barnootaan alaafi dhimmamtoota biroo faana galtee qabaatan gochuun murteessaadha.

**Sadarkaa 3: Garee Pirojeektichaafi Gahee hoggansaa Adda Baasuu**

Pirijeektiin kamiyyuu caasaa ifaafi murtaa'aa tahe qabaachuu barbaada. Gaheewwan barattoonni waliin qooddatan adda baasuuu gaafata. Hojiirra oolchuu keessatti eenyufaatu gahee qooddata? Gochaaleen haala karoorfamaniin hojiitti hiikamuufi gaheewwan adda addaa hunduu bahachuu eenyutuu qindeessa? Namni hunduu gahee taphateeraa? Akka barsiisaatti, barattoonni gahee taphachuun qooda fudhachuu isaanii mirkaneessuu feesisa.

**Sadarkaa 4: Gorsuu, Deeggaruufi Jijjiirama Qindeessuu**

Barattoota deeggaruufi haala mijeessuufiif akka achi jirtu quba qabsiisi; innis gochaaleefi pirojeektii isaanii keessatti murtee isaan fudhataa deeman/ jijjiirama dhufaa jiru akka hubataa deeman taasisi. Dabalataanis, adeemsa pirojeektii isaanii irratti yeroo hundaa akka mari'ataa deeman karoorsi.

## 7.5 Ijaarsa Nageenyaa Keessatti Gahee Dargaggootaa

**Dimokiraasii Gochaan: Mana Maree Barattootaa Manneen Barnootaa Keessatti**

Itoophiyaadhaaf karaan gaariifi hawaasa nagayaa uumuuf dimokiraasii qabatamaan gochaan shaakaluu caalaa furmaatni hinjiru.

Manni maree barattootaa, gumii paarlamaa barattootaa jedhamuun manneen barnoota Itoophiyaa keessatti beekamu, dargaggota mana barnootaa keessatti akka bulchiinsatti mada-qaniifi rakkoolee isaan mudataniif ofumaa furmaata akka falatan jajjabeessa. Dargaggeeyyiin akka yaada waljijjiiraniifi sagaleewwan garaagaraa keessumeessuun murtii dabarsaniif tolcha. Manni maree barattootaa, beekumsa dhuunfaa gabbisuuf, eegumsa barattootaaf, geggeessum-maa dargaggoota shaakalsiisuun mana barnootaafi hawaasa keessatti akka murtii kennuu shaa-kalaniif haala mijeessa.

Itoophiyaa keessatti gumiin paarlamaa barattootaa, dargaggoota shaakala filannootti madaqsa. Seeneffama dhimma filannoo ijaaramaa tahe akka gabbifatan taasisa. Gareen akka waltahan, shaakaloota, sagantaaleefi dandeettiiwwan kalaqaa adda addaa akka gargaaraman carraa bana (Engdaw, 2018, p. 172).

Gumii nageenyaa ijaaruun dhimmamtoota jijjiirama nageenyaa dargaggoota aadaa garaagaraa keessaafi muuxannoo adda addaa qaban hirmaachisuuf gargaara. Kun immoo, aadaafi nageen-ya irratti hubannoo waliigalaa uumuuf murteessaadha. Dhimmoota adda addaarratti waliin ma-ri'achuuf carraa uumuu, dhimma sabummaafi hunda-galeessummaa hawaas-dinagdee hu-bachiisuuf tumsa. Gumii nageenyaa keessatti, hawaasni bal'aan akka walitti dhufee mari'atuuf carraa waan kennuuf, tooftaalee lola-maleessa tahe gargaaramuun rakkoolee hawaasaafi maatii akka furaniif gargaara. Dargaggoota dadammaqsuufi nageenya irratti akka waliin hojjetan go-chuuf bakka kenna.

Itoophiyaa keessatti, fakkeenyaaf hawaasni yuunivarsiitiwwanii gumii nageenyaa keessatti wag-goota dheeraaf hirmaataniiru. Dhimmoota garaagaraafi tuffii sabummaafi amantii namootaa irratti jiru irratti barattoonni 600 ol waggaa waggaatti yuunivarsiitiwwan Itoophiyaa keessaa filatamanii haasawaa godhu. Gumichi shaakalootaafi gochaalee adda addaa qopheessuu, fakkeenyaaf mariiwwan ji'a ji'aan qindeessuufi guyyaawwan idil-addunyaa walqabatan kabajuu (Guyyaa nageenya addunyaa, Fulbaana 21) waggaa waggaan kabajuu dabalata.

Itoophiyaa keessatti gumiin nageenyaa fakkeenya gaarii dargaggoota dhimmoota hawaasaafi kanneen biroo keessatti hirmaachisudha. Gumiin nageenyaa fakkeenyummaa gaarii dargaggoota gahoomsuufi nageenya jabeessuuf gargaarudha. Kunis, karaa mala walitti-

dhufeenyaafi mul'ata waliin qooddachuun hawaasa kan jijjiiru waan taheef dhimma laayyootti ilaalamu akka hintaane hubachuu feesisa.

## 7.6 Hubannaa Uumuu karaa Ayyaaneffannaafi Agarsiisaa

Hawaasa dadammaqsuuf taatewwan akka ayyaaneffannaa humna qabu. Fakkeenyaaf, gochawwan barattoonni oogganan dhimmoota nageenya lallabuu, faarfannaawwan ergaa nageenyaa qaban, kanneen akka qoqqoodiinsa sabummaa, amantaa, malaammaltummaafi dhimmoota garaagaraa hawaasichaaf, naannoofi biyyaaf gargaaran taasisuudha. Barattoonni waan isaan fayyadu fi hubannaa atattamaa waan barbaadu filachuu ni danda'u.

Agarsiisni ergaawwan akka lola-maleessummaa barsiisuuf hubannoo dhimma nageenyaarratti uumuuf bakka gargaarudha. Fakkeenyaaf, Sagantaa barnootaa dhimma waliin haajiraannuu geeggassuuf keeniyaa hara Xaanaa irratti qophaa'etti, dhaabbilee "a joint effort of the UNESCO Regional Office for  Eastern Africa, Kenya Ministry of Education and Arigatou International, children from Semikaro Primary School held an exhibition for their community" jedhaman diyaagiraamii dhimmoota namoomaafi walitti-dhufeenya keessoo qomoowwan garaagaraa biyya keeniyaa agarsiisuun barsiisaa tura. Fakkii namaa onnee walitti hidhata qabu mul'isan. Daawwattoonnis walitti-dhufeenya akkanaafi daawwannaa kanarraa waan heedduu baratu.

## 7.6. Hoji Uumtummaa Dargaggootaan Durfamu

Hoji uumtummaan hawaasaa dargaggootaan durfamu, aadaa nageenyaafi jiruufi jireenya fooyyessuuf gargaara. Armaan gaditti pirojeektota dargaggootaan durfaman kan biyyoota Sudaan Kibbaafi Ugaandaa fakkeenya ilaali:

Bara 2016, Pirojeektiin hoji uumtummaan dargaggootaa Sudaan Kibbaan durfamuufi 64 Hands SACCO, jedhamu hoji-uumtummaa hawaasaafi ijaarsa nageenyaa faana walitti-hidhuun dhiyaate, argannoowwan dargaggootaa dhimma nageenyaa dhaabbata UNDP's nageenya hawaasummaafi to'annoo loltootaa jedheen qopheesse injifate. 64 Hands SACCO Pirojeektiin qusannoofi liqii hawaasaa Sudaan Kibbatti daldaltoota galii xiqqaafi giddu-galeessaa tahan maallaqa hawaasa giddu-galeeffateen gargaarudha. Pirojeektiin kun dargaggootaan durfamuun badhaasa mo'ateera.

Biyya Ugaandaatti, dhaabbata dargaggootaan durfamu maqaan isaa " Future Hope Foundation" jedhamutu jira. 'Beekumsa dargaggootaaf' yaada jedhuun eegale. Fedhiifi dandeettii dargaggootaa sagantaa qacarrii irratti cimsuu, odeeffannoofi beekumsa hiruu, beeksisuufi walitti-hidhamiisa uumuu xiyyeeffatan. Erga 2014, dargaggootaafi dubartoota 220 leenjisaniiru. Leenjiin kennan akkaataa hundee diimaafi appilii ittiin oomishan irrattidha. Pirojeektichaan jireenya dargaggootaa, maatiiwwaniifi hawaasaa heedduu jijjiiran.

***Gaaffilee Calaqqee***

Pirojeektonni dargaggootaan durfaman Itoophiyaa keessaa, fakkeenya qabatamaa tahuu danda'an maal faa'a?

Hawaasa kee keessa fedhiiwwan akkamiituu jiru? Gochaalee akkamiifaatu faayidaa qabaaf? Fakkeenyaaf, nageenyaafi tasgabbii uumuuf, kanneen mana jireenyaa hinqabne, hoji-dhabdummaa, harka-qalleeyyiifi dhukkubsattoota gargaaruuf maal maalfaatu barbaachisa?

# BOQONNAA 8: Madaallii Beekumsaafi Dandeettiwwan Ijaarsa Nageenyaa

## 8.1 Madaalliin Maaliif Barbaachise?


Madaalliin adeemsa barnootaa kamiyyuu keessatti dhimma ijoodha. Barsiisaas ta'e barataan eessa akka jiran, akkamitti akka achi gahaniifi ammas dhimmoota gaaffii itti ta'an akka adda baafatan gargaara. Madaalliin barsiisotaaf, adeemsa baruu-barsiisuu keessatti adeemsa barsi-isuu isaanii akka fooyyeeffataniifi  hanqinaalee qaban fooyyeeffatan gargaara.

Madaalliin akkaataa barattoonni dhuunfaafi waliin barachuu danda'an lachuu hammata. Kaayyoon isaas, barattoonni akkamitti itti-gaafatamummaa dhuunfaa irraa gara gocha waliiniitti akka ce'an taasisa. Madaalliin akka qabiyyee adeemsa barnootaa baratamaa taheetti karoor-fama. Madaalliin karoora barnoota daree yookiin gochaalee leenjii keessatti yeroon kennameefii karoorfamuutu irra  jiraata.

## 8.2 Karaalee Barnoonni Nageenyaa Ittiin Baratamu

Barnoota nageenyaa keessatti, barnoonni gulantaalee adda addaafi akaakuwwan barnootaa garaagaraatti dhiyaata. Kana jechuun, malleen madaallii karaalee barnootaa adda addaa kanaan bocamuu qaba. Innis, beekumsa, dandeettiwwan, ilaalchawwanfi duudhaalee adda addaa madaaluuf qophaa'a.

***Fakkii 8.1: Karaalee Barnoota Nageenyaa***




## 8.3 Faayidaa Iyyaafannoo

Madaalliin barsiisota karaalee garaagaraan fayyaduu danda'a. Innis:

1. Adeemsaafi fooyya'iinsa barataa tooftaadhaan hordofuuf (akka dhuunfaafi gareetti).
2. Jijjiirama amalaa, hariiroo, ilaalchaafi ga'umsa barattootaa hubachuufi galmeessuuf.
3. Barsiisonni fedhii qabatamaa barattoonni Itoophiyaa qaban sagantaa isaanii waliin wal-simsiisuuf sirreeffamoota taasifamuu qaban adda baasuuf
4. Barattoonni jijjiirama amalaa, hariiroowwan, ilaalchawwaniifi ga'umsa ofii hubachuun calaqqee kennuuf carraa argatu

Kaayyowwan kanneen safaruuf, kaayyoowwan barnootaa S.M.A.R.T. tahe qopheessuutu irraa eeggama. Kana jechuun kaayyoon barnootaa (gooree, safaramuu danda'uu, bira ga'amuu kan danda'amu, dhugummaa qabaachuufi yeroon kan daangeffame) tahuu qaba. Fakkeenyaaf, barattoonni haalota dhabamuu haqaa yookiin waldhabdee mana barumsaa isaanii keessaaf filannoowwan jeequmsa hinhordofsiisne adda baasuu danda'uun kaayyoo barumsaa ta'uu danda'a. Kaayyoon inni lammaffaan ammoo haqa dhaban argachuuf bifa jeequmsa hinqabneen socho'uu ta'uu danda'a.

***Fakkii 8.2: Kaayyoowwan 'S.M.A.R.T.'***




**Yeroo barnootaatti akkamiin madaalla?**

Kaayyoowwan safaruuf, barsiisonni ibsitoota galma ga'iinsa kaayyoo mul'isan barbaadu. Mul'istuuwwan kun odeeffannoowwan muraasa kanneen jijjiirama fidan jechuudha. Mul'istoonni kunniin kan hammamtaa, lakkoofsaan ibsamu. Fakkeenyaaf, tooftaalee jeequmsa maleeyyii ittiin waldhabdee hiikan keessaa sadii barattoota addaan baafatan baay'ina isaanii galmeeffachuun

ta'uu danda'a. Kanamalees, karaa akkamtaa (qualitative) gosoota gochaalee jeequmsa maleeyyii waldhabdee ittiin hiikuuf barattootaan dalagam galmeessuu ta'uu danda'a.

Barsiisonni kaayyoowwan barnootaafi mul'istuuwwan barattootaa faana waliin akka qooddatan afeeramu. Akkaataa kanaan, barsiisonni waan barattoonni ni baranna jedhanii eegan irratti hundaa'uudhaan kaayyoowwan akka irra deebi'anii madaqsaniif gargaara.

1. Kaayyoowwan barnootaa ifaafi SMART tahe qopheessuu:
2. Barsiisonni mul'istuuwwan barnoonni akkamitti akka geeggaffamu dagaagsan/tumsan qopheessuu
3. Mala salphaa, barataa giddugaleessa godhate, hirmaachisaafi meeshaalee barbaachisan gargaaramuu
4. Bu'aa argame sakatta'uufi xiinxaluun tarkaanfii sirreeffamuufi jajjabeeffamuu qabu fudhachuu

## 8.4 Madaalliin Yeroo Akkamii Geeggaffama

Madaalliin akka qaama adeemsa barnootaatti hubatamuufi karoorfamuu qaba. Karoora barnoota guyyaa keessatti yeroon madaalliin itti geeggaffamu jiraachuu qaba. Fakkeenyaaf, xumura barannoo kanaatti barsiisonni barattootaaf yeroo gahaa akka:

- Barnoota isaanii irratti calaqqee kennan,
- Gochaalee raawwachuu qaban akka adda baafatan,
- Akka gareetti calaqqeefi madaallii hiriyaa taasisan
- Barannoofi shaakaloota hojjechuuf haalli qilleensaa yookiin haalli naannoo barnootaa mijataa tahuufi dhiisuu akka adda baasan kennamuufii qaba

## 8.5 Qabxiilee Ijoo Beekumsiifi Dandeettiiwwan Barnoota Ijaarsa Nagayaa Ittiin Sakatta'amu

| Tooftaa Madaallii | Kaayyoo | Yoom akka fayyadamamu |
|---|---|---|
| **Galmee oolmaa guyyuu barnootaa** | (barattootaaf) muuxannoo dhuunfaa barattootaa safara, (barsiisotaaf) waa'ee wayitiilee galmeessuufi fooyya'iinsa barnoota isaanii, akkasumas dhimma dhuunfaa isaanii galmeessuuf | Wayitii barnootaa hundaa booda |
| **Haala madaqiinsaa safaruu** | Beekumsa waliif qoodan irratti walhubachuu isaanii barannoo keessatti akka qooda fudhatan | Yeroo wayitiitti (sirreeffama gochuufi yookiin dhuma wayitiitti akka mala madaalliitti fayyadamuu |
| **Tooftaa ittiin of ibsan** | Bayyanannaan walqabatee dhiibbaalee dargaggootarra ga'uu malan safaruu | Gaaffilee barreeffamaa dhuunfaan guuchisuu |
| **Wantan jaalladhee fi wantan hin jaallanne** | Baranniifi wayiticha madaaluu | Dhuma wayitiitti madaaluufi wanta fooyya'uu qabu adda baasuu |
| **Gareen dudubbachuu** | Dhimma barumsa isaanii irratti muuxannoo dhuunfaafi garee irratti garaagarummaa jiru calaqqee kennuu | Dhuma wayitiitti barsiisonnis waliin dubbii irratti hirmaachuuf ni afeeramu |
| **Chaartii mirkaneessituu** | Barumsa nama dhuunfaa kan madaaludha | Dhuma wayitiitti |
| **Miira, beekumsaa fi tarkaanfilee qooddachuu** | Barumsa nama dhuunfaa gama beekumsaa fi dandeettiin ilaaluu | Dhuma wayitiitti |
| **Seeneffamoota jijjiiramaa walitti qabuu** | Fooyya'iinsa barattootaa argisiisuuf barsiisonni seeneffama isaanii walitti qabuu | Erga sagantichi guutummaatti hojiitti hiikamee booda (ji'oota 6 hanga 12) |

Barsiisonni bu'aa sagantaalee barnoota nagayaa sakatta'uuf, qabxiilee ijoo isaan gargaaruufi dhiibbaa shaakalawwanii ittiin hubatan barbaadu. Kutaa kana keessatti, malleen muraasni akka yaada furmaataatti dhiyaataniiru. Qabxiilee akka yaada furmaataatti kutaa kana jalatti dhiyaatan kun ammoo, madaallii barnoota nagagaa garaagaraa ittiin geggeessuuf qofaaf oolu jechuu miti.

**Qabxiilee madaallii xiyyeeffataman muraasni:**

Gabateen armaan gadii cuunfaa tooftaalee madaallii boqonnaa kana keessatti eeramaniiti.

***Gabatee 1: Cuunfaa Tooftaalee Madaallii***

**Galmee Jijjiirama Guyyaa Guyyaan Mul'atu Galmeessuu**

Malli guyyaa guyyaan of ibsuu, safartuu muuxxannoo dhuunfaaf dhimma murteessaadha. Kanaafuu, barattootaafis tahe barsiisotaaf dhimma bu'a qabeessadha. Galmeen guyyuu barsiisotaaf adeemsa ofiifi sadarkaa barattoonni isaanii irra jiran ittiin sakatta'uuf gargaaru.

**Galmee Oolmaa Guyyuu Barattootaaf**

Wayitii jalqabaa irratti, barsiisaan oolmaa guyyuu barnootaa, barattootaaf dhiyeessuun irra jiraata. Kun kan jalqabaa ta'uufi oolmaa guyyuu dhuunfaa kan muuxannoowwaniifi miira isaanii galmeessuu irraa akka eegalan hubachiisuudha.

Galmeen oolmaa guyyuu barattoottaa kun tooftaa of ilaaluu salphaa barattoonni adeemsaa barnoota isaanii ittiin qabachuudhaaf wayitii barnootaan yookiin shaakalaan booda akka itti fayyadamaniif afeeramanidha. Barattoonni fakkeenyaaf yeroo waliin mar'atanitti waan hubatan fedha isaaniitiin kaaniif qooduudhaaf kan affeeraman ta'ee, garuu immoo wanta isaan qooduuf hinfeene ta'uu hinqabu.

Adeemsa of ilaaluu kana milkeessuuf barsiisonni gaaffileefi yaadota barattoonni xiyyeeffannoo ilaaluu qaban afeeruu danda'u.

Gaaffileen qajeelchituun barattoonni ofgaafachuu qaban armaan gadiitti dhiyaataniiru:

1. Mata dureen shaakalaa/barannoo maal ture?
2. Qabxiileen ijoo xiyyeeffataman maalfaa turani?
3. Shaakala kanarraa ani maalan baradhe?
4. Shaakala har'aa keessaa maaltuu nagammachiise?
5. Barannoo kana booda jijjiiramni narratti mul'ateeraa? Yaadni koo jijjiirameera? Yoo ta'e akkamitti?
6. Yeroon gaaffilee kana hojjedhu wanti ani hinyaadiin kan na danqe jiraa? Danqaalee namuudate abboommachuun irra aaneera? Yoo ta'e, akkamiinan gochuu danda'e?
7. Har'a waa'ee koo wantin bira ga'eefi baradhe maali? Kan warra naannoo koo jiraniihoo?
8. Waanan har'a baradhe akkamiinan itti fayyadamuu danda'a?
9. Kanaan dura kanan yaadaa/hojjechaa tureefi ammammoo kanin yaadu/hojjedhu adda baafadheera?

Galmeen barachuu guyyuu kun calaqqee waliigalaa guyyaa guutuu waan gabbisuufi dandeettiwwan barumsaa keenya waan cimsuuf dhimma barbaadnerratti fayyadamuu dandeenya.

**Galmee Oolmaa Guyyuu Barsiisotaaf**

Dabtarri oolmaa guyyuu barsiisotaa, wayita daree barnootaatti waa'ee muuxannoowwanii, qormaatileefi milkaa'inoota mudatanii ilaaluufi qalbeeffachuuf haala kan mijeessudha. Oolmaan guyyuu kun akkuma barnootaafi of ilaaluutti  akka madaallii dhuunfaatti ilaalama. Barsiisotaaf akka jijjiiramootaafi fooyya'iinsa barattootaa galmeessuutti gargaara.

**Haala Madaqiinsaa Safaruu**

Barsiisonni haala barumsaa madaaluudhaaf tooftaalee madaallii ariifatoofi mijatoo kan dhuunfaafi garee gargaaramuun barbaachisaadha. Haala madaqiinsa barattootaa safaruun karaa ittiin hirmaannaafi faara barattootarratti wantooti mullatan ittiin adda baafamanidha.

Kun ammoo kan inni ta'u, barattoonni gaaffilee deebisuuf harka hinbaasne yoo ta'e akka harka baasan gaafachuudha. Haala akkanaa keessatti, barsiisonni gaaffilee kanniin of gaafachuu qabu: Faara tolaadhaan harka baasaa jiruu?   Dubbachuuf yookiin fedha isaanii agarsiisuuf si'aawoodhaa? Hirmaataniiruu? Yookiin immoo harki gartokkoo qofaan ka'ee yookiin tasumayyuu hinkaanee? Gaaffileen kunneen barattoonni wanta haga ammaa akka hubatan yookiin mata duree/ jecha wayii akka hubatan baruuf, barattoonni harka isaanii akka agarsiisan yookiin quba elemtuu akka olkaasan yookiin gadi qaban gaaafachuun madaalamuu danda'a.

Kun ammoo hirmaannaa dabaluudhaaf daree barnootaa keef sirreeffama gochuun barbaachisaa ta'uu akka hubattuuf gargaara. Karaa qabatamaa beekumsi ati qoodde guutummaatti hubatamuufi barattoota keef bu'a-qabeessa ta'uu isaa karaa ittiin mirkaneeffattudha.

**Tooftaalee Calaqqee Dhuunfaa**

Tooftaaleen ittiin of ibsan, kanneen akka calaqqee dhuunfaa, gaaffilee  dhimma dhuunfaa akkasumas dhimmoota icciitii tahan waan hammatuuf dhoksaan calaqqee akka kennan taasisuun barbaachisaadha.

Bargaaffilee itti kennuun, deebiin isaan kennan dhimma of ibsuu danda'uu barattootaaf qofa akka oolu amansiisuudha. Bargaaffileen filannoowwan sadarkaalee 5 qabanitti (Five Liker Scale) gargaaramuun qophaa'u. Innis (1 yeroo hundaa-5 tasumaa) jedha.  Qabxiin gadaanaan kan kennamuuf of ibsuun barattootaa laafa warra taheefi.

Sadarkaa gulantaa: 1= Guyyuu, 2= si'a baayyee, 3= yeroo tokko tokko, 4=darbee darbee, 5=Tasumaa

*Gabatee 8.1: Saamuda tooftaa ittiin of ilaalanii*

| Ga'umsawwan | Gaaffilee | Gulantaa |
|---|---|---|
| Of-beekuu | Hawaasa koof gumaacha gaarii gochuu akkan danda'u natti dhaga'ama.<br>Namoota naannoo kootiin akkan jaalla-tamuufi deeggaramaa jiru natti dhaga'ama. | 1 2 3 4 5<br>1 2 3 4 5 |
| Ofitti-amanamummaa | Wanta karaa koorratti natti dhufu kamillee ta'ochuu akkan danda'u ofitti nan amana. | 1 2 3 4 5 |
| Xiyyeeffannoo yaadaa | Wayita waliin dubbiifi shaakalawwan daree keessaatti yaada koo ibsachuuf nagummaafi ofitti amanamummaan natti dhaga'ama. | 1 2 3 4 5 |

## Wantan jaalladheefi wantan hin jaallanne

Barattoota geengoodhaan kaa'i. Geengoorra naanna'uudhaan tokkoon tokkoo barataa waa'ee barannichaa waan jaallatan tokko, waan baratan tokko, wanta hin jaallanne tokkofi yeroo baran-nootti waan isaan utuu fooyya'ee barbaadan akka haasa'aniif affeeruu.

## Gareen Yaada Waljijjiiruu

Barattoonni garee hiriyoota isaaniitiin dudubbachuu yoo danda'an, wayee amaloota, yaadaafi jijjiirama ofirratti argaa jiran himuudhaaf irra caala nisalphataafi. Namni hunduu dubbachuuf car-raa qabaachuufi gareen sagaleewwan muraasaan dhuunfatamuu dhiisuu isaanii mirkaneeffadhu. Bakki haasaa naga-qabeessa ta'uu mirkaneeffachuunis barbaachisaadha. Haalli waliin dudubbiis baay'ee murteessaa kan ta'eefi quunnamtii uumuu fi muuxannoo jijjiiramaafi qalbeeffannaa dhuunfaa waliif qooduu keessatti kan gumaacha godhu ta'uutu irra jiraata.

Gareen dudubbachuun waa'ee barnoota ofii namaaf qooduuf akka carraatti, akkasumas wayita shaakalawwaniitti waa'ee gareefi haalotaa qalbeeffachuuf carraa gaarii uuma. Dhimmoonni irrat-ti mari'atamaniifi saganticha irratti raawwataman qalbii barattootaa keessatti waan hafuuf ni-yaadatama.

Waliin marii sanatti makami! Akka barsiisaatti, garee waliin teessee seenaa keefi waa'ee haala muuxannoo barnoota keetii barattootaaf qoodi. Kun ammoo, barattootaaf qajeelfamoota fakkeenyummaa gaarii keessaa tokko ta'uu danda'a.

**Saanduqa 8.2: 'Ulee dubbii' kan Gosa Masaayi Keeniyaa keessaafi kan kutaalee Lixa Itoophiyaa keessatti**

Haasaan kan heyyamamu namicha "Ulee Dubbii" harkaa qabu qofaafi. Hamma ulee dubbii qabattee jirtuuufi haala quubsaa taheen hubatamtutti siqofatu haasa'a. Warri kaan yaada isaanii himuu, falmuu, itti waliigaluu yookiin mormuun hinheyyemamuufi. Wanti isaan gochuu danda'an, sihubachuuf dhama'uufi hubannicha immoo jecha mataa isaaniin ibsuudha. Yemmuu haala quubsaa ta'een hubatamtee kaatu immoo ulicha nama itti aanee dubbatuuf dabarsita.

Gaaffilee muraasa armaan gadii mariiifi akka irratti dubbatamuuf dhiyeessuu dandeessa:

1. Qaama shaakala/sagantaa kanaa keessaa kamiif iddoo guddaa kennite? Yeroo kana maaf jaallatte? Maaliif barbaachisaafi adda siif ta'e?
2. Haalli qoollifannaa yookiin kabaja nama dhowwachuu argite jiraa? Eenyutu miidhame? Utuu haala akkasii keessa turte ta'e, akkamitti sitti dhaga'ama ture? Akkamitti immoo deebii kennitaaf?
3. Akka nama dhuunfaatti yookiin akka hawaasaatti haalonni dhabamuu haqaa, qoollifannaan yookiin sarbamuun mirgoota namoomaa wayita mudatanitti jijjiiramni akka dhufuuf wanta gochuu dandeessu niyaaddaa? Namoota kaaniif yaada kee qooduu hoo nidandeessaa?
4. Wanti hundarra bu'a qabeessi ati baratte maali? Maaliif?

Haala naannoo walitti hidhamiinsaaf, waliin dudubbachuuf, miira walii qooddachuufi walii galuun murteessaadha. Seeneffamoonni akka qoodamaniifi muuxannoowwan akka dubbataman gochuun barbaachisaadha. Jijjiiramoonni hirmaannaa keessatti mul'atan, yaaduufi xiinxaluun hiikni haaraa ijaaramaafi gabbataa kandeemu karaa seeneffamoota himuu akka ta'e hubachuu feesisa. Wayita seenaan himamutti, yookiin muuxannoon waliif qoodamutti barattoonni miiraan faana rarra'u taanaan gara isaaniitti siqataa jiraachuu kee hubadhu. Siqiqii miiraa keessatti barattoota deeggaruudhaaf saanduqa 4 ilaali.

Akka gudunfaa gareen waliin dudubbachuutti, barattoonni wanta dubbatan irratti yaadaafi waa'ee barannichaa wanta itti dhaga'amu oolmaa guyyuu barnootaa isaanii irratti akka galmeessaniif afeeruudha.

**Saanduqa 8.3: Siqiqii miiraa keessatti barattoota akkatti gargaaran**

Shaakalawwan gajeelcha kana keessa jiran baay'een miirotaafi muuxannoo dhuunfaan kan walqabatanidha. Yeroo tokko tokko, calaqqeen barattoonni waliif qoodan wantoota loogii, maqa-balleessii, duudhaaleefi eenyummaa isaanii tuquufi xiqqeessu dubbatamuu danda'a. kun ammoo, miira barattootaa jeequufi miiressuu danda'a. wayita wantoonni akkanaa uumaman, akkatti barattoota gargaaraniifi gorsawwan faayidaa qaban muraasni kunooti:

- Barattoonni miirri akkasii itti dhaga'ame akka barsiisatti akka siif qoodan bakkaafi yeroo mijataa uumuu,
- Dhuunfaadhaan barattoota miirri jeequmsa keessa seenan dhagahuuf qophaa'aa ta'uu,
- Miira keessa ta'uun rakkoo akka hin qabne akka beekan gochuu.
- Maaltu miira akkanaa keessa akka isaan galcheefi maaf akka itti miidhamaa jiran hubachuudhaaf barattoota waliin haasa'uu
- Yeroo tokko tokko, shaakala booda barataan deeggarsa kee barbaaduu danda'a
- Haalota isaan mudachaa jiran akka to'ataniif karaa itti agarsiisi.
- Utuma shaakalarra yookiin gareen dudubbachuurra jiranuu yoo barataan miira jeequmuu kan agarsiisu ta'e, rakkoo isaa/shee gaafachuu
- Maaltu akka ta'aa jiru gaafafachuun, miira isaa/shee akka ibsatu gochuu
- Hirmaattonni biroonis miira namichaa akka dhaggeeffataniifi hubataniif gaafadhu.
- Maloota miira Nama jeeqame ittiin tasgabbeessan sasalpha kanneen akka: Qilleensa sirriitti fudhachuu, sagalee tokkoon faaruu faarsuu, sirbuufi gad ciibsuun tasgabbeessuudha.
- Iccitii barattootaa siharka jiru nama kaaniif qooduu waan hinqabneef; dhoksaan qabachuu kee mirkaneeffadhu.

***Maxxansa Arigaatoo Internaashinaalii 2008 waliin jiraanya barachuu jedhu irraa kan fudhatame: Barnoota aadaawwan jidduufi amantiiwwan jidduu Barnoota Naamusaa, fuula 41***

## Gabatee Mirkaneessituu

Gabateen mirkaneessituu wayitiin booda tooftaa ittiin nama dhuunfaa madaalan isa biraati. Gaaffileen kun gabatee irratti barreeffamee barattoonni yaadannoo yookiin oolmaa guyyuu barnootaa isaanii irratti yookiin waraqaa irratti barreessanii akka dabarsan godhamuu danda'a. Gaaffileen gabatee irra jiran akka barattoonni oolmaa isaanii of ibsaniifi itti-gaafatamummaa qooddatan taasisa.

Barattoonni lola, haqa dhabuufi tuffii namoonni agrarsiisan, akkamiin akka to'ataniifi qaama nageenyaa tahan tolchina? Haalota jeequmsaa, qoollifannaafi dhibamuu haqaa naannoo isaan-iitti mudatu fooyyessuufi jijjiiruuf barattoonni akkamitti gumaachuu danda'u? Tarkaanfii qabaneessuu fudhachuudhaaf hiriyyoota isaanii faana akkamiin gurmaa'uu danda'u?

CHAARTII MIRKANEESSITUU KOO

| Haalli adda ta'e kanan fooyyessuu barbaadu jiraa? Adaraa barreessi | Haala kana fooyyessuuf maaliifan barbaade? | Wanti akkan haala adda ba'e kana fooyyessuuf hin dhamaane na dhorkaa jiru jiraa? Yoo ta'e, maalidha? | Haalli kun ana qofaa miidhaa jiramoo yookiin namoota kaanis miidhaa jira? Akkamittiin? | Haala kana fooyyessuudhaaf gargaarsa warra kaanii nan fedhaa? Eenyutu si gargaaruu danda'aa? |
|---|---|---|---|---|

Gabatee mirkaneessituu kana akka barattootaafi shaakaloota qindeessuuf tolutti qindeessuu dandeessu. Fakkeenyaaf, barnoota nageenyaa keessatti nageenya naannoo ittiin tumsuuf (daree barnootaa, maatii, hawaasa) keessatti ittiin furuu dandeenya. Kanaa booda, barnoota nageenyaa keessatti karaa tasgabbiifi lola malee waldhabdee naannoo isaanii hiikuu danda'uun murteessaa tahuu akka barattoonni xiinxalan taasisi.

## Beekumsa, Miiraafi Gochaalee Qooddachuu

Barattoonni beekumsa horatan (mataan), miira isaanii (Onneerraa)fi hirmaannaafi gochaan (qabatamaan) akka namummaatti calaqqee isaanii kennuu barbaachisa. Akka namummaatti yaaduu eegaluun, wantoota gabatee gurraacha, dhaaba mana barumsaa bakka barataan hed-duun arguu danda'anirratti maxxanfaman irraa eegala. Barsiisonni akka barattoonni isaanii beekumsa, miiraafi gocharratti dhimamummaa isaanii akka barreessanii maxxansan taasisuudha.

Mata-dureewwan armaan gaditti gabatee keessatti dhiyaatan dhimmoota garaagaraa akka bar-attoonni dhimma barnoota isaanii yaada kennan taasisa.

| Ofummaa | Onneerraa | Qabatamaan |
|---|---|---|
| Of-beekuu | Hariiroo waliinii | Hojii garee |
| Tooftaalee jeequmsa malleessa soquu | Miira ofii to'achuu | Hawaasa hirmaachisuu |
| Gadi fageenyaan yaaduu | Waliif nahuu | Rakkooo furuu |

## Seenaa Jijjiirama Amalaa Fidan Walitti Gurmeessuu

Tooftaaleen biroo ittiin adeemsa barnootaa hordafamu, seenaa barattootaa jijjiirama amalaa guyyuu walitti gurmeessaa deemuudha. Tooftaan kun jijjiirama baay'ee barbaachisaa/ijoo "Most Significant Change (JBB); jedhamuun beekama. Dhiibbaan pirojeektiifi sagantaa kanaa tooftaa kan bal'inaan hubatameefi fudhatama argateedha. Hundeen MSC seenaalee guyyuu dhuunfaa gurmeessuun bu'a qabeessummaan isaa kan mirkanaa'edha. Adeemsi ittiin seenaan guyyuu

barattootaa gurmaa'u kan inni ofkeessatti hammatu, seenaalee guyyuu ijoo jijjiirama amalaa fiduu keessatti gahee taphatan haala sirnaawaa taheen kan qindeessee kaa'e yoo tahedha.

***Fakkii 3: Mul'istuuwwan Seenaa Jijjiiramaa***




*Madda: (Davis & Dart, 2000)*

| *Gaaffilee Calaqqee* |
| --- |
| • Qajeelchi Leenjii kun jijjiirama amalaa sirratti fideeraa? |
| • Tooftaalee madaallii muraasa akkamitti madaqsitaa? |

# BOQONNAA 9: Gochoota

Boqonnaan kun gochaalee barattootni yaadrimeewwaniifi maloota ijaarsa nageenyaa tokkoon tokkoon boqonnaawwan armaan olii keessatti ibsaman akka shaakalaniif yaadamee kan dhiyaateedha.

Gochaaleen barachuu kunneen haala qabatamaa jiru irratti hundaa'un madaqfamanii bifa qindaa'an barattootaaf dhiyaatan kun ijaarsa nageenyaaf gahee olaanaa qabu. Kana waan ta'ef , fedhii barachuu barattootaa guutuuf gochaalee adda addaa haalota qabatamaa jiran irratti hundaa'uun madaqsanii dhiyeessuu feesisa.

Gochaaleen raawwatamu qaban gabatee armaan gaditti keessatti malootaa ittiin raawwatamaniifi boqonnaa jalatti argaman argaman waliin dhiyaatanii jiru.

| Gocha | Mala | Boqonnaa |
|---|---|---|
| Caasaa waldhabdee | Mala mariifi rakkoo furuun barachuu | 1 |
| Duudhaa kiyya | Mala mariin barachuu | 1, 2 |
| Rakkoo hawaasummaa furuuf hawaasa ijaaruu | Mala mariin barachuu | 1, 4 |
| Gahee taphannaa waldhabdee | Mala rakkoo furuun barachuu | 1, 4 |
| Waldiigessaafi arba | Mala muuxannoon barachuu | 2, 4 |
| Oduu nageenyaa | Mala muuxannoonfi rakkoo furuun barachuu | 2, 5 |
| Odoloota dhabamaa jiran | Mala muuxannoon barachuu | 3 |
| Qorama hamilee | Mala mariin barachuu | 3 |
| Eenyumaa ofii barbaaduu | Mala muuxannoon barachuu | 3, 4 |
| Bakka nama biraa ofkaa'uu | Mala mariifi yaaliin barachuu | 3, 4 |
| Amaloota eenyummaa ofii beekuu | Mala mariifi yaaliin barachuu | 4 |
| Uffata loltuu | Mala muuxannoon barachuu | 4 |
| Haguuggiin deemuu | Mala muuxannoon barachuu | 4 |
| Cancala walta'insaa | Mala muuxannoon barachuu | 4 |
| Lagicha ce'uu | Mala muuxannoon barachuu | 4 |
| Agarsiisa Aadaa waloo | Mala muuxannoon barachuu | 4 |
| Pirojektota hirmaannaa hawaasaa | Mala gamtaan/waltumsaa/barachuu | 4, 6, 7 |
| Nageenya hawaasaaf marii dhaloota gidduu | Mala mariin barachuu | 7 |
| Galmoota misooma walittiufaa 2022/2030 | Mala mariin barachuu | 7 |
| Filannoo fakkeessaa | Mala muuxannoon barachuu | 7 |
| Guyyoota hedduumna aadaa | Mala muuxannoon barachuu | 7 |
| Ijaarsa gumii nageenyaa | Barnoota gamtaa/gareen barachuu | 7 |

## Caasaa waldhabdee

**Kaayyoo:**

- Moodeela Caasaa waldhabdee tokko fudhachuudhaan sababoota bu'uuraa waldhabdee, rakkoolee gurguddoofi dhiibbaa waldhabdee adda baasuu,

**Bu'aa:**

- Waldhabdee jireenyaa qabatamaa keessatti mul'atan irratti moodeela Caasaa waldhabdee gargaaramanii sababoota bu'uuraa, rakkoolee gurguddoofi dhiibbaa waldhabdee irratti xiinxala barattoonni gaggeessan.

**Meeshaalee barbaaachisan:**

- Gabatee gurraacha,gabatee adiifi waraqaa tattoo
- Boronqii, maarkarii yookiin kobbee
- Moodeela Caasaa waldhabdee (cofilct tree)

**Gocha:**

1. Waldhabdeewwan hawaasa naanno keessatti muudatan keessaa muraasa akka fakkeenyaatti fudhachuun, haala waldhabdee kanneenii irratti karaa dammaqina qabuun barattoota waliin mari'adhu. Deebii barattoonni kennan gabatee yookiin filiip chaartii irratti barreessuun deebiiwwan kanneen haala ibsama isaanii irratti hundaa'uun: lola kallattii, lola caaseffamaa yookiin lola aadaawaa jechuun adda baasi.


2. Barattoota gareewwan miseensota shanii hanga jahaatti ijaaruun mata dureewwan waldhabdee garaagaraa irratti akka mariyatan taasisi. Waldhabdeewwan kunneen miira keessa kan isaan hingalchineefi maree gaggeeffamu gara hinmalletti kan hingalchine ta'uu mirkaneeffadhu.

3. Moodeela Caasaa waldhabdee kana barattootaaf dhiyeessi. Caasaan kun dhimmoota waldhabdee ijoo ta'an fakkiin bakka buusuufi xiinxaluuf kan gargaaruudha. Caasaan kun gocha dhuunfaa caalaa gocha gareen hojjetamuuf mijataadha. Waldhabdeewwan hedduu keessatti gaaffiiwwan akka armaan gadiif yaadota garaagaraatu jiru.

   a. Sababni bu'uuraa waldhabdee maali?

   b. Rakkoo ijoon mul'atu maali?

   c. Dhiibbaan rakkoo kanaa maalfa'i?




Madda: SADC Centre of Communication for Development & FAO (2004). *Participatory Rural Communication Appraisal: A Handbook* fuula 122.

4. Gareewwan hunduu moodeela Caasaa waldhabdee muka hundee, jirmaafi dameewwan qabuun fakkeessaniiwaraqaa guddaa irratti akka kaasan godhi.

5. Gareewwan hundinuu mataduree waldhabdee isaaniif kenname irratti mari'achuun qaamota moodeela Caasaa mukaan fakkeeffamen akka armaan gadiitti walitti firoomusuun:
   a. Hundee irratti –barattoonni sababoota bu'uuraa waldhabdee irratti waliigalanii akka bar-reessan jajjabeessuu,
   b. Jirma irratti – barattoonni rakkoo gurguddaadha jedhanii kan irratti waliigalan akka bar-reessan gochuu,
   c. Damee irratti– bu'aawwan yookiin dhiibbaawwan ijoo sababa waldhabdeetiin mudatan akka barreessan godhi. Sababoota bu'uuraa waldhabdee addaan baaasuun dhiibbaaw-wan bifa garaagaraan mullataniifi maaliif akka mudatan hubachuuf gargaara.
6. Erga gareen hunduu moodeela Caasaa waldhabdee isaanii xumuranii booda, bakka bu'oota gareewwan hundaaf daqiiqaa murtaa'aa kennuun akka dareef dhiyeessan taasisi. Gareewwan kan biroon ammoo, gareewwan dhiyeessaniif gaaffiifi yaada akka dhiyeessan jajjabeessi.
7. Sababa bu'uuraa waldhabdee dhokataa ta'e hubachuudhaaf xiinxala waldhabdee gaggeessuun ibsa gudunfaa barannoo sanaa kenni.

**Yaadannoo: Akkaataa itti fayyadama Caasaa waldhabdee**

1. Fakkii hundee, jirmaafi dameewwan Caasaa waldhabdee agarsiisu gabatee/ waraqaa guddaan irratti kaasi.
2. Tokkoon tokkoo barattootaaf kaardii/waraqaa ajajaa kennuun barattoonni sana ilaaluun dhimmoota waldhabdee ijoo ta'an irratti fakkii 1ffaa yookiin fakkii 2ffaa jechuun akka ibsan taasisi.
3. Tokkoon tokkoo barattootaa waraqaa/kaardii irratti waan ajajamaniif deebii kennan qaamota Caasaa waldhabdee irratti haala armaan gadiin raawwatu. Isaanis:
   a. rakkoo bu'uuraati jedhanii kan yaadan yoo ta'e, jirma irratti;
   b. Sababa bu'uuraati jedhanii kan yaadan yoo ta'e, hundee irratti;
   c. Dhiibbaawwan/miidhaawwan dhaqabaniidha jedhanii kan yaadan yoo ta'e dameewwan irratti akka maxxansan godhi.
4. Akkuma barattoonni hundi kaardiiwwan isaanii qaamota Caasaa sanaa irratti maxxansanii xumuraniin, namni tokko akka mariisisu gochuun sirrummaa bakka maxxansa kaardiiwwan isaanii, keessattuu kan sababa bu'uuraa irratti amma ta'e akka waliigalteerra gahan godhi.
5. Waliigalteerra erga gahanii, barattoonni kunneen waldhabdee furuu keessatti dhimmoota adda baafatan keessaa dhimmi dursee furmaata argachuu qaba jedhanii yaadan murteessuu malu. Adeemsi kun ammoo, yeroo dheeraa, fedhiifi murtee barsiisaa irratti hundaa'uun waltajjiiwwan biroo kan gafatu ta'uu danda'a.
6. Barattoonni garee gareedhaan moodeela Caasaa waldhabdee maxxansuun waliif dhiyeessuu danda'u.

**Calaqqe:**

- Barattoonni waan barannoo kana keessatti hubatan haala isaaniif mijatuun; caasaan, fakkii, barreeffama gabaabaan dabtara yaadannoo isaanii keessatti akka galmeessan gaafadhun duub-debii kenniif.

## Duudhaa Kiyya

**Kaayyoo:**

- Kutannoo duudhaafi safuu ofiif dhaabbachuu cimsachuuf,
- Yaadota falmisiisoofi waldhabdee fiduu malan irratti mari'achuuf dandeettii obsuufi wal kaba-juufi obsaan waldhaggeeffachuu dagaagfachuuf.

**Bu'aalee:**

- Barattoota yaadaafi amantaa barattoota biroo irraa hangam adda akka ta'an hubatan.
- Barttoota dandeettii obsuufi kabaja  yaada barattoota biroo dhaggeeffachuu guddifatan.

**Meeshaalee barbaachisan:**

- Himoota sagalee olka'aadhaan dubbifamuuf qophaa'an,
- Filannoodhaan (optional) meeshaalee barbaachisan: Meeshaalee kanneen akka boronqii, haancaa/kirrii (walqabsiiftuu), gidduugaleessaan olii gara gadiitti sararaan adda baasuuf nugargaaru; mallattoowwan guguddoo 'Ittan waliigalaa'fi 'Itti walii hingalu' jedhu qabata.

**Gochaa:**

1. Iddoon itti-argamtu kamittuu (daree barnootaa, dirree taphaafi kkf) fiixeen xumuraa gama tokkoo yaada **"itti-waliigala"** jedhu ta'ee, faallaan fiixee kanaa inni gama biroo ammoo, yaada **'Itti walii hingalu'** kan jedhu akka bakka bu'u barattootaaf ibsi. Meeshaalee filannoo kan biraa yoo qabaatte ammoo, mallattoolee kunneen sarara qixxee lameenii keessaa dhuudhaaf amantaa namootaa irratti hundaa'uun gama tokko kaa'amuu danda'u. Barattoonni himoota dhiyaataniif fuula dura dhufanii deebii isaanii haala armaan gadiin akka deebisan taasisi.

   Barattoonni kallattii sararaa gidduu irraa gami tokko ("itti-waliigala" yokiin "itti-walii hingalu" yookiin ammoo, yaadaafi amantaa qabaniin murteessuun kan isaan rakkise yoo ta'e sarara gidduu irra) seenuun duudhaa isaanii akka ibsatan godhi.

2. Himoota barattoota gidduutti yaadaafi deebii garaa garaa uumuu danda'an muraasa; kan-neen akka fakkeenyaatti fudhachuun sagalee olkaasii baratootaaf dubbisiif.

   - Itoophiyaa keesstti daa'imman hundi carraa barnootaa argachuu aqabu.
   - Barattoota baay'ee qaxalee ta'an qofatu mirga carraa barnootaa sadarkaa lammaffaa argachuu qaba.

- Sababa kamiinuun lubbuu namaa baasuun /ajjeesuun/ yakkadha.
- Itiyoophiyaa keessatti namni kamiyyuu waan itti amane argachuuf/kabachiifachuuf qabsaa'uuf mirga qaba.
- Namni kamiyyuu nagaan jiraachuuf mirga qaba.
- Namni kamuu mirga amantaa barbaade hordofuu.
- Itiyoophiyaa keessatti sababoota waldhabdee keessaa amantiin isa tokkodha

3. Erga himoota sana dubbistee barattoonni garam akka goran bartee, maaliif gara itti goran sana akka filatanii akka ibsan gaafadhu. Deebii tuuta barattootaa bakka garaagaraatti goranii dhaabbatan ("itti-waliigala" yookiin "itti-walii hingalu" yookiin sarara lameenii gidduu) fudhachuun hundi isaanii yaada akka kennaniif carraa kenniif.

4. Itti aansuun, barattoonni naanna'anii bifa geengoon akka taa'an godhi. Gocha kana keessatti dhimmoota isaan qoran/rakkisan muraasa irratti maaltu akka itti dhagahame gaafachuun yaada isaanii akka ibsan taasisi. Gaaffilee gaafataman keessaa kan isaan deebisuuf rakkise yoo jiraate, maaliif akka isaan rakkise waan yaadan akka himan godhi. Maree kana keessatti dhimmi barattoonni hubachuu qaban inni guddaan haalli jireenya qabatamaa walxaxaa, filannowwan jiranis bal'aafi waan sirriidha jedhanii yaadan tokko irratti ejjennoo sirrii qabatanii yeroofi haalli itti murteeffatan ulfaataa ta'uu isaati. Gocha kana keessatti, hiriyyoonni isaanii gama adda addaa keessa seenuun himoota isaniif dubbifamaniif ejjennoo isaanii yeroo ibsatan maaltu akka itti dhagahame akka ibsan gaafadhu.

5. Xumura irratti, yaadniifi ilaalchi namoonni dhimma tokko irratti qaban hagam garaagarummaa akka qabuufi garaagarummaan kun ammoo, yeroo tokko tokko gara waldhabdeetti geessuu akka danda'u addeessuun gilgaalicha goolabi. Gudunfaa kana keessatti namoota yaada, amantaafi ilaalcha addaa qaban kabajuufi obsaan dhaggeeffachuun ijaarsa nagenyaa keessatti murteessaa akka ta'e haalaan hubachiisi.

**Calaqqee:**

- barattoonni waan gocha kana keessatti hubatan bifa calaqqeen yaadannoo isaanii keessatti akka galmeeffatan gaafachuun duub-deebii kenniif.

## Rakkoo hawaasummaa furuuf hawaasa ijaaruu

**Kaayyoo**

- ciminaafi saaxilamummaa hawaasa ofii madaaluuf.
- akkataa hawaasni ijaaramee waldhabdee ofirraa ittisuu danda'u wixinuuf.

**Bu'aalee:**

- Barattoota nageenya hawaasa isaaniif waantota carraafi sodaa ta'an irratti hubannoo gabbifatan,

- Barattoota akkaataa dhimmoonni hawaasummaa, dinagdee, aadaafi siyaasaa waldhab-deewwan mudatan waliin walqabatan adda bafatan.
- Nageenya hawaasa ilaalchisee barattoonni hanqinaalee jiraniifi tarkaanfiilee sirreessaa fudhatamuu qaban adda bafatan.

**Meeshaalee barbaachisan:**

- Waraqaa guddaa
- Maarkeerii halluu garaagaraa

**Gocha:**

1. Barattoota gareewwan afurii hanga jahaattti ijaaruun gareewwan hundinuu waraqaa bal'aa tokkoofi markeeroota halluu addaa qabu muraasa kenniif.
2. Barattoonni yeroo baay'ee osoo hinfudhatiin maappii amaloota ijoofi haala jireenya hawaasa isaanii ilaalchisee waanuma sammuu isaaniitti dhufe qindeessatii fakkiin akka agarsiisan afeeri,
3. Itti fufuun, barattoonni saaxilamummaafi sodaawwan hawaasa isaanii gara waldhabinsaatti galchuu danda'an maal fa'a akka ta'an gaafadhu. Dhimmoota kanas halluuwwan akaakuu adda addaa gargaaramuun maappii kaasan sanarratti jechaan yookiin mallattoon bakka bu'u kan biraan agarsiisuu danda'u. Fakkeenyaaf, bakki gabaa yookiin buufanni konkoolataa sab-aba namoonni bakka garaagaraa irraa walitti dhufaniif dhiphina lafaan kan ka'e balaaf saax-ilamoo jedhamuun agarsiifamuu danda'a.
4. Itti aansuun, barattoonni maappii isaanii irratti halluu akaakuu biraa gargaaramuun cimina, qabeenyafi carraa hawaasni isaanii sodaafi saaxilamummaa kana ittisuuf qaban mallattoon akka akka agarsiisan godhi. Fakkenyaaf, buufanni poolisii nageenya eegsisuu, seeraafi tasgabbii hawaasaa eegsisu akka ciminaatti lakka'amuu danda'a.

   Hubachiisa: Qabeenyi hawaasaa haala irratti hundaa'uun akka madda saaxilamummaas ta'e akka cimina hawaasaatti fudhatamuu danda'a.

5. Adeemsa kana keessatti barattoonni hunduu dammaqinaan hirmaachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffadhu. Maree keessattis gaaffiilee garaagaraa gaafachuun maree gaggeeffamu cimsi.
6. Gareewwan keessaa nama tokko tokko afeeruun gareewwan isaanii bakka bu'uun waan garee keessatti mari'atan akka ibsan godhi. Gareewwan hunduu gara poosteera gareewwan birootti socho'anii maaliifi akkamitti akka mari'atan akka ilaalaniifi dhaggeeffatan godhi. Mar-saa kana daqiiqaa muraasaaf itti fufsiisuun ilaalchaafi yaada addaa addaa gareewwan biroo qaban barattoonni akka hubatan taasisi.
7. Akka daree waliigalaatti, dursitootni gareewwanii, gocha kanaafi akkataa hawaasni saaxila-maa jiru adda baafatee carraafi cimina qabuun ijaaramee irra ooluu danda'u irratti calaqqee hubannoo akka dhyeessan taasisii duub-deebii kenni.

**Calaqqee:**

- Ciminni baattoonni nageenyaafi tasgabbii hawaasaa isaaniif qaban jedhanii yaadan irratti barattoonni calaqqee akka kennan afeeruun duub-deebii kenniif.

## Gahee taphannaa waldhabdee

**Kaayyoo**:

- Haala qabatamaa jireenya guyyuu keessatti dandeettiiwwan kalaqaafi bilchina sammuu ijaarsa nageenyaa hojiirra oolchuuf

**Bu'aa:**

- Barattota haalota waldhabdeef furmaata sirrii ta'e barbaadan.

**Meeshaalee barbaachisan**:

- Homtuu hinbarbaachisu

**Gocha:**

1. Barattoota gareewwan xixiqqaan gurmeessun haalota qabatamoo waldhabdee hawaasa naannoo keessa jirattu keessaa tokko tokko kenniif. Waldhabdeewwan kunneenis wald-habdeewwan: hawaasa adda addaa gidduu yookiin hawaasa tokkoo gidduu jiru yookiin hawaasa biyyoolessaa yookiin hawaasa idil-addunyaa gidduu jiru ta'u danda'aa.
2. Amala waldhabdee isaaniif kennameen gareewwan hunduu daqiiqaa sadii hanga afuriif gahee taphachuu taatonni adda addaa keessatti hirmaatanii fi akkaataa itti waldhabdeen sun furmaata argate ibsuu danda'uun akka agarsiisan ajaji. Dhimma kana irratti akka qophaa'aniif gareewwan hundaaf daqiiqaa digdama kenniif.

| |
|---|
| Fakkenya waldhabdee 1: Obboleessaafi obboleettiin maatii tokkoo burtukaana takkittii mana jiru "anatu fudhata" kan jedhuun irratti wal- lolu. Lamaan isaaniiyyu anaaf ta'uu qaba jedhanii amanu. Durbiin isaanii baay'ee jaallatan isaan dubbisuuf mana isaanii waan dhufe jiruuf, mucaan inni dhiiraa cuunfaa burtukaanaa isaaf hojjechuu barbaada. Isheen dubraa immoo burtukaana kana fayyadamtee keekii hojjechuufii karoorfatte.<br><br>Qamoota waldhabdee: obboleessafi obboleetti<br>Ejjennoo obboleessaa: burtukaana kana natu fudhata<br><br>Ejjennoo obboleettii: burtukaana kana natu fudhata<br>Fedhii obboleessaa: cuunfa burtukaanaa qopheessuun durbii isaa simachuu<br><br>Fedhii obboleettii: burtukaana kanatti gargaaramtee keekii qopheessitee durbii ishee siachuu. |

3. Gareewwan hunduu dhimma kana gahee taphachuun akka dhiyeessan godhi.

4. Agarsiisa gahee taphachuun kanatti aansuun, waldhabdee kana keessatti maaltu akka uumamee ture ilaalchisee; fakkeenyaaf: qaamoleen kan keessatti qooda fudhatan kam fa'a akka ta'an, maal akka yaadan, ejjennoofi fedhiin isaanii maal akka ture, miira akkamii akka qabaataa turan, wanta godhan sana maaliif akka rawwatanfi haalli kun karaa biraa akkamitti akka taphatamuu danda'u irratti barattoota wliin mari'adhu.
5. Yoo yeroon gahaa qabaatte, gareewwan biroo keessaa taatonni gahee waljijjiiranii irra deebi'anii akka taphatan gochuun waldhabdeen itti jijjiiramuufi dhiibbaa dhufu itti xiqqaa-tu agarsiisi.
6. Erga taphni gahee taphachuu raawwatamee mareenis gaggeeffamee booda barattonni gocha kana irraa waan waan hubataan yaadonno gabaabaa akka barrefataan taasisi.
7. xumura irratti, waan gocha kana irraa baratan ilaalchisee barattoonni muraasni yaada qaban dareef akka qoodann gochuun duub-deebii kenniif.

**Calaqqee**

Barattonni waldhabdee umamuu malan keessatti maal gochuu akka qaban yadannoo barnoota isaanii keessatti akka barreeffatan taasisi.

## Waldiigessaafi Arbaa

**Kaayyoo**

- Ajajoota dhaggeeffachuun dandeettii si'aayinaan dhaggeffachuu cimsuu

**Bu'aalee**

- Barattoota barbaachisummaa dhaggeffachuu hubatanii ibsuu danda'anii.

**Meeshaa:**


- Waraqaa/dabtara yadannoo
- Kobbee yookiin qubeessaa
- Gabaate gurracha yookiin waraqaa fakki guddaa

**Gocha:**

1. barattoonni hunduu waraqaa yookiin dabtara yaadanno isaanii akka akka qopheeffatan ajaji. Itti aansuun waa'ee fakkaattii bineensa tokkoo dubbisuuf akka jirtuufi waan ati dub-bistuuf irraa ka'uun boca fakkii bineensichaa waraqaa isaanii irratti akka kaasan itti himi.
2. Ibsa fakkaattii bineensichaa dubbisaa jirtu barattoonni yeroo argatanii itti yaaduun akka bocuu danda'anitti sarara gidduu gidduutti dhabiifi. Yoo ariitiidhaan itti fuftee kan dubbistu ta'e gochi kun hinmilkaa'u waan ta'eef yeroo gahaa kennaa jiraachuu kee mirkaneeffadhu.

- Ibsi fakkaatii bineensichaas kunooti:
- Bineensa bal'inaan Afrikaa keessatti argamu

- Huuruun isaa dheeraa (funyaan isaa boca ujummoo qabu)
- Ijaa xixxino
- Gurraa gurguddaa
- Eegee dheeraa
- Qaama isaa waliin wal bira yoo qabamu luka qaqal'oo
- Gogaa daangulleessa
- Qeensa gurguddaafi fufurdaa ittiin boolla qotu



Madda: The Noun Project Parkjisum

3. Barattoonni baay'een fakkii arbaa kaasuu mala. Ibsa fakkaattii isa dhumaa yeroo dhagahan baay'ee bitaa itti gala. Baay'een isaanii qeensa dheeraa luka fakkii arbaa irratti dabaluu ta'e. Warreen biroon immoo fakkii kaasan kana dhiisanii kan biraa kaasuu jalqabu. Qabatamaa gochuudhaaf bineesichi akka barattoonni bocaan kaasanii akka agarsiisan gaafataman **Waldiigessaa** fakkiin isaa kan armaangadii ta'eedha.
4. Barattoonni fakkii kaasan olkaasanii akka walitti agarsiisan gaafadhu.
5. Itti aansuun barattoota akkas jechuun gaafadhu: Maaliif gochaa kana rawwanne jettee yaadda? Kanarraa maal baranna? Ibsa fakkaattii fakkii isaa kaasuun salphaa turee? Haala kanaan akka fakkeessitu maaltu si taasise?
6. Boci fakkaatii barattoonni kaasan fakkii waldiigessaa kana waliin walirraa kanfagaatu yoo ta'e, sababni garaagarummaa kana barattoonni waan isaaniif dubbifamu si'aayinaan dhageeffachuu caalaa sagalee keessoo isaanii jiruun oofamuu isaanii akka ta'e itti himi. Dhaggeeffachuufi sagalee keessoo ilaalchisee ibsa armaan gadii ilaali.
   a. Dhaggeeffachuu: Carraa odeffannoo gurraan caqasanii argatan tokko bifa gurmaa'en hubachuufi osoo hinharcaasiin deebisanii calaqqisiisuun gudunfaa tokko irra gahuu danda'uu.
   b. Sagalee keessoo: Waan dhaggeffanne tokko wayita ibsinu, waan namoonni biraan nutti himan irraatti sammuun keenya yaadaafi ibsa mataa isaa  kennuun hiika itti kennaa deema. Sagaleen keessoo akkasii kun ibsa fakkaattii waldiigessaa dubbifame sana hiika "Arba" jedhu kennuu danda'a.
7. 'Akkamitti bareechinee dhaggeeffachuu dandeenya?' jechuun barattoota gaafachuun deebii isaanii gabaatee yookiin waraqaa bal'aa irraatti barreessi. Namni tokko sirritti dhaggeffachaa jiraachuu isaa mallattoleen agarsiisan maal fa'a akka ta'an gaafadhu.
8. Xumura irraatti barattoonni cimdii cimdiidhaan si'aayinaan dhaggeeffachuu akka shaakalan gaafadhu. Tokkoon tokkoo cimdiiwwanii dabareedhaan guyyaa baay'ee gammadan tokko haala keessa turan akka walitti himaniifi waldhaggeeffatan godhi. Xumua irratti, waan dhaggeeffatan sana deebisanii akka walitti himan gochuun si'aayinaan dhaggeeffachuu jechuunis maal jechuu akka ta'e akka irratti mari'atan gochuun duub-deebii kenni.

**Calaqqee:**

- Barattoonni waan gocha kana irraa hubatan bifa calaqqeen yaadannoo isaanii keessatti akka barreeffatan godhi. kana malees hiriyoota isaanii keessaa nama haasaan isaa itti toluufi dhaggeeffachuu barbaadan yoo qabaatan daree keessatti si'aayinaan dhaggeeffachuu akka shaakalan affeeri.

## Oduu Nageenyaa

**Kayyoo:**

- Jireenya qabatamaa keessatti dandeettii rakkoo furuufi waldhabdee hiikuu hojiirra oolchuuf.

**Bu'aa:**

- Barattoota waldhabdeewwan uumamaniif ilaalcha furmaataa nagaa qabeessa horataniifi tooftaa kanaan waldhabdee jireenya isaanii keessatti isaan mudataniif furmaata kennan.

**Meeshaalee barbaachisan:**

- Kaardii oduu nageenyaa (armaan gaditti ilaali)

**Gocha:**

1. Barattoota gareewwan 4 hanga 5'n ijaari. Gareewwan kanneeniif kaardii oduu nageenyaa qabiyyee gadiin ibsame kenniif.  Qabiyyee kaardii oduu nageenyaa kana akka mata duree oduu TV'tti fudhachuun barattoonni yaada furmaataa qabatanii bifa gabaasa oduun akka dhiyeessan gaafadhu.
2. Gareen hundi furmaata barbaduufi sagantaa oduu qopheeffachuuf daqiiqaa soddoma qabu. Haala sana ofii akka keessatti hirmaataniitti yookiin bifa af-gaaffiin namoota hirmaachisuun furmaata isaa akka gabaasan godhi.
3. Tokkoon tokkoo sagantaa oduu irratti marii taasisi. Gaffilee irratti  mari'atamuu qaban keessaa muraasni:
   - Haalota kanneeniif furmanni biraan jiraa?
   - Haalonni kun balaa uumamaan yoo hammatan maaltu ta'uu danda'a?
   - Yaadi furmataa dhiyaate mirga namoota biroo irratti dhiibbaa dhaqabsiisa?
   - Haala akkasii keessa osoo jiraattee maal goota turte?
   - Namoonni akkamitti araaramuu danda'u?
   - Nagaa adddunyaa kanaaf araarri barbaachisaadha jettee yaaddaa?
4. Barattonni sammuu bilisa ta'een furmaata akka barbaadaniif yaadota haarawaafi falmisiisaa ta'e jajjabeessi. Furmaata hanga qabeessa namoota biroo miidhuu hindandeenye akka maddisiisan jajjabeessi. Barattoonni taateewwan hundaayyuu kallattii mirgaa, kabajaafi itti-gaafatamummaatiin akka xiinxalan gaafadhu. Adeemsa kana keessatti mirga

eenyuutu sarbame? Mirga eenyuutu kabajame? Namoonni walii isaanii kabaajaa jiruu? Yaadni furmaataa dhiyaate namoonni ofii isaaniis ta'e kanneen biroo miira itti-gaafatamummaan akka ilaalan taasisaa? Mirgi namootni biroo akka kabajamu ni-taasisaa?

**Calaqqee**:

- Barattoonni maalummaa nageenyaa irratti hubannoo argatan bifa calaqqeen yaadannoo isaanii keessatti akka barressatan gaafachuun duub-deebii kenniif.

## Kaardiiwwan Oduu Nageenyaa:

- Fakkeenyota muraasa kardiiwwan armaan gadii ilaaluun, haala qabatama keessaniin kan mataa keessanii qopheeffadhaa.

**Kaardii Oduu Nageenyaa 1:**

Barattoonni umrii dargaggummaa keessa jiran lakkoofsaan afurtama ta'an naannoo walitti-bu'iinsa hawaasa gidduu jiru tokkoo gara mana barnootaa hawaasa biraatti geeffaman. Hawaasni mana barnootaa kanaa dhufaatiin barattoota haarawaa kun hojii mana barumsaa keenyaa jeequufi tasaggabbii dhowwuu danda'a jedhanii yaadan.

Dargaggoota kanneen keessaa muraasni hawaasni mana barnootichaa fuula gaariin nuhinsiman-nee; jibbiinsa nuuf qaban ibsataniiru jechuun gara mana barumsaa deemuuf fedhii dhaban. Kana irraan kan ka'e maatiin dargaggoota kanneenii komii qaban anga'oota barnoota naannoo sanaatti dhiyeeffatan. Xumura irratti, anga'oonni barnoota naannoo isaanii dhimma kana keessa seenuun bifa jaarsummaatiin waldhabdee kanaaf furmaata tolchan. Furmaatichis mata duree oduu ta'eera.

**Kaardii Oduu Nageenyaa 2:**

Jiraattota magaalaa tokko keessaa dhibbeentaa shan kan ta'an baqattoota bakka biraatii dhu-faniidha. Yeroo dhiyoo asitti, walitti bu'insi baqattoota kanaafi jiraattota biroo magaalittii gid-duutti babal'ataa dhufee jira. Ijoolleen baqattootaa sadii suuqii namootaa seenuun meeshaalee garaagaraa otoo hataa jiranii harkaafi harkatti qbamaniiru. Gochi hannaa kun babal'achuu isaati-in hawaasni magaalittii baqattoonni kunneen naannoo sanaa deemuu qabu jechuun mormii kaasan.

Haala kanaan, hawaasni naannoo mootummaan baqattoota kanniin naannoo biraatti geessee qubachiisuu akka qabu gaafatan. Magaalaa irraa baqatanii dhufan keessaa sodaafi yakki akka malee babal'achaa dhufuu akka sababaatti dhiyeeffatan. Gama biraatiin , baqattoonni dhiibbaa isaan irra gahaa jiru; loogii adda addaaf akka saaxilaman, hojii argachuun akka isaan rakkisee fi hawaasatti makamanii jireenya waloo jiraachuun akka itti ulfaate himatan. Haala Kana irraa ka'uun magaala waajjira bulchiinsa magaalittii fuula duratti ba'uun torbaan darbe guutuu mormii isaanii dhageessisaa turan. Rakkoo kana sirnaan xiinxaluun mootummaan furmaata waaraa ken-neera; Dhimmi kunis, oduu ijoo ta'eera.

## Odoloota Dhabamaa Jiran

**Kaayyoo:**

- Dhibbaafi waldhabdee jireenyaa keessatti mudatu dandamachuuf duudhaafi safuu ofii hojiirra oolchuu.

**Bu'aa:**

- Barattota waldhabdee dandamachuuf calaqqee duudhaafi safuu qaban mul'isan.

**Meeshaalee barbaachisan:**

- Gaazeexaawwan/waraqaa babal'aa
- Muuziqaaafi sagalee guddistuu (meeshaa muuziiqaa sagalee olkaasuun taphachiisuu danda'u)

**Gochaawwan:**

1. Bakka duwwaa gidduu gidduu waraqaalee/gaazexaawwan kanneen gidduutti dhiisuun waraqaalee/gaazexaawwan kanniin lafarra diriirsii afi. Waraqaalee kunneen odoloota bakka bu'u. Osoo muuziqaan taphatuu tokkoon tokkoo baratoa odoloota sana irra otoo hinejjetiin akka gidduu deeman gaafadhu. Yeroo sagaleem muuziqaa dhaabatu odoloota sana irraa akka dhaabbatan ajaji. Irra deddeebiidhaan muziiqaa sana addaan kuti.

2. Yeroo muuziqaa sana irra deddeebistee taphachiisuu jalqabdu hunda odola/gaazexaa tokko tokko hanqisi. Haala kanaan lakkoofsi odoloota kanneenii gadi bu'aa deemee adeemsa keessa iddoo barattoonni irra dhaabbatan dhabamaa deemaa dhufa. Barattoonni waan irra dhaabbatan dhaaban kunneen taphichaa keessaa bahaa deemu jechuudha. Hanga odolli/waraqaan tokko qofti hafee barattoonni lakkoofsaan irra caalaan taphichaa ala ta'anitti taphicha itti fufsiisi.

3. Xumura taphichaa irratti barattoonni maal akka hubatan akka ibsanitti mariisisi. Maree kana keessatti gaaffiilee armaan gadii barattootaaf dhiyeessuu dandeessa.

   - Yeroo odolloonni muraasni hafanitti maaltu ta'e? Maaltu isinitti dhagahame?
   - Yeroo lafa dhaabbattan dhabdanii taphicha keessaa bahuuf dirqamtanitti maaltu sitti dhaga'ame? Bakka dhaabbattan eeggachuudhaaf maal gootan? Hiriyyoonni keessan bakka dhaabbatan akka argatan gargaartaniittuu?
   - Waanti kun haala jireenya qabatamaa keessatti mul'atu waliin walfakkaataa? Attamitti?

4. Taphicha jireenya guyyaa guyyaan walitti fiduun dhibbaafi waldhabdee jireenyaa kees-

satti mudatu dandamachuuf haala duudhaafi safuu ofii hojiirra oolchuun waan qaban waliif qooduu, wal gargaaruu, hammachuufi kanneen saaxilamoo ta'an gargaaruufi kkf irratti barattoota mari'achiisi.

5. Waldhabdeen kan jiraatuufi qaama jiruufi jireenyaa akka ta'e; garuu ammoo, hawaasni duudhaafi safuu dagatee wal-hubachuu, waliif qooduu, wa-ltumsuufi wal-gargaaruu yeroo dadhabutti hammaatee gara jeequmsaafi lolaatti jijjiiramuu danda'a. Kanaafuu, safuufi duudhaa qabaniin rakkooleefi haalota jiran furachaa waliin jiraachuu haalota dandeessisan irratti barattoota waliin mari'adhu.

**Calaqqee:**

- Barattoonni gochaa kana irraa maal akka baratan barruu isaanii keessatti akka barreeffatan gochuun duub-deebii kenni.

## Qorama Hamilee

Qorama safuu jechuun waldhabiinsa dirqamoota hamilee gidduutti uumamaniifi dirqama hamilee tokko guutuuf yaaluun dirqama hamilee isa biraa irra darbuu fakkaachuun qorama murteessuu dadhabuu waliin kan walqabatudha.

**Kaayyoo:**

- Murteewwaniifi qorama garaagaraa keessatti duudhaaleefi qajeeltoowwan sirna safuu hojiirra oolchuu,
- Dhimmootaafi rakkiinoota nama qoran keessatti furmaata duudhaaleefi sirna safuu eeggate kennuu,

**Bu'aa:**

- Barattoota qoramaafi rakkoolee isaan mudatan keessatti duudhaafi safuu eeganii furmaata barbaadan.

**Wantoota barbaachisan:**

- Tarreeffama qorama haamilee
- Qajeeltoowwan adeemsa murtoo gabatee gurraacha/waraqaa guddaa irratt barreeffaman; yookiin maxxanfamanii gareewwaniif raabsaman.

**Gochaawwan:**

1. Barattoota garee 3-5'n gurmeessuun gareewwan kannenif qorama hamilee tokko tokko kenni.

**Qajeeltoowwan qorama hamilee qopheessuuf gargaaran**

- haala barattoonni waan sirriifi sirrii hinta'iin tokko dirqama adda baasanii murteessuu qaban tokko dhiyeessi.
- qorama hamilee dhiyatu kanaaf yaadni gareewwan furmaata sirriidha jedhani dhiyessan yaada garee isaanii fayyadu ta'ee, garuu ammoo,kan gareewwan biroo irratti dhiibbaa hamaa qabu akka ta'utti dhiyeessi.
- haala seerota jiran nama cabsiisuuf carraa banuu dandeessisan tokko balballoomsi.
- qoramni hamilee kun hala barattoonni murtoo mataa isaanii murteessuuf itti dirqaman kan uumu ta'uu mirkaneeffadhu.

2. Qorama kana irratti barattoonni daqiiqaa 30f akka irratti mari'atanii furmaata isaa irratti waliigalteerra akka gahan haala mijeessi. Itti aansuun murtooofi yaada furmaataa irra gahan kan gareewwan biroo waliin akka yaada waljijjiiran taasisi.

3. Qajeeltoowwan murtee sirna hamilee armaan gadii barattootaaf dhiyeessi. Jalqaba qajeeltoowwan kana irratti akka mari'atan taasisuun sana booda murtoo isaanii kan duraa irra deebi'anii akka ilaalan godhi.

**Qajeeltoowwan murtoo sirrii kennuu:**

Yeroo haalonni ati dirqama murtoo murteessuu qabdu si mudatan, gaaffiiwwan armaan gadii murtoo sirrii murteessituuf si gargaaran kana xiyyeeffannoon deebisuuf yaali.

- ✓ Murtoon kun nama biraa miidhu qabaa? Eenyuun?
- ✓ Murtoon kun hamileefi amantaa kee nimiidhaa?
- ✓ Murtoon kun hamileefi amantaa nama biraa nimiidhaa?
- ✓ Murtoon kee namni biraa fedha isaa ala akka waa dalagu nitaasisaa?
- ✓ Murton kee ilaalchaafi amantaa namoota aadaa biroo kan nikabajudha?
- ✓ Murtoon kee namootni sirraa adda ta'an haalaafi maqaa hintaaneen akka hubatamaniifi fakkeeffaman gochuu danda'aa?
- ✓ Murtoon kee kabaja dhala namaa kan tuffatudhaa?
- ✓ Murtoo kee kana maatii, hiriyyaa yookiin barsiisaa keef mamnii tokko malee bilisa taatee ibsuu dandeessaa?
- ✓ Murtoon kee rakkoo jedhame sanaaf furmaata kan kennudhamoo kan haguugee darbuudha?
- ✓ Murtoon murteessitu kun gara fuul-duraatti dhiibbaa dhaqabsiisuu danda'u qabaa?

4. Qajeeltoowwan dhiyeessiteef kunneen murtoo gareewwanii jijjiiruufi jijjiiruu dhabuu isaanii irratti barattoota mariisisi. Beekumsi mirga namummaa murtoo gareewwanii irratti miidhaa dhaqabsiiseera? Qajeetoowwaan murtoo sirrii kanneen fooyyessuuf fedhii agarsiisaniiruu?

**Calaqqee:**

- Yeroo muraasa fudhachuun dhimma walfammisiisaa tokko dareef dhiyeessuun barattoonni yaada mataa isaanii akka irratti kennan godhi. Rakkoo kana bu'uuraan hubachuufi furmaata kennuuf dhimmicha kallattii adda addaan madaaluun barbaachisaa akka ta'e barattootaaf ibsi.
- Baratooni jireenya isaanii keessatti waa murteessuuf qorama isaan mudate beekan tokko dhiyeessanii yaada falmii isaan keessa ture, filannoofi murtoo isaanii yaadannoo isaanii irratti akka galmeeffatan taasisi.

**Fakkeenya qorama hamilee: Sobaaf tumsuu**


Raaheel barattuu umrii waggaa 15 yoo taatu maatii ishee mana dabboo qabu. Haati ishee Raaheel yeroo boqonna ishee hojii mana daabboon yoo gargaarte guyyaatti qar. 20 kennuufiin Raaheel koonsertii hawwisoo magaalattii deemtee daawwachuu akka dandeessu waadaa seenteef. Qarshiin daawwannaa koonsertichaaf barbaachisu qarshii 150 ture. Raaheel garuu kanaa olitti qarshii 200 walitti qabatteetti. Haata'u malee, haati ishee yaada jijjiiruun qarshii walitti qabame kanaan kitaaba bituufii akka barbaaddu Raaheelitti himte.

Kana irraan kan ka'e Raaheel miira xiiqii kessa seentee koonserticha deemuun qaba jettee murteessuun tiikeetii bitattee konseerticha deemte. Haata'u malee, guyyaa sana hiriyoota koo biran deema jettee haadha ishee sobdee deemte. Haala kanaanis haati ishee utuu dhimma kana hinbariin torban tokko darbe.

Adeemsa keessa Raaheel haadha ishee sobdee koonserticha akka deemtee turte iccitiidhaan obboleettii ishee angafaa Zennebechi jedhamtutti himte. Zennebechi ammoo, iccitii kana haadha isheetti himuufi dhiisuuf mamii keessa galte.

- Zennebechi, Raahel haadha ishee sobdee konsertii deemuu ishee himuu moo callisuu qabdi? Maalirra dhaabattee waan kana murteessuu qabdii?
- Zennebechi haadha isheef moo obboleettii isheefi caalmaatti amanamummaa qabaachuu kan qabdu? Maaliif?
- Raaheel haala akkasiitiin maallaqa walitti qabachuun ishee barbaachisaa turee? Maaliif?
- Haati Raaheel jalqaba irratti maallaqa argattuun Raaheel koonseertii deemtee daawwatta jettee erga waadaa seenteefi booda duuba deebitee waadaa isheee diiguun barbaachisaadhaa? Maaliif?
- Walumaa galatti, waadaan eegamuu qabaa? Maaliif?
- Namni waadaa siif seenu tokko nama baay'ee sitti dhiyaatuufi amma tokko sirraa fagaatu yoo ta'e waadaa siif gale kabajuu irratti garaagarummaa ni qabaataa?

## Eenyummaa fii Barbaaduu




**Kaayyoo:**

- Amaloota eenyummaa ofii addaan baasanii madaaluu

**Bu'aa**

- Barattoota eenyummaa isaaniifi akkaataa itti beekamuu qaban madaalan
- Barattoota eenyummaa isaanii isa sirrii beekanii jaallatan

**Meeshaalee barbaachisan**

- Tokkoon tokkoo barattootaafi waraqaa tokko tokko/dabtara isaanii

## Eenyummaa ofii barbaaduu

**Kaayyoo:**

- Eenyummaa ofii addaan baasanii xiinxaluu

**Bu'aa**

- Barattoota eenyaummaa isaanii addaan baasanii xiinxalaniifi akka itti ofmul'isuu qaban ibsatan
- Barattoota karaa sirrii ta'een ofhubataniifi mataa isaaniif ilaalcha gaarii horatan

**Meeshaalee barbaachisan**

- Waraqaa adii/dabtara isaanii
- Kobbee yookiin qubeessaa
- Kobbii diimaafi kkf

**Gocha:**

1. Sonaaleefi amaloota eenyummaa ofii kutaa lammaffaa keessatti dhiyaate barattootaa wajjin keessa deebi'ii ilaali. Eenyummaan nama tokkoo maal maal irraa akka ijaaramu barattoota gaafadhu. Amalootaafi qabiyyee eenyummaa nama tokkoo armaan gaditti dhiyaate akka fakkeenyatti fayyadami. Caasaa amaloota eenyummaa kana gabatee irratti kaasuun yaadota qabiyyee eenyummaa barattoonni kennaniifi kan biroos itti dabali.
2. Barattoonni maal akka jaallatan, gatii mataa isaaniif kennaniifi akkamitti akka of mul'isuu barbaadan gaafadhu. Saxaxa fakkii qabiyyee amala isaaniis kaasuuf akka jiran ibsiif.
3. Saxaxi fakkii qabiyyee eenyummaa isaanii kunneen hiriyoota daree isaanii kanneen fakkii kana irraa ka'uun gudunfaa amala eenyummaa mataa isaaniirra gahuu malaniin akka ilaalamu itti himi.

4. Barattoonni kunneen gochaaleefi carraa biroon dursanii amala walii isaanii beekuun ifaafi bilisa ta'anii eenyummaa isaanii akka walitti himaniif gargaara. Gocha kana keessatti barattoonni akka waliin dubbatan jajjabeessi.
5. Kobbee yookiin boronqii halluu garaagaraafi waraqaa tokko tokko kennuufiin/ dabtara yaaddannoo isaanii/ fayyadamuun saxaxa amalaafi qabiyyee eenyummaa isaanii akka wixineessan godhi. Akka fedhiifi kalaqa qabaniin saxaxa kana akka yaalan jajjabeessi. Fakkeenyaaf, gidduu saxaxaa yaalanitti mataduree "eenyummaa koo" yookiin maqaa isaanii barreessuu dhiisanii fakkii isaanii kaasuu nidanda'u.
6. barattoonni hundi gocha isaaniif kenname hojjetanii akka xumuranitti yookiin daqiiqaan 10 qofti akka hafetti barannoo kana goolabi. Barattoonni gochaa kana irraa maal akka baratan, amalaafi qabiyyee eenyummaa isaanii ibsuuf akkamitti akka isaan gargaare irratti yaada qaban bifa calaqqeen akka ibsan godhi. Barttootni muraasni amalaafi qabiyyee eenyummaa isaanii ilaalchisee saxaxa kaasan dareef akka dhiyeessan godhi. Yeroo yoo qabaatte, barattoonni amala mataa isaanii ilaalchisee waan bifa fakkiin kaasan minjaala irra kaa'anii walkeessa naanna'anii waliinii akka ilaalan ilaalan jajjabeessi.
7. Barbaachisummaa eenymmaa ofiifi kan namoota biroof gatii kennuu, garaagarummaa kabajuufi hedduumina dinqisiifachuu irratti ibsa gabaabaa kennuun gocha kana gudunfi.

**Calaqqee:**

- Barattoonni waa'ee isaanii, waa'ee mataa ofiifi namoota biroof kabaja kennuu ilaalchisee gochaa kana irraa baratan yaadannoo isaanii keessatti akka barreeffatan godhi.

## Bakka Nama Biraa Ofkaa'uu

**Kaayyoo:**

- Iddoo namoota biroo of-kaa'uun miiraafi haala jireenya isaanii hubachuuf

**Bu'aalee:**

- Barattoota miiraafi jireenya namoota biroo hubatan.
- Barattoota akkaataa namoota biroof naatoofi ilaalcha gaarii gabbifatan hubatan.



**Meeshaalee barbaachisan:**

- Waraqaa yookiin kaartoon barattootonni boca kopheen /faana miilaatiin murmuranii qopheeffatan,
- funyoo/kirrii waraqaa boca faana miilaan murmuran bifa kopheen ittiin walqabsiisan
- Murmurtuu/maqasiiwwan
- Kobbeeafi qubeessa

**Gocha:**

1. Barataan/tuun hundi barataa/tuu kan biroo duraan sirriitti wal hinbeekneefi walbaruu barbaadu/du tokko tokko waliin akka walitti dhufan godhi.
2. Tokkoon tokkoon barattootaa boca kophee/ faana miilaa hiriyyaa isaanii waraqaa/kaartoona kennameef irratti kaasanii akka muran godhi.
3. Barattoonni hunduu iddoo mijataa barbaadanii taa'uun bifa af-gaaffiin caalmaatti akka walbaran afeeri. Gaaffilee muraasa armaan gadii akka fakkeenyaatti dhiyaatan dhiyeessuudhaan waliindubbii isaanii daran hawwataa akka ta'u jajjabeessi.
   - Namootni jireenya kee keessatti murteessoo ta'an eenyu fa'i?
   - Wanti baay'ee ittiin boontu maalidha?
   - Maaltu si gammachiisa?
   - Namoonni biroon akkamitti akka sifudhatan/ilaalan barbaadda?
   - Mul'ati cimaan ati qabdu maalidha?
4. Adeemsa af-gaaffii keessatti yeroo gaaffii waliif dhiyeessu fedhii nama gaafatamuu irratti hundaa'uun karaa kabaja qabuun qofa ta'uu qabuun; waan namni gaafatamu deebisuu sirnaan dhaggeeffachuufi dhimma dhuunfaa isaa irratti namni gaafatamu deebisuuf fedhii yoo hinqabaanne gaaffii akkkasii irra darbuun barbaachisaa akka ta'e barattoota hubachiisi. Kana jechuun namoonni gaafataman haasa'uu hinfeene irratti akka odeeffannoo kennan dhiibbaa gochuu hinqaban jechuudha.
5. Xumura af-gaaffii irratti barattoonni akka boca kophee/boca faana miila hiriyyaa isaaniirraa qabxiilee ijoo hubatan fakkiin yookiin barreeffamaan akka agarsiisan gaafadhu.
6. Barattoonni kaartoonii boca kophee/faana miila hiriyyaa isaaniin murmuran sana irratti qaawwa xixiqqaa tolchuun funyoo yookiin kirrii kennamef sanaan akka faana miila isaanii keessa kaa'uun walitti qabsiisanii akka kaa'atan godhi.
7. Itti fufuun, barattoonni boca kophee faana miila nama biraan qopheeffatan sana kaa'atanii af-gaaffii waliif taasisan yaadachaa suuta jedhanii daree keessa akka deeman gochuun jireenyi hiriyyaa isaanii maal aka fakkaatu akka madaalan godhi.
8. Xumura irratti, barattoonni gocha kana irraa maal akka barataniifi muuxannoo attamii akka argatan akka himan gaafadhu. Dabalataanis, barbaachisummaa wal-hubachuu, naatoo waliif qabaachuu, walkabajuu; akkasumas duudhaalee kanneen akka hingabbifanne dhimmoota gufuu ta'an irratti barattoota waliin marii taasisi.

**Calaqqee:**

Barattoonni dabtara yaadannoo isaanii irratti nama yookiin garee caalmaatti hubachuu barbaadaniifi attamitti duudhaa kana gabbifachuu akka danda'an yaadannoo isaanii keessatti akka barreeffatan gaafadhu.

## Amaloota Eenyummaa Ofii Beekuu

**Kaayyoo:**


- Amaloota eenyummaa ofii gaaffilee dhuunfaan madaalanii beekuuf

**Bu'aalee:**

- Barattoota amaloota eenyummaa mataa isaanifi kan namoota biro qoratanii adda baafatan.
- Barattoota namoonni isaan irraa adda ta'an hagam isaan waliin walfakkeenya akka qaban hubatan.

**Meeshaalee barbaachisan:**

- Waraqaa yookiin dabtara yaadannoo
- Kobbee yookiin qubeessaa
- Kirrii maramaa halluu garaa garaa qabu



**Gocha:**

1. Barttoonni fakkii urjii qara shan qabuu akka kaasan godhi. Akka isaan si faana bu'anii kaasaniif akka fakkeenyaatti urjii tokko kaasuufii dandeessa.
2. Barattoonni odeeffannoo ijoo amala eenyummaa mataa isaanii akka ibsuu danda'utti gaaffiilee gurguddoo shan akka deebisan gaafadhu. Gaaffiiwwan kanneenis garee keessaa yookiin kanneen arman gadii keessaa filachuu dandeessa:
   A. Sirbii yookiin nyaatni isaan jaallatan kam akka ta'e.
   B. Bakki isaan caalmaatti jaallattan kam akka ta'e.
   C. Haalaafi muuxannoo jireenya akkamiif dursa akka kennan.
   D. Amantaa cimaa isaan qaban mal akka ta'e.
   E. Maal hojjechuu akka jaallatan
3. Qara urjii qara shan irratti deebii isaanii akka barreessan gaafadhu.
4. Itti aansuun, gareedhaan taa'uun deebii isaanii akka walitti agarsiisan godhi.
5. Erga walitti agarsiisanii booda, barattoonni fakkii urjii fuulduratti qabatanii walkeessa deemuun kan barattoota biroo akka ilaalanfi yoo xiqqaate debii isaanii lama lama akka walitti agarsiisan godhi. Tokkoon tokkoo isaanii yoo xiqqaate garaagarummaafi wal fakkeenya tokko tokko yookiin waan adda ta'e tokko walirraa argachuu qabu.
6. Sagalee yookiin mallattoo daqiiqaa afur afuriin isiniif dhiyaatuun walirraa walitti darbanii deebii isaanii akka walitti agarsiisan jajjabeessi. Nani tokko yoo xiqqaate nama shan akka argatu godhi.

7. Lafa dirree irratti barattoonni bifa geengoon naanna'aanii akka taa'an gochuun barattoonni deebii qara urjii irratti kennaniin ibsama amalaa eenyummaa hiriyyaa isaanii tokko keessaa kan hubatan akka himan godhi. Garaagarummaafi wal fakkeenya amala eenyummaa hiriyyaa waliin qabaniifi waan isaanitti tole tokko akka ibsan godhi. Kirrii bifa kubbaan maramee jiru sana nama isa jalqaba irra jirutti kennuun fiixee kirrii maramaa sana akka qabu taasisuun nama waa'ee isaa dubbataa jiranitti akka dabrsu godhi.
8. Kirriin kun tokkoon tokkoo barattootaa waliin dubbatanii turan bira gahee barattoonni bakka jiran hundatti kirri isaan bira gahe harkaan qabachaa nama biraa waliin dubbatanii turanitti haa dabarsan. Bifa walfakaatuu, barattoonni kirrii sana hin argatiin yoo jiraatan gara isaaniittis haadabarsan. Hanga maramni kirrii sun hanga dhumutti bifuma kanaan waliif haa dadabarsan. Bifa kanaan, boci akka marsariitii/saaphana fakkaatu uumamuu mala.
9. Erga barattoonni cimdii cimdiin bifa af-gaaffii walbaranii waliin dubbatanii booda bakka tokkotti mariisisuun mijataa yoo hintaane, gareewwan garaa gara ijaaruun yaada akka waliif goodan gochuun yeroo kenname keessatti bifa hirmaachisaa ta'een gocha kana xumursiisuu dandeessa.
10. Erga barattoonni hunduu kirrii sana waliin gahee baraan kirrichaas dhumatee, barattoonni gocha kana irraa maal akka baratan, kirriin bifa marsariitii kun maal akka bakka bu'ufi kirrii boca marsariitii ummate kana irraa maal akka hubatan akka himan carraa kenniif.
11. Duudhaaleefi sonaalee hedduuminaa, tokkummaa namumaafi yaadrimee "Ubuuntu" irratti ibsa gabaabaa kennuun barannoo kana goolabi.

**Calaqqee:**

- Waa'ee hiriyyoota isaanii, waa'ee hedduuminaafi tokkummaa namummaa ilaachisee waan haaraa gocha kanaan baratan yaadannoo isaanii irratti akka barreeffatan jajjabeessi.


## Uffata Loltuu

Uffati kun uffata loltoonni lola fardaan sirna abbaa lafa durii (medieval knights) keessatti beekaman morkattoota isaanii irraa ittiin adda of-baasuuf uffataniidha. Uffati kun akka ibsituu mallattoo duudhafi eenyummaa loltoota sanaa agarsiisa Tech4Leanring (2019) .

**Kaayyoo:**
- Hawwii, ciminaafi falaasama jireenya ofii adda baafachuuf.

**Bu'aa:**
- Barattoota ciminaafi hawwii jireenya isaanii adda baafatan.

**Meeshaalee barbaachisan:**
- Waraqaa yookiin dabtara yaadannoo
- Kobbe yookiin qubeessaa



**Gochoota:**

1. Barattoonni waraqaa guddaa qopheeffatanii maqaa isaanii akka itti barreessan taasisi.
2. Gaachana kutaa afur qabuufi baanerii armaan gadii waraqaa irratti kaasi.
3. Kutaalee gaachanaa afran keessatti, qabxiilee armaan gadii baballoomsi:
    - Milkaa'ina koo isa olaanaa
    - Galma koo/hawwii koo (yoo xiqqaate lama)
    - Hawwiin koo inni olanan naaf guuteera kan jettu yoom akka ta'e,
    - Jireenyaafi milkaa'ina koo har'aaf nama/namoota/murteessaa /murteessoo ta'an
4. Baanarii gaachanicha jala irratti barattoonni dhaadannoo yookiin falaasama jireenyaa isaanii (qajeeltoo jireenya isaanii) akka barreessan godhi.
5. Barattoota gareewwan miseensa afur yookiin shan qabanitti qindeessuun, kutaalee gaachana isaanii keessatti waan ibsan akka walitti agarsiisan godhi.
6. Gareewwan hunduu walkeessa naanna'aanii deebii isaanii akka walitti agarsiisan gochuu jajjabeessi.
7. Gocha kana irraa barattoonni maal akka bratan, falaasama jireenya isaanii baanaricha irratti barreessuuf waan isaan rakkiseefi dhuma irratti waan barreessan sana akkamiin akka filatan akka ibsan gaafadhu.

**Calaqqee:**

- Barattoonni milkaa'ina, hawwii/galmootaa, ciminootaafi falaasama jireenya isaanii yaadannoo isaanii keessatti akka barreeffatan taasisi. Kana malees, akkaataa wantoonni kunneen adeemsa keessa jijjiiramuu danda'an akka barreeffatan gafadhu.

## Haguuggiidhaan Deemuu

**Kaayyoo:**

- Akkaataa waan qabatamaa hintaaneen waan hinmalle namatti maxxansuun moggaasuufi qooduun ilaalcha namoota sanaaf qaban irratti dhiibbaa yeroo baay'ee sirrii hintaane dhaqabsiisu hubachiisuu.

**Bu'aalee:**

- Barattoota eenymma gareewwan hawaasa garaagaraa akkaataa isaan ittiin ilaalaman waliin hubatan.
- Barattota eenyummaa isaanii kallattiiwwan garaa garaan madaalanii hubatan.

**Meeshaalee barabaachisan:**

- Kaartoonii/waraqaa
- Qaxxaa muraa/maqasii
- Kirrii/kirrii

**Gocha:**

1. Barattoonni kaartoonii/waraqaa irraa haguuggii fuulaa tolchuun kirrichaan immoo fuula isaanii irratti naannessanii mataa isaaniitti akka hidhatan taasisi.
2. Dursa moggaas eenyummaa gareewwan hawaasaa gahee hojii isaanii kanneen akka haadha, abbaa, poolisii, qonnaan bulaa, daldalaa, gaggeessaa amantaa, dubartii, dhiira, nama siyaasaafi …qopheessi. Hawaasa keessaa warra dhiibamaniifi loogiin irra gahe tarreeffama kana keessatti dabaluun waanti irraa baratamu hawwataa akka ta'u godhi.
3. Barattoonni haguuggii isaanii akka uffatan gochuun akka isaan arguu hindandeenyetti amoggaasa ibsituu eenyummaa qophaa'ee keessaa tokko  tokko fuuldura haguuggii isaanii irratti isaaniif maxxansiif. Barattoonnis ibsituu eenyummaa kamtu haguuggii isaanii irratti akka maxxanfame hinbeekan.
4. Barattoonni haguuggii isaanii uffatanii fuula dura bahanii asiif achi deemuun barattoota biroo ibsituu eenyummaa haguuggii isaanii irratti maxansamee akka ilaalan godhi. yeroo barattoota biroo eenyummaa ibsituu isaanii waliin arganitti haluma walitti hariiroo barmaatawaa hawaasni namoota kanaaf qabuun simadhu; Fakkenyaaf, nama siyaasaa kan jedhuun harka fuudhuu; qaama miidhamaa yoo ta'e irraa qoollifachuun bira darbuufi kkf.
5. Barattoonni hunduu haaluma hiriyyoonni isaanii itti isaan simataniin ibsituu eenyummaa haguuggii isaanii irratti maxxanfamee jiru sana tilmaamuu haa yaalan. Barattoonni hunduu walkeessa deemanii hanga walitti makamanitti yeroo gahaa kenniif.
6. Erga barattoonni walkeessa naanna'aanii walitti dabalamanii booda bifa   geengoon dhaabbatanii maal walirraa akka barataniifi muuxannoo maalii akka argatan akka ma-ri'atan godhi.
7. Gocha kana akka raawwataniin barattoonni barannoo kana akka malee fudhatanii ibsituu eenyummaa hojii kana keessatti isaaniif maxxansameen walwaamaa ittifufanii waldhab-dee komeefi waldhabdeef sababa akka ta'uu hinqabne akeekachiisuun dhorki.
8. Gocha kana keessatti maaltu akka uumamee tureefi maal akka irraa baratan mariisisuun yaada isaanii akka ibsatan jajjabeessi.  Gocha kana irraa ka'uun, namoonni moggaasni ibsituu eenyummaa haala armaan olii kennameefuu wayita bifa kanaan simataman maaltu akka itti dhagahamuufi deebii attamii akka kennan hubannoo argatan akka waliif qoodan taasisi.
9. Dhumarratti, barattoota moggaasa eenyummaa garaa garaa qaban fakkeenyaaf: na-moota siyaasaa, abbaa, haadha ijoollee, dubartii abbaan manaa irraa du'e, qaama mi-idhamaa, qonnaan bulaa, daldalaa, jiraataa magaalaa, jiraataa baadiyya, kan barate, kanhinbaratiin, horsiisee bulaafi kkf uula duratti bahanii akkaataa ibdituun eenyummaa hedduun nama tokkicha   irratti mul'atan irratti akka mari'atan godhi. Kana jechuun

namni tokkichi ibsituu eenyummaa haguuggii isaa irratti maxxansameen olqabaachuu danda’a jechuudha.  Ragaa irratti osoo hinhundaa’iin waan saayinsaawaa hintaane na-mootatti maxxansuun dhiibbaa irraan gahuun akkamitti hariiroo hawaasummaa akka mi-idhuufi akkaataa namni tokko ibsama eenyummaa hedduu waliin akka jiraatu barattoota hubachiisi.

10. Gochaafi barannoo kana irraa barattoonni maal akka barataniifi waan hubatan irra ka’anii walitti dhufeenya namoota biroo waliin qaban maal akka fooyyessuu danda’an yaada akka Kennan godhi.

**Calaqqee:**

- Barattoonni haala garaa garaa keessatti ibsitoota eenyummaa qabatanii waliin jiraatan adda baasanii yaadannoo isaanii keessatti akka barreeffatan gaafadhu.

## Cancala Walta’insaa

**kaayyoo:**

- Jireenya gamtaa keessatti barbaachisummaa walta’insaa agarsiisuu.

**Bu’aa:**

- Barattoota rakkoolee waloo furuu keessatti walta’insaafi tumsaan waliin hojjechuu hu-batanii ibsuu danda’an.

**Meeshaan gocha kana raawwwachuuf barabaachisu hinjiru**

**Gocha:**

1. Barattoonni gareewwan miseensota 10 hanga 15’n gurmeessuun bifa geengoon naan-na’anii akka dhaabbatan gaafadhu.

   Tokkoon tokkoon barattoota harka isaanii kan mirgaa qileensa irra olkaasanii harka mirgaa namoota biroo kallattiin gara fuul dura isaanii jiran hiixatanii qabuun boca cancalaa walta’insaa tokko akka uuman godhi. Harka nama karaa mirgaas ta’ee bitaa isaanitti aanee jiruu qabachuu akka hinqabne itti himi.

2. Haaluma harka mirgaan raawwataniin harka bitaanis harka mirgaa namoota biroo fuul-dura isanii jiranii hiixatanii akka qaban itti himi.

3. Namni hunduu harka nama lamaa qabachuufi; garuu ammoo, harka namoota isaanitti aa-nanii kan hinqabanne ta’uu isaa mirkaneeffadhu.

4. Amma barattoonni cancala tokkummaa ijarratanii jiru haa jennu. Itti aansuun cancala ijaarame kana otoo hinmiidhiin barattoonni suuta suuta akka walharkisan godhi. Haata’u malee, adda faca’uuf yaalii yoo godhan illee wal-gadhiisuu hinqaban jechuudha. Gocha

kanaaf daqiiqaa kudhanii hanga digdamaa kenniif. Barattoonni akka malee walharkisanii akka wal-hinmiineef hordoffiifi to'annoo barbaachisaa ta'e godhiif.

**Hub.** Adeemsa kana keessatti cancala harkaa kana keessaa tokko yoo walgadhiise gareen sun akka irra deebi'ee hojjetu godhi.

5. Xumura gocha kanaatti, taphichi akkam akka ture, cancalli sun akka hindiigamne maaltu akka isaan gargaareefi rakkoo isaan qore yoo jiraate maal akka ta'e gareen akka walii ibsan gaafadhu.
6. Mariin gareewwanii erga raawwatee booda, garee hundumaa walitti dabaluun marii isaanii irraa qabxilee baratan akka walitti himan gaafadhu.
7. muuxannoofi hubannoo hojii garee kana irraa argatan irraa ka'uun rakkoolee waloo hawaasa mudatan furuu keessatti barabaachisummaa gamtaaafi tokkomaan hojjechuu irratti mari'atanii yaada isaanii akka ibsatan jajjabeessi.

**Calaqqee:**

- Barattoonni gamtaafi tokkummaa namoota biroo waliin hojjechuuf dandeettiiwwan akkamii gabbifachuu akka qaban calaqqeen akka himan gaafadhu.

## Laga Ce'uu

**Kaayyoo:**

- Tapha gareen, barbaachisummaa waliin hojjechuun qabu agarsiisuu

**Bu'aa:**

- Barattoota dandeettii waliin dubbiifi walgargaarsaa kan galma waliinii gabbifatan.

**Wantoota barbaachisan:**

- Gaazexaaawwan durii
- Waraqaa

**Gochaalee:**

1. Barattoota hunda ykn hirmaattota iddoo mijitaa qabdu irratti hundaa'uun garee 8 hanga 16 hundeessi. Tokkoon tokkoon garee tiif laga irratti iddoo mijitaa meetira 2 x 6 ta'e qopheessi.
2. **Taphicha:** Qarqara lagichaa isaanitti argisiifaman irratti gaazetaa afur akka ''***lafa cittuu bishaaniin marfamee jirutti***'' bishaan gidduu buusi. Dabalatan tokkoon tokkoon gareen waraqaa cituu akka dhagaatti ilaalamu kenniifi. Gareen tokko milkaa'e kan jedhamu gaafa miseensonni garee tokkoo hundi qarqara laga tokko irraa gara qarqara

laga isa birootti yoo ce'anidha. Miseessonni garee sanaa hundi lafa cittuu bishaniin marfamee jiru sana muraasa irra yoo qubatan/dhaabbatan sirriitti hojjechuu isaanii mul'isa.

3. **Seera taphichaa:** Atiifi miseensonni garee kee qarqara laga gama tokkoo kan summaa'aafi lubbu qabeeyyii of keessaa hinqabne irra jirudha. Qaamani namaa yookiin uffatni namaa bishan summa'aa sana yoo tuqee battalumatti nama sana ajjeesa! Tokkoon tokkoon miseensa garee keetii qarqara laga summa'aa kana irraa gara isa birootti ce'u. Daqiiqaa digdamati kennameefi.
    - Uffatni, qaamni keenyaafi meeshaaleen adda addaa namni itti fayyadamu bishaan sana xuqu hin qabu. Bishaan sana keessa wantonni adda addaa yoo bu'ee mi-idhaaf saaxilamu. Garuu dhagaafi cabbii qofati lagicha keessaa mullata.
    - Cabbiifi dhagaa lagicha keessa jiran xuquun ni danda'aama.
    - Cabbiin bishaanicha keessaa jiru socho'uu dhiisuu danda'a.
    - Dhagaan bishaan keessaa socho'uu hindanda'u.

4. Gareen hundi tapha akkuma eegalaniin itti dhiyeenyaan jijjiirama isaan agarsiisan hor-doffii taasisuu. Wantoonni irratti xiyyeeffatamuufi dawwaatamuu qaban:

    - Haasawa al tokko gaggeeffamuuf saa'atii hangam itti fudhate?
    - Namni dubbachuuf yaale hunduu dhageettii argateeraa?
    - Yeroo namoonni akkas haa goonu jechaa turan, namni deebii kenne jiraa? (yookiin yaadni namootaa dhaggeefatamee jiraa?)
    - Karoorri ba'e jiraa? Karooricha eenyutu jalqabe? Namoota meeqatu karooricha ijaaruu keessatti hirmaate?
    - Furmaata sirrii argachuuf walii gateen tureeraa?
    - Barattoota keessaa namni akka jaarsaatti namoota wal faallessaa turan gidduu ture jiraa?
    - Walii galtee irra akkamitti ga'ame? Garichi osoo karoora hojiitti hin hiikiin wal hu-batee walii galtee irrra ga'uu mirkaneeffateeraa?
    - Karoorichi akkamitti akka jalqabaniifi xumuran sirriitti ni ibsa turee?
    - Hogganaa tokko moo hoggantoota baay'eetu garee tokko keessa ture? Hogganaan akkamitti filatame? Hogganichi hordofameeraa?
    - Namonni wal gargaaruufi qaamaan wal deeggaruuf hangam namoota birootti of amanachaa turan?
    - Galmicha bira ga'ameeraa? Saa'atii hammamii itti fudhate? Galma tokko ga'uuf yookiin ga'uu dhiisuuf furtuun maalidha?

5. Gilgaala kana xumuruun booda, waan barattoonni hojjetan gaafadhu.

- Yeroo taphichaa maal argitan?
- Muuxannicha irraa maal barachuu dandeenya?

## Calaqqee yaadaa:

- Haalota jireenyaa sirrii keessatti maal akka baranne, akkamitti hojiirra akka oolchinu barattaootni akka barreessan gaafadhu.

Agarsiisa Aadaa waloo

**Kaayyoo:**

- Barattoonni duudhaalee, walitti dhufeenya aadaa garaagaraafi shaakaloota adda addaa taasisuun faayidaa inni qabu qabatamaan mul'isuu.

**Bu'aalee:**

- Barattoonnii aadaafi duudhaalee garaagaraa jiru shaakaluun kabaja barbaarchisu hubatan
- Barattoonni walitti dhufeenya aadaafi duudhaa gargaagaraa horachuun bifa shaakalaan agarsiisu

**Wantoota barbaachisan:**

- Burcuqqoo bishaanii muraasa
- Karameellaa muraasa
- Damee baala qabu kan gammachuuf ooluufi meeshaalee biroo qabachuuf ta'an
- Taa'umsa hirkoo

**Gocha:**

1. Barattoonni hawaasa daawwatan aadaafi duudhaalee garaagaraa akka qaban ni-hubatu. Haaluma kanaan barattoonni gahee isaan irraa eegamu sirriitti niba'u.
2. Barattoota garee lama (2ti) qooduun miseensa 8 hanga 10 qaban (saala dhiiraafi dubara) irraa hundeessuu.

   Haaluma kanaan hawaasa kutaalee adda addaa keessa jiraatan aadaafi duudhaa garaagaraa qaban akka daawwatanii hubannoo argatan taasisi. Barattootni kanneen hafan immoo hawaasa sana gidduutti walitti dhufeenya mullatu irratti yaadannoo akka qabatan itti himi.
3. Tokkoon tokkoon garee, hawaasa garee lamatti adda baasuun duudhaafi aadaa garaagaraa qaban kopha kophaatti dubbisuun,seenduubeefi amaloota isaanii murta'aa ibsuu. Yeroo isaaniin haasofsiistutti garee adda addaa kanaaf waraqaa ajajaa kan aadaa isaanii ibsuu, ga'eefi ofitti amanamummaa qabaachisu kenniif. Ajajoota lamaan hawaasa Maamaaroo fi Zaambuu armaan gadii ilaali.

**Hawaasa: Maamaaroo**

Hawaasni Maamaaroo hawaasa seenaa bal'aa qabu, kan dubartoonni hogganoniidha. Afaan dubbatamu hin qaban; walii galuuf sochii arraba isanitti fayyadamu. Arraba isaanii al lama yoo mimilqissan walii galaniiru; altokko yoo milqissan walii hin galle jechuudha.

Nama isaaniin daawwachuu dhaqu dubartootatu harka isaanii gateettii keessummaa irra kaa'uun nagaa gaafatu. Hamma keessummaan deebii kennuufitti harki isaanii gateettii keessummaa sanaa irra tura.   Dhiironni nama dubbisuu keessatti hin hirmaatan.

Maamaaroon maddiifi eegduun jireenyaa isaanii lafaafi bishaanidha jedhanii amanu, lamaan kuniinis  qulqulluudha jedhu. Dubartoota qofatti hoggantoota ta'a sababni isaas dubartoonni qulquluudha jedhu.Akkasumas, yeroo  wal ga'ii isaanii lafa irra ciisuu,innis namni dhuma jireenyaan booda   lafa waan ta'ufidha.

Qaamota alaatiin hoggantoota isaanii faaluuf muuxannoowwan baay'ee kan qaban, dhiironni nyaataafi dhugaatii  hunda dura kan dhamdhamuun booda fayyadamuu dandeessa jedhanii miila dubartittii jala kaa'u.

**Hawaasa:  Zaambuu**

Hawaasni  Zaambuu  bosona keessa jiraatan waan ta'aniif mukni aangoo nama eebbisuufi fayyisuu qaba jedhanii amanu. Nama isaan dubbisuuf dhaqu gaafa  dubbisan, damee mukaa baala qabu yeroo sadii kennuufii, damichaanis mataa isaanii haxaa'u.

Afaan mataa isaaniitiin walii galu. Jechi 'Moo' walii galteefi 'BO' itti walii hin galle jechuu argisiisa. Yeroo walga'ii idilee akka ijoollee hafuuraa muka sanaatti ilaalamun namni hundi walqixadha jedhanii amanu; taa'umsa ol dheeraa irra taa'uun immoo mallattoo ulfinaati jedhu.

Zaambuun utuu ofii isaaniitii nyaataaf dhugaatii hin dhamdhamin mukaaf dhiyeeessuu.Itti aansuun ofiis nyaatu. Nyaata ofii isaaniitiin afaan hin kaawwatan, afaan wal kaa'uun  wal irraatti hirkatanii  jiraachuu isaanii agarsiisu.

4. Tokkoon tokkoon gareef daqiiqaa kudhan kudhan  qophii aadaafi duudhaa isaanii  akka qindeessanii  qaamolee daawwannaaf dhufaniif  dhiyeessan qopheessi. Garee sadan keessaa immoo namoonni filatamuun garee biroo sadii hundeessuun akka isaan daawwannaa hawaasa biroo marsaa sadiif taasisan carraa kenni.

5. **Daawwannaa Marsaa 1: Daawwannaa jalqabaafi nagaa walgaafachuuf (daqiiqaa 15)** Hawaasni garee lamaanuu namoota isaan dubbisuu dhaqaniif karaalee ittiin baga nagana dhuftan jedhaniifi dubbisan mataa isaanii qabu. Daawwattoonni lamaan  daawwannaa hawaasaa gaggeeffamuuf  filataman akka sirriitti haasofsiisan    gochuu.Daqiiqaa 10 booda daawwattoonni lamaan  of irra deebi'uun waan qindeeffatan garee isaanii waliin dhimmoota yookiin dhuudhaaleefi aadaa  garaagaraa argan irratti akka mar'atan taasisi.

6. **Daawwannaa Marsaa 2: Tartiiba taa'umsaa (daqiiqaa 15)** Daawwattoonni garee lamatti qinda'aan waliin ta'un hawaasa gaaffilee adda addaa gaafatu. Daawwattoonni duudhaa hawaasaa kabajuutu irraa eegama. Daawwattoonni yeroo murta'een booda aadaafi duudhaa hawaasichaatti madaqaa deemuun booda hawaasni nyaata dhiyeessuufii jalqabu. Daqiiqaa 10 booda daawwattoonni gara hawaasa irraa dhufanitti deebi'uun dhuudhaaleefi aadaa garaagaraa argan irratti garee isaanii waliin akka mar'atan taasisi.

   Daawwannaa Marsaa 3: Maaddii hirmaachuu (daqiiqota 15) Marsaa dhumaa irratti, daawwattoonni gareen sadaffaa dhuffuun keessummeessuun cinatti hawaasa waliin dhiyaatan taasisi. Hawaasichi akka aadaafi duudhaa yookiin amantaa isaanitti daawwattotaaf dhiyeessaa.

7. Daqiiqaa 10 booda daawwattootni hawaasa irraa dhufanitti deebi'uun waan haaraa hawaasa sanaa marsaa sadii keessatti arganiifi muuxannoo horatan akka waliif qoodan taasisi.

8. Daawwannaan marsaa sadanuu akkuma goolabameen, barttootni iddoo tokkotti walitti dhufuun tokkoon tokkoo hawaasa kanaa yeroo daawwatanitti maaltu akka ta'aa tureefi muuxannoo hawaasa kana irraa baratan akka waliif qoodan itti himi. Itti aansuun hawaasni biroos yookiin hawaasni inni hafe seenduubee isaanii karaa amantii, duudhaafi amaloota hawaasichaa bu'uura godhachuun akka ibsan itti himi. Garaagarummaa jijjiirama karaa koornayaa, gochaalee amantaawwan adda addaafi aadaa hawaasa garee lamaan gidduu jiru irratti akka mari'atan taasisi.

9. Barattootni garee biraa irraa nama barbaaddachuun waan bu'uuraa irraa baratan mari'achuun barattoonni waan baratan akka waliif qoodan godhi.

10. Aadaa hawaasa biroo kabajuu keesatti maaltu barbaachisaadha jedhanii akka isaan yaadaniifi garaagarummaa isa kamtu ulfaataafi yeroo garaagarummaan jirutti akkamiin walii galuun akka danda'amu irratti mari'adhaa.

**Calaqqqee yaadaa:**

- Barattoonni dabtara barnootaa isaanii irratti yaadota, aadaafi amantaa garaa garaa arginu maal gochuu akka qaban irratti yaadannoo /xalayaa/ akka waliif barreessan taasisi.

## Pirojektota Hirmaannaa Hawaasaa

* Gochi kun barattoota daree wajjin yookiin akka gumii mana barumsaatti adeemsifamuu danda'a.

**Kaayyoo:**

- Piroojektii jijjiiraa hawaasa sirrii saxaxuuf
- Gadi fageenyaan yaaduufi dandeettii furmaata waarawa fidu akka addunyaatti hojiirra oolchuu

**Bu'aalee:**

- Barattootni rakkoo hawaasa isaanii keessa jiruuf furmaata xiinxalan, madaalan, akkasumas saxaxan.
- Barattootni gochaalee jijjiirama sirrii ta'e hawaasa gidduutti uumuu akka danda'an beekaniiru.

**Wantoota barbaachisan:**

- Meeshaan adda ba'ee kan barbaachisu hin jiru

**Gocha:**

1. Barattootni piroojektii rakkoo yookiin haala hawaasa isaanii keesssaa jijjiiruuf gargaaru qabatanii akka dhufan gaafadhu – kan mana barumsaa, maatii, ollaa, magaalaa, yookiin biyya isaanii ta'uu danda'a. Piroojektichi saa'atii adda ba'eef keessatti xumuramuu qaba, jechuunis ji'oota muraasaa keessatti kan xumuramu ta'uu qaba. Barattootni garee guddaa yookiin akka piroojektii dareetti hojjechuu danda'u.

2. Piroojektoonni tokko tokko akka sagantaa sirriitti jalqabamuuf gargaarsa hoggantoota mana barumsaa, maatiifi hoggantoota hawaasaa barbaadu. Kunimmoo barattootni hedduunis piroojekticha keessatti akka hirmaatan gochuu ni danda'a. Wantoota tokko tokkos piroojektichaaf eeguun barbaachisaadha.

3. Piroojektichi ulaagaa murta'a kan barattoonni qabaachuu qaban kanneen armaan gaditti tarreeffamanidha. Isaanis:

    - Hawwaasa garaa garaa hirmaachisuu
    - Cimaa fi ifaa ta'u danda'a
    - Shaakaloota naamusaan hojjetaman ta'u
    - Haalota murta'a ta'an jijjiiruuf kan gargaaru
    - Argannoo kan ta'e
    - Furmaati kan irraa argamu

4. Qophii addaa qopheessuun maatiiwwaniifi keessummoota addaa affeeruun barattootni piroojektiiwwan isaanii akka dhiyeessan godhi.

**Calaqqee yaadaa:**

- Muuxannoo kanarraa maal akka baratan barattoota gaafachuu. Barattoonni yeroo itti aanutti immoo maal akka hojjechuu qaban addaan baasanii akka beekan hubachiisi.

## Nageenya hawaasaaf marii dhaloota gidduu

**Kaayyoo:**

- Maanguddootaafi hoggantoota waliin haasawaa dhaloota gidduutti dhimmoota waloo taan irratti hirmaachuuf.

**Bu'aalee:**

- Barattoonni waa'ee seenaa hawaasa isaanii kallattii garaagaraan ilaaluu danda'an horatame.
- Barattootni dhimmoota hawaasaa irratti hoggantootaa wajjin mari'ataniiru.

**Wantoota barbaachisan:**

- Xalayaa affeeraa sagantichaa(haasawaa)
- Haala mijeesittoota
- Gaaffilee yookiin qabxiilee hawaasicha mariyachiisuuf oolan
- Hojii aartiifi poosteroota agarsiisa kuusaa suuraa, dhiyeessiiwwaniifi kkf

**Gocha:**

1. Hirmaannaa hawaasaafi barttootan gochicha iddoo mijataa ta'etti akka qophaa'u taasisi. Innis, mana barumsaa, galma hawaasaa, galma mootummaa naannoo, fi kkf ta'uu danda'a. Waraqaan affeerraa namootaa qaamolee hawaasaa adda addaaf qopheessuun kaayyolee isaa hawaasaaf ifa gochuu. Dabalatan, fedhii dura bu'oota hawaasaaf iddoo kennuun bifa hiika qabeessa ta'een marii raawwachuun barbaachisaadha.

2. Kunis hojiiwwan keessatti hammatamu irratti hunda'uun, gocha sa'aatti 1:30-3:00 fudhata jedhamee karoorfamuu danda'a. Waliigaltee namoota hirmaataniin mata dureen xiyyeeffannoo barbaadan adda baasuun nidanda'ama. Innis, bu'uura fayyadamummaa hawaasaa irratti xiyyeeffachuun ta'a.

3. Haasawichi marii walitti naanna'anii gaggeeffamuun ta'u danda'a. Paaneelii sadarkaa addunyaa tokkoof-tokkoon yookiin gareen haasa'uun yookiin bifa hawwataafi dhangeettii qabaachuu danda'un raawwatamuu qaba.

4. Nama haasawicha taasisuufi hirmaattonni walii isaanii waliin qixaan hirmaachuu. Haasawaa isaanii waliif qooduu. Namni haasawa baniissaa taasisu dhimmoota dhiyaatan irratti gadi fageenyaan akka hirmaatan gochuu. Barbaachisumaa hirmaaannaa dargaggootaa hubachuf akka ta'utti iddoo gaarii qopheessu. Haala mijeessu tokko yookiin lama ni barbaachisa. Dabalatan maanguddoo hirmaachisuun barbaachisaadha.

5. Tarsiimoowwan hammatamamuu qaban kan biroos itti dabaluun barattoonni hundi agarsiisa aartiifi poosteraa raawwachuu qabu.Akkasumas, mata duree sanaa waliin

waan wal qabatu dargaggoota achi keessa jiraniin ibsi qophaa'u qaba. Haasawicha kan ijaaruu danda'u hunda gochuun yaada isaanii ibsachuu isaanii mirkaneeffachuu.

6. Haasawaan akkasii dargaggootni hawaasa isaanii keessatti akka hirmaataniif carraa banuun hamma piroojektoota xixiqqoo yookiin waan biroo kan dargaggootni ittiin hooggansa fudhatan hojiitti hiikuuf carraa kenna.

7. Barattootaa wajjin waa'ee gochichaa akka isaan eegan ta'uufii, rakkoolee isaan mudatan, wanti addaa hojjetameefi wantota biroo isaan achirraa argatan wal gaggaafachuun barbaachisaadha.

**Calaqqee yaadaa:**

- Barattoonni muuxannoo guddaa isaan kanarraa fudhataniifi yeroo itti aanutti immoo waan addaa isaan hojjechuu danda'an akka addaan ba'aaniif gaafadhu.

## Galmoota Gurguddoo Guddina Ittifufiinsaa 2022/ 2030

(World's Largest Lesson http://worldslargestlesson.globalgoals.org/all-lesson-plans/ irraa fooyya'ee fudhatame)

**Kaayyoo:**

- Rakkoolee gurguddoo akka addunyaatti namoota mudatan qoqqooduu, gullantaa gulantaatti hiruu.
- Karaalee namni tokko Galmoota Guddina Ittifufiinsa(SDGs) keessatti qooda fudhachuu danda'u ifa taasisuu.

**Bu'aalee:**

- Barattoonni Galmoota Guddina Ittifufiinsaa keessatti akkamitti rakkoolee ijoo addunyaa mudatan gochaan furuu dandeessisu.

**Wantoota barbaachisan:**

- Poostera SDG, yoo danda'ame (suuraa armaan gadii ilaali)
- Gabatee gurraachaafi waraqaa
- Boronqii yookiin kobbee
- Dabtara yaadannoo barattootaa, waraqaa
- Akka filannootti: dabtara qabsiisaa isa xiqqoo

**Gocha:**

1. Yeroo barannoo kana jalqabdutti gaaffii armaan gadii gabatee gurraacha irratti qubee gurguddaan barreessi – "Rakkoo guddaan namoota Itiyoophiyaa quunname maalidha?"

2. Barattootni gaafficha irratti yaaduun yoo xiqqaate deebii 3, 3 akka kennan godhi. Barattootni deebiiwwan garaa garaa kana waliif qooduun gabatee gurraacha irratti deebii tokko osoo irra hinhanbisiin akka barreessan godhi. Yoo barbaadde dabtara qabsiisa

xiqqoo 3 qopheessuun erga achirratti walitti fiduun tarreessanii booda gabatee gurraacha irratti garaagalchuu dandeessa.

3. Galmoota Guddina Ittifufiinsa (SDGs)seenaan jalqabi. Poostera yookiin suuraa Galmoota Guddina Ittifufiinsaa, 17 n armaan gadii qabaachuun sin gargaaruu danda'a (suuraa armaan gadii ilaali). Tokkoon tokkoon qabxiilee kanaa maal akka ta'e gaafachuun ibsa akka irratti kennan godhi.

4. Barattoota gareewwan miseensota 4-6 qabanitti gurmeessuun, gaaffilee poostera/gabatee gurraacha irra jiran keessaa 5 akka filatan godhi. Tokkoon tokkoo rakkoolee kanaaf SDGs itti firoomsuu. Gareen tokko rakkoo tokkoof SDGs itti firoomu akka dareef qooduuf yeroo kenniif.

5. Hirmaattotni gaaffilee akka "SDGs maaliif barbaachise, maaliif fayyada?" Jedhu irratti akka irratti dudubbatan godhi. Idoo isaan irratti yaada isaanii waliif qoodan qopheessiif. Gaaffileen armaan gadii haasawichi bal'inaaan akka adeemsifamu gochuu danda'u:

   - Galmoota Guddina Ittifufiinsaa ga'uuf biyyoonni gamtoomuun maaliif barbaachise?
   - Biyya keessatti SDGs hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa kan qabu eenyudha? Garee kam? Dhaabbilee kam?
   - Yeroo wantoonni bu'uura jireenya dhala namaa hin guunneefitti dhimmoonni hawaasa keenya miidhan maal fa'a?
   - Dhimmoonni guddinaa akkamitti waldhabdeewwaniifi jeequmsa biyya keessatti babal'isu?

6. SDGs galmaan ga'uu keessatti barattootni hunduu hirmaachuu akka qabaniifi dhaabbileen itti gaafatama murta'aa ta'e qabanis akka jiran hubachuu akka danda'an hubachiisi.

**Calaqqee yaadaa:**

- Xumura barannoo kanaatti barattootni SDG isa kam keessatti hirmaachuu akka fedhaniifi torban kana waan gochuu danda'an akka karoorsaniif itti himi.




Madda: United Nations, *SDG Poster,* https://www.un.org/sustainabledevelopment/news/communications-material/ irratti argama (5 Ebla 2019 fudhatame)

SDGs bal'inaan hubachuuf https://www.un.org/sustainabledevelopment/sustainable-development-goals/

***"Pilaaneetii tokko qofa qabna. Idoo deemnu kan biraa hin qabnu. Aangoo waa uumuu keenyaatti yoo dhimmi baane iddoo dhaqnu kan biraas hin barbaadnu. Yoo walii keenyaafi waan qabnu hunda kunuunsine wanti nuti barbaadnu hundinuu kunooti."***

## Filannoo Fakkeessaa (Mock Election)

**Kaayyoo:**

- Qoosaatiin itti gaafatamummaa bu'aa dimokiraasii shaakaluu.

**Bu'aalee:**

- Barattootni carraaleefi rakkoolee diimokiraasii shaakaluun hubataniiru
- Barattootni waan fedhaniifi namoonni biraan barbaadan barreessanii rakkoolee isaan mudateef furmaata waan ta'u yaadaniiru.

**Wantoota barbaachisan:**

- Waraqaa korojoo keessa godhamu fi kobbeewwan yookiin qubeessaa
- (Yoo barbaachise) Sanduuqa (akka korojootti)

**Gocha:**

1. Barattoonni fedhii isaaniitiin mana maree gandaaf shaakala filannoo akka adeemsisan gaafadhu.

   Ga'eewwaniifi itti gaafatamummaan:

   - **Kaadhiamtoota** (barattoota 2-4 akka kaadhimamtootatti) Isaan kun kaadhiamtoota falatamuuf dhaabatanidha
   - **Garee Kaampii Kaadhimamtootaa** (kaadhimamaa tokkoof barattoota 5) Gareen kaadhimamtootaa kun ergama murteessaa kaadhimamicha eeguun deggaruufi akka itti filatamuuf  addaan baasu):
   - **Gorsaa Imaammattootaa** (kaadhimamaa tokkoof barataa 1) kaadhimamaan dhimoota imaammataa hundee ta'an 3 fi rakkoolee hawaasaa inni furuu danda'u akkanni addaan baasu gargaaruuf itti gaafatama qaba)
   - **Deeggartoota Kaadhimamtootaa** (kaadhimamaa tokkoof barattoota 5) Deeggartootni ciccimoon kaadhimamtoota kanaa yaadota mormii kaadhimamtoota kanaa ilaaluun tokko deeggaruuf fedhii qabaatu.
   - **Koree Filannoo** (barattoota 3) Filannoo bilisaafi haqa qabeessaa gaggeessuuf itti gaafatama qabu.
   - **Xiinxalaa Mirgoota Qaama Miidhatootaa** (barataa 1) Mirgootni qaama miidhatootaa imaammattoota angafoota hanga 3tti jiran keessa akka galuuf barbaada.
   - **Garee Ispoortiifi Dargaggootaa** (barattoota 5) Hawaasichaaf istaadiyeemiin ispoortii haaraan akka ijaaramu barbaadu.
   - **Komattoota** (barattoota 2) Isaan kun warra filannoo kanarraa abdii dhabaniifi adeemsa sirrii miti jedhanii adeemsa filannichaatti quba qabanidha.
   - **Uummata Waliif faallaa** (Barattoota hafan hunda) Filattoota hin murtoofne kan kaadhimamtootni na filadhaa jedhanii amansiisuuf yaalanidha.

2. Shaakala filannoo ulaagaalee armaan gadii qabu adeemsisi:

   - Karoorsuu: Erga itti gaafatamtootni guutamanii, gareewwan kun filannoof akka karoorsanii fi qophaa'aniif daqiiqaa 15 kenniif.
   - Wayitii Kaampii: Warra kaampiif daqiiqaa 15 kenniif.
   - Sagalee filannoo: Tokkoon tokkoo miseensa hawaasaa kun sagalee 1 qaba. Waraqaan korojoo lakkoofsa kaadhimamaan tokko ittiin beekamu qabate sagalee kennitoota irraa sassaabamuun (saandduqni yoo jiraate keessa godhama) koree filannoof kennama.
   - Bu'aa Filannoo: Koreen filannoo kaadhimamaa filannicha injifate beeksisa.
   - Haasawaa Fudhannaa: Haasawaa kaadhimamtoota kufaniifi darbanii taasifamudha.

3. Erga dubbiin filannoo goolabamee, barattoota itti gaafatamummaa garaa garaa turan ir-

raa mudannoon addaa isaan mudate akka barattootaaf qoodan. Yeroo filannoo maaltu akka itti dhagahame, maaltu akka hojjetamee fi hin hojjetamiin hafe barattootaaf akka qoodan taasisi. Muuxannoo tapha filannoo kana irraa maal akka barachuu dandeenyu barattoota gaafadhu. Filannoon uummataan akka ta'uuf maaltu gargaaruu danda'a.

**Calaqqee yaadaa:**

- Barattootni filannoof kan ga'an yoo ta'e ulaagaa isaan ittiin kaadhimamaa tokko filatan dabtara isaanii irratti akka barreessaniif gaafadhu.

## Guyyoota Hedduumina Aadaa

**Kaayyoo:**

- Walfakkeenyaafi garaagarummaa aadaawwan gidduu jiru madaaluuf.

**Bu'aalee:**

- Barattootni beekumsa aadaawwan biroo muuxannoo bal'ifataniiru.
- Barattoonni garaagarummaa ajaa'ibiifachuufi kabaja guddifataniiru.

**Wantoota barbaachisan:**

- Akka filannootti: Argii/screen waa itttiin argisiisan, dhiyeessa, muuziqaa, minjaala baazaarichaaf

**Godha:**

1. Guyyootni kabaja aadaa carraa gaarii ittiin aadaa yookiin amantaa hawaasaa ittiin hubannuufi irraa hubannoo qooddannudha. Guyyichi nyaata, duudhaalee, muuziqaafi sirboota aadaa, akkasumas qabiyyeewwan sirrii : aadaa, amantaafi dinagdee hawaasa garaagaraa argisiisuu danda'a.
2. Yoo barattoonni kee seenduubee aadaa garaagaraa hin qaban ta'e, kun aadaa yookiin hawaasota garaa garaa barachuufi hawaasa sana sagantaa kana irratti bakka bu'uufi ibsuuf carraa jalqabaa isaanii ta'uu danda'a.
3. Kun carraa ittiin barattoonni kee sagantaa tokko akka qopheessan isaan barsiistudha. Qabiyyeewwan sagantaa sanaa siwajjiin mari'achuun qindeessuutu irra jira.

   Hirmaannaa sagantichaaf waraqaa affeerraa maatiif, hiriyootaafi qaamota naannoo jiraniif erguun akka haala gaariin hirmaatan taasisi. Yoo barattootni wantoota sagantaa sanaaf barbaachisan argachuuf rakkatan, hoggantoota hawaasaa akka quunnamaniif isaanitti himi.
4. Saganticha irratti aadaawwan garaagaraa baay'ee kabajaa jirtu yoo ta'e, carraan ' agarsiisa hojjechuu. Tokkoon tokkoo garee fuulduratti ba'uun argisiisuun gammachuufi muuziqaawwan aadaa garaagaraa itti hirmaattan qabaachuu. Yerooma tokkotti agarsiisniifi dhiyeessi qophiiwwan garaagaraa waltajjichaa jiraachuus ni danda'a.

**Calaqqee yaadaa:**

- Waa'ee sagantichaa, qophicha akkam akka tureefi aadaawwan garaagaraa irraa maal akka baratan barattoonni irratti mariyadhaa. Waan baratan dabtara yaadannoo isaanii irratti akka barreessaniif itti himaa.

## Ijaarsa Gumii Nageenyaa

(Peace Club Guidelines (2014) irraa kan fudhatame: National Cohesion and Integration Commission (NCIC) & Ministry of Education, Science and Technology Kenya.)

**Kaayyoo:**

- Karaa jireenya qabatamaa nageenya, kabajaafi garaagaraumaa akka jajjabeessinuuf.
- Maloota barnootaa fayyadamuun waldhabdeefi walii galtee dhaabuun mana barumsaa keessaafi alatti mudatan raaguu.

**Bu'aa:**

- Barattoonni rakkoolee waliinii raaguufi sammuu hawaasaa guddisuu, walwajjiin hojjachuu horatan .

Gumiin karaa cimaa barattoonni daree barnootaa isaaniitiin alattilleee hojjechun hariiroowwan gaarii, kabajaafi walii isaanii, manneen barnootaafi hawaasa ollaa gidduutti wal danda'anii walii wajjin jiraachuu ittiin gabbifatanidha.

Gumiileen kunneen barattoonni namusummaa akka fidaniif karaa ejjonnoo qabu itti argisiisuun sanyii dinqisiifannaa garaagarummaafi wal danda'iinsaa kan hoggantootni garaagarummaa sanyii, qomoofi amantaa tokko malee kabajaan akka waliin jiraatan dandeessisu dhaabaa jiru. Gumiileen kun namoonni ga'eessonni hawaasa daneessa kana keessa jiraatan garaagarummaa kabajuu akka danda'an karaa agarsiisuu qabu.

**Caasaa:** Gareen hoggansa barattoota gumii kana keessatti hirmaachuuf fedhii qaban keessaa filatamuu qabu. Barsiisonni ijoolleen durbaa, qaamaa miidhamtootniifi warreen namni isaan qoodaniifi gareewwan xiqqoon hawaasaa akka keessatti hirmaatan gochuu qabu.

**Walga'ii:** Hoggantoonniifi miseensonni gumii hojii isaanii hojiitti hiikuuf wal ga'ii karoora dhaabbataa ta'e qabaachuu qabu. Marsaan wal ga'ichaa akkuma kan gumiiwwan biroo wal fakkaataa ta'uu danda'a.

**Sagantaalee:** Miseensonni gumii kana dandeettiiwwaniifi sonaalee mana barumsaa keessatti baratan gadi ba'anii hojiitti hiikuun hawaasa bal'aa sana qaqqabuu qabu. Karaa sagantaa uummata qaqqabuu kanaa miseensonni gumii miseensota hawaasaa waliin hariiroo cimaa, kabajaafi nagaan waliin jiraachuu uumuu ni danda'u. Sagantaan hawasaa alaa qaqqabuu kun hariiroowwan mana barumsaafi hawaasa gidduutti gabbisuu danda'a. Qabxiileen armaan gadii sagantaalee hawaasa alaa qaqqabuu miseensonni gumichaa ergaa dhaabbilee barnootaa keessaafi alaan ga'uuf fayyadamanidha:

- Walga'iifi Sagantaalee Hawaasaa keesatti hirmaachuu
- Guyyoota Biyyoolessaafi Addunyyaa akka Guyyoota daa'immanii, dafqaan bulaa fi dargaggootaa kabajuu
- Dalagaalee Naannoo Qulqulleessuu Qindeessuu
- Hundeeffama Mooraa /yookiin  Shaakala Uumamaa
- Tajaajila Hawaasaafi Tola Ooltummaa
- Fooremii Haasawaa Qindeessuu
- Imaltootaafi Atileetotaa

# Wabiilee

Alliance for Peacebuilding. (2013). *Selected Definitions of Peacebuilding.* https://allianceforpeacebuilding.org/2013/08/selected-definitions-of-peacebuilding/ irraa fudhatame.

Anderson, R. D. (2002). Saayinsii barsiisuu haaromsuu: Waa'ee gaaffii qorannoon maal jedha? *Journal of Science Teacher Education*, 13(1), 1-12.

Arigatou Foundation. (2015). *Report on the Systematic Implementation, Monitoring and Evaluation of the Learning to Live Together Programme in Kenya.* Geneva: Arigatou Foundation.

Arigatou International. (2008). *Learning to Live Together: An Intercultural and Interfaith Programme for Ethics Education.* https://ethicseducationforchildren.org/images/zdocs/Learning-to-Live-Together-En.pdf irraa fudhatame

Asian-Pacific Cultural Center for UNESCO. (2012). History of Hope. http://www.accu.or.jp/esd/hope/ irraa fudhatame

Barrow, A. (2010). UN Security Council Resolutions 1325 and1820: koornayaa waldhabdee humna waraanaa fi seera namoomaa International ijaaruu. *International Review of the Red Cross*, 92, 877. https://www.icrc.org/en/doc/assets/files/other/irrc-877-barrow.pdf irraa fudhatame

Beasley, C. (1999). *What is Feminism?: An Introduction to Feminist Theory.* London: Sage.

Bloom, E. Hill, F., & Krathwohol, D. (1956). *The Classification of Educational Goals. Handbook I: Cognitive Domain*. New York, Longmans.

Bowker, Lee Harrington (ed.) (1998). Masculinities and Violence. London, New Delhi: Sage.

Boyle, Elizabeth H. and Kristin Carbone-Lopez. (2006). Caasaa Sochii fi Ibsoota Dubartoota Afirikaa Mormii Kittaannaa Shamarraniif. *International Journal of Comparative Sociology*, 47, 435-65.

Brahm, E. (2003). Conflict Stages. In G. Burgess and H. Burgess (Eds.), *Beyond Intractability. Conflict Information Consortium*. University of Colorado, Boulder. https://www.beyondintractability.org/essay/conflict-stages irraa fudhatame

Buchbinder, D. (2013). *Studying Men and Masculinities.* New York: Routledge.

Caritas Internationalis. (2002). *Peacebuilding: A Caritas Training Manual*. Vatican City, Caritas. http://www.eprpinformation.org/wp-content/uploads/peacebuilding-caritas-training-manual-1of3-1.pdf

Center for Development Consulting. (2011). Qorannoo Ga'umsa Biyyoolessaa Jeequmsa Koornayaa irratti Hundaa'ee(GBV) mana barumsaa keessattii Ittisuu fi Deebii Kennuu. Finfinnee, Itiyoophiyaa.

Cockburn, C. (2004). The Continuum of Violence: Ilaalcha Koornayaa Waraanaa fi Nageenya irrattii. In W. Giles and J. Hyndman (Eds.), *Sites of Violence: Gender and Conflict* Zones, 24-44. Los Angeles: Maxxansaa Yuuniversiitii Kaalefoorniyaa.

Connell, R.W. (2005). *Masculinities* (2nd ed.). Berkeley, CA: University of California Press.

Connell, R.W. and Messerschmidt, J.W. (2005). Hegemonic Masculinity. Rethinking the Concept. In *Gender & Society,* 19(6), 829-859. https://student.cc.uoc.gr/uploadFiles/181-KMMK397/Connell%20and%20Messerschmidt-Hegemonic%20masculinity.pdf irraa fudhatame

Covey, S. (2013). 7 *Habits of Highly Effective People*. New York, NY: Simon & Schuster.

Dart, J. J. and Davies, R. J. (2003). Meeshaa madaallii dubbii seenaa irratt hundaa'e: Mala jijjiiraa guddaa isa olaanaa*, American Journal of Evaluation*, 24(2), 137-155.

Druckman. D. (2007). Waliigaltee akka yaadrimeen International jedhutti. In I. W. Zartman (ed.), *Peacemaking in International conflict: Methods and Techniques,* 111-162. Washington: USIP Press Book.

Engdaw, T. (2018). *Peace Education for Youth Violence Prevention in Africa: Holistic and*

*Integrated Approach*, *Case Study of Ethiopian Schools*. Germany: LAP LAMBERT Academic Publishing.

Enloe, C. (2004). *The Curious Feminist: Searching for Women in The New Age of Empire*.

London: University of California Press.

Fisher, S., Abdi, D.I., Ludin, J., Smith, R., Williams, S. & Williams, S. (2000). *Working with Conflict: Skills and Strategies for Action. Responding to Conflict.* London: Zed Books.

Fountain, S. (1999). *Peace Education in UNICEF* (Working Paper). https://www.unicef.org/lifeskills/files/PeaceEducationUNICEF.pdf irraa fudhatame

Freire, FUULA (1970). *Pedagogy of the Oppressed*. New York, NY: Continuum.

Galtung, J. (1969). Jeequmsa, , fi qorannaa . *Journal of Peace Research*, 6(3), 167-191.

Galtung, J. (1990). Jeequsa aadaa. *Journal of Peace Research*, 27(3), 291-305.

Giles, W. and Hyndman, J. (Eds.). (2004). *Sites of Violence: Gender and Conflict Zones*.

Berkeley: University of California Press.

Gra, J. L. (2016). *Commodity Systems Assessment Methodology for Value Chain Problem and Project Identification*. http://repiica.iica.int/docs/B4232i/B4232i.pdf irraa fudhatame

Hart, R. (1992). *Children's Participation from Tokenism to Citizenshifuula* Florence: UNICEF Innocent Research Centre.

Hart. R. (1997). *Children's Participation: The Theory and Practice of Involving Young Citizens in Community Development and Environmental Care*. New York, UNICEF.

IOM. (2017). Durable Solutions Strategy 2017-2020: Tarsiimoo Furmaatilee Yeroo Dheeraa

Mootummaa Itiyoophiyaa Naannoo Sumaalee. https://www.humanitarianresponse.info/sites/www.humanitarianresponse.info/files/documents/files/171117_final-durable_solutions_strategy_for_somali_region_2017-2020.pdf irraa fudhatame

IOM. (2019). *Category: Ethiopia.*https://www.globaldtm.info/category/east-africa/ethiopia/ irraa fudhatame

IIRR. (2009). *Culture at Crossroads: Ethiopian women in peace-building*. Nairobi, Kenya:

International Institute of Rural Reconstruction. http://docplayer.net/38763416-Culture-at-crossroads-ethiopian-women-in-peace-building.html irraa fudhatame

Johnson- Freese, J. (2019). *Women, Peace and Security: An introduction*. New York, NY: Routledge.

Kolb, D.A. (1984). *Experiential Learning: Experience as the Source of Learning and Development.* New York, NY: Prentice Hall.

Leal, S. (2016, March 8). 6 Matriarchies Still Functioning Today. *Marie Claire.* https://www.marieclaire.com/culture/a19105/matriarchies-still-exist-today/ irraa fudhatame

Lerner, G. (1986). *The Creation of Patriarchy.* New York, NY: Oxford University Press.

Lerner, K. L., Lerner, B. W., & Lerner, A. W. (2007). Dhimma Koornayaa fi Wal quunnamtii

Saalaa : Essential Primary Sources. Thomson Gale.

Dhaabbata Jireenyaa & ,  fi Giddugala. (2016). *Making Peace in Ethiopia: Nine Cases of Traditional Mechanisms of Conflict Resolution*.

Miller, C. E. (2005). *A Glossary of Terms and Concepts in Peace and Conflict Studies* (2nd ed.). University for Peace. http://twbonline.pbworks.com/f/Peace+and+Conflict+Studies+Glossary.pdf irraa fudhatame

Ndura, E. (2003). Is it A Multicultural Education Instructor's Reflective Self-Analysis: Rakkoo Barsiisuu fi Barachuu Arguu. *Multicultural Education,* 11(2), 42-45. https://files.eric.ed.gov/fulltext/EJ775332.pdf irraa fudhatame

Office of the United Nations High Commissioner for Human Rights. (2006). *Frequently Asked Questions on Human Rights-based Approach to Development Cooperation.* https://www.ohchr.org/Documents/Publications/FAQen.pdf irraa fudhatame

Pavanello S. and Scott-Villiers, FUULA (2013). Conflict resolution and peacebuilding in the drylands in the Greater Horn of Africa. *Technical brief prepared by the Technical Consortium for Building Resilience to Drought in the Horn of Africa hosted by the CGIAR Consortium in partnership with the FAO Investment Centre.* https://cgspace.cgiar.org/bitstream/handle/10568/27612/tc_brief6.pdf?sequence=2 irraa fudhatame

Peace Women. (n.d.). Serbia NAFUULA https://www.peacewomen.org/content/serbia-nap irraa fudhatame

Professional Warranty Service Corporation. (2016). Arbitration vs. Litigation – There IS a Difference!. *Professional Warranty Service Corporation.* https://www.pwsc.com/blog/arbitration-vs-litigation-difference/ irraa fudhatame

Ramsbotham, O., Woodhouse, T., and Miall, H. (2016). *Contemporary Conflict Resolution* ($4^{th}$ ed.). Cambridge: Polity Press.

SADC Centre of Communication for Development Harare and Food and Agriculture

Organization of the United Nations. (2004). Situation Analysis Framework in PRCA.

*Participatory Rural Communication Appraisal: Starting with the People: A Handbook* ($2^{nd}$ ed.).

Scott-Villiers, FUULA, Ungiti, H.B., Kiyana, D., Kullu, M., Orto, T., Reidy, E, and Sora A. (2011). *The Long Conversation: Customary Approaches to Peace Management in Southern Ethiopia and Northern Kenya*. https://www.future-agricultures.org/publications/working-papers-document/the-long-conversation-customary-approaches-to-peace-management/# irraa fudhatame

Sen, A. (2007). *Identity and Violence: The Illusion of Destiny*. New York, NY: W.W Norton & Company.

Tutu, D. (2000). *No Future without Forgiveness*. New York, NY: Doubleday.

UNESCO. (2001). UNESCO Universal Declaration on Cultural Diversity.

http://portal.unesco.org/en/ev.php-URL_ID=13179&URL_DO=DO_TOPIC&URL_SECTION=201.html irraa fudhatame

UNESCO. (2003). *UNESCO's Gender Mainstreaming Implementation Framework: Baseline definitions of key concepts and terms*. http://www.unesco.org/new/fileadmin/MULTIMEDIA/HQ/BSP/GENDER/PDF/1.%20Baseline%20Definitions%20of%20key%20gender-related%20concepts.pdf irraa fudhatame

UNESCO. (2006). *UNESCO Guidelines on Intercultural Education.* Paris: UNESCO.https://unesdoc.unesco.org/ark:/48223/pf0000147878 irraa fudhatame

UNESCO. (2011). *Media and Information Literacy: Curriculum for Teachers.* https://unesdoc.unesco.org/ark:/48223/pf0000192971 irraa fudhatame

UNESCO-IBE. (2012). *General Education System Quality Analysis/Diagnosis Framework (GEQAF).*

http://www.ibe.unesco.org/sites/default/files/resources/geqaf-2012_eng.pdf irraa fudhatame

UNICEF/UNESCO. (2007). *A Human Rights-Based Approach to Education*. https://unesdoc.unesco.org/ark:/48223/pf0000154861 irraa fudhatame

United Nations. (2019). Sustainable Development Goals- Goal 5: Achieve gender equality and empower all women and girls. https://www.un.org/sustainabledevelopment/gender-equality/ irraa fudhatame

United Nations Economic and Social Council. (2010, July 23). *Resolution 2010/29 Mainstreaming a gender perspective into all policies and programmes in the United Nations system.* https://www.un.org/en/ecosoc/docs/2010/res%202010-29.pdf irraa fudhatame

United Nations General Assembly. (1948, December 10). *Universal Declaration of Human Rights* (217 [III} A). Paris. https://www.un.org/en/universal-declaration-human-rights/ irraa fudhatame

United Nations General Assembly. (1989, November 20). *Convention on the Rights of the Child*. United Nations Treaty Series, 1577(12), 3. https://www.ohchr.org/en/professionalinterest/pages/crc.aspx irraa fudhatame

United Nations General Assembly. (1998, January 15). *Resolution adopted by the General Assembly: Culture of Peace* [A/RES/52/13]. https://undocs.org/en/A/RES/52/13 irraa fudhatame

UN Women. (2019). Gender Mainstreaming. https://www.unwomen.org/en/how-we-work/un-system-coordination/gender-mainstreaming irraa fudhatame

Wangari, M. Nobel Lecture. (2004, December 10). *Nobelprize.org.* Nobel Media AB.2014. http://www.nobelprize.org/nobel_prizes/peace/laureates/2004/maathai-lecture-text.html irraa fudhatame

Maanuwaaliin leenjii kun dhimmamtoota ijaarsa nageenya Itoophiyaa irratti kallattiin sirna barnootaa keessattiifi al kallattiin tasgabbiifi nageenya amansiisaa akka jiraatuuf qooda fudhattoonni akka gahee ol aanaa bahan taasisa. Haala qabatamaa Itoophiyaatti kan madaqfameefi haaromfamedha. Maanuwaalichi leenjii kun kaayyoo namoota sanada kana dubbisan gahoomsuufi akkamittiin, maaliif namoonni biroo ijaarsa nageenyaa akka hubatan barbaadamee, odeeffannoo kennuufi jajjabeessuu irratti xiyyeeffata. Madda xiinxala waldhabdeefi ijaarsaa nageenyaa karaalee hawaasa hirmaaachisuufi barattoota giddu galeeffateen kan dhiyaatedha.

Galmi maanuwaalichaa namoota sanada kana dubbisan ga'umsa isaaanii daggaagsuufi guddisuu, jijjiirama amalaa akka horatan, beekumsa, dandeettiifi oggummaa fayyadamuun namoota biroo aadaa deggaruu babal'isuufidha.

Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2021



Graphics & design: Tadesse D